# ADEEMSA RAAWWII AMANTII WAAQEFFANNAA GALMAA GODINA SHAWAA BAHAA AANAA BOOSAT

**NAGAWOO ISHEETUU**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKILORIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKILORII**

**SADAASA, 2014**

**FINFINNEE**

# ADEEMSA RAAWWII AMANTII WAAQEFFANNAA GALMAA GODINA SHAWAA BAHAA AANAA BOOSAT

**NAGAWOO ISHEETUU**

**GORSAAN: MULGEETAA NAGAASAA (PhD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILORIITIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA (FINFINNEE) KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKILORII**

**SADAASA, 2014**

**FINFINNEEE**

**Yuunivarsiitii Finfinnee**

**Dhaabbata Digrii Duraatiin Booddee**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digrii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo barsiisuuf guuttachuuf Nagawoo Isheetuutiin mata duree: Adeemsa Raawwii Amantii Waaqeffannaa Galmaa Godina Shawaa Bahaa Aanaa Boosat jedhu irratti qophaa'e, sadarkaa ulaagaa Yuunivarsiitiin kaa'e guutee jira.

## Koree Qormaataa

Qoraa Alaa ------------------------------------ Mallattoo --------------------Guyyaa -----------------

Qoraa Keessaa ---------------------------------Mallattoo -------------------Guyyaa ------------------

Gorsaa ------------------------------------------ Mallattoo -------------------Guyyaa ------------------

---

Itti gaafatamaa Muummee yookiin Walitti qabaa Sagantaa Digrii Lammaffaa (MA)

# *Axareeraa*

*Kaayyoon qorannoo kanaa adeemsa raawwii amantii waaqeffannaa galmaa Godina Shawaa Bahaa Aanaa Boosat irratti xiyyeeffachuun ragaalee malleen akka daawwannaa, afgaaffiiifi marii gareetiin guuraman ija uummata naannichaatiin xiinxaluudha. Qorannoo kanaaf ka'umsa kan ta'e, amantiin waaqeffannaa galmaa kan ganamaa falaasamaafi beekumsa hedduun badhaadhe umrii dheeraa qabaatee osoo jiruu hanga ammaatti osoo hin barreeffamin, hin qoratamin akkasumas dagatamaa waan jiruuf beekkumsa gabbataa osoo hin tuqamin jiru kana hanga tokko beeksisuufi barreeffamaan kaa'ufidha. Qorannoo kana gaggeessuuf mala qorannoo akkamtaa fayyadamuun namoota waa'ee adeemsa raawwii amantaa waaqefffannaa galmaa nibeeku jedhaman, mala iddatteessuu miti carraan filataman irraa ragaaleen qorannichaa qaaccessa daawwannaa, marii gareefi afgaaffii gargaaramuun funaanamaniiru. Ragaaleen funaanamanis akkaataa wal-fakkeenyaafi galumsa isaaniitti qindeessuun mata-duree itti kennuun xiinxalamaniiru. Qoratichi yaaxxina tajaajilaa bu'uureffachuun faayidaa amantiin waaqeffannaa galmaa hawaasa keessatti qabu xiinxaleera. Adeemsa raawwii amantii waaqeffannaa, haala raawwii isaa, horata isaa, yoomessa raawwii isaa, dhiibbaa yookiin gufuu amantii waaqeffannaa, haala yookiin sadarkaa yeroo ammaa amantiin waaqeffannaa irra jiru, akkasumas eebbawwaniifi faaruuwwan amantii waaqeffannaa galmaa achi keessatti argaman ergaan isaanii sakatta'amuun xiinxalamanii jiru.*

*Argannoowwan qorannichaas amantiin waaqeffannaa galmaa adeemsa mataasaa kan qabu, yeroofi safuu hawaasaa eegee kan raawwatamu, qooda fudhattoonni isaa baay'inaan dargaggoota ta'uufi amantiin waaqeffannaa galmaa kun dhaabbiidhaan torbanitti yeroo lama Dilbataafi Jimaata kan gaggeeffamu ta'uu isaa bira gahameera. Kana malees, amantiin waaqeffannaa galmaa siyaasa, diinagdeefi hawaasummaa uummataa cimsuu keessatti gahee guddaa akka qabuufi raawwiin amantii waaqeffannaa akka baduuf dhiibbaan gara garaa irra gahaa turuun, yeroo ammaa garuu sadarkaa fooyya'aarra kan jiruufi abdii kan namatti horu ta'uu isaa argannoodhaan bira gahameera. Gama biraatiin raawwiin amantii waaqeffannaa galmaa aadaa, eenyummaa, seenaafi ilaalcha saba Oromoo waan ibsuuf dhaloonni amma jiru kun waa'ee duudhaa amantii waaqeffannaa isa akaakileefi abaabileen keenya osoo hin baratin barreeffama tokko malee argaa-dhageettiin asiin ga'an kana gadifageenyaan qorachuun barreeffamaan kaa'ee, dhaloota dhufuuf dabarsuun dirqama hundaati.*

# Galata

Duraan dursee waaqa nagaafi fayyaa naaf kennee, akkan qorannoo kana hojjedhee xumuruufi akkan sadarkaa kanarra qaqqabu kan nataasiseef galatni haa ga'u. Itti aansuun, kaayyoon qorannoo kanaa akka galma ga'uuf jalqabaa kaasee hanga xumuraatti humnaafi yeroo isaa osoo hin qusatin gorsaafi yaada bilchaataa kan naaf kennaa ture; qorannoon kun bifa ammaa kana akka qabaatu kan godhe gorsaa koo Dr. Mulgeetaa Nagaasaa galata guddaan isaa qaba.

Qorannoo kootiif madda odeeffannoo ta'uun milkaa'ina qorannichaa keessatti ga'ee olaanaa kan taphatan namoota adeemsa raawwii amantaa waaqeffannaa galmaa keessatti qooda qaban hunda, keessattuu immoo, obbo Hirphoo Daadhiifi obbo Eebbisaa Hayiluu caalchiseen galateeffadha.

Akkasumas, haadha manaa koo Tujaaree Raggaasaa barnoota koofi hojii qorannoo kana akkan hojjedhee xumuruuf, rakkoo adda addaa keessa darbee sadarkaa kana akkan ga'uuf gumaata gita hin qabneen waan na cinaa dhaabbatteef galatni koo isheef daangaa hin qabu.

Dabalataanis, qorannoo kana ogummaa kompitaraatiin qulqulluu gootee kan naaf barreessite, Durbee Baay'isee Dirribaa guddiseen si galateeffadha. Walumaagalatti, jalqabaa kaasee hamma dhumaatti deeggarsa ogummaa, meeshaafi maallaqaa kan naaf taasisan hundaaf galanni koo isaan haa ga'u.

## Hiika Jechootaafi Gabaajee

| | |
|---|---|
| Baalcha | Maallaqa yookiin qabeenya galmaaf arjoomamu. |
| Dakoo | Nama waaqa tokkichatti hin amanne. |
| Damboobummaa | Garaa laafuu ykn namaaf yaaduu |
| Elellaa | Callee gurguddaa caaccuu irratti faayamu |
| Ifaatii | Ofiin, namaafi waaqaan araaramuudha. |
| Kalaa | kadhannaa galgalaa |
| Kamaa | kadhannaa ganamaa |
| Leemmoo | qulqulluu, taliila |
| Maayii | dhimma |
| Ruudaa | Samii |
| Sesseellachaa | Jajallachaa ykn irraa hir‘achaa |
| Ulfoo | Kabajamaa |
| Yayyaba | Bu‘uura waa hundaa, hundee jalqabaati. |
| Waafoo | Waaqa tolfamaa |
| Walaabuu | waliigala |
| Xabala | Bishaan akka qorichaatti gargaaru |
| KKF | Kan Kana Fakkaataan |

# Baafata

**Qabiyyeewwan** **Fuula**


*Axareeraa* ........ **i**
Galata ........ **ii**
Hiika Jechootaafi Gabaajee ........ **iii**
**BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1**
1. Seenduubee Qorannichaa ........ 1
1.1 Hima Rakkoo ........ 3
1.2 Kaayyoo Qorannichaa ........ 4
1.2.1 Kaayyoo Gooroo ........ 4
1.2.2 Kaayyoo Gooree ........ 4
1.3 Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 5
1.4 Daangaa Qorannichaa ........ 6
1.5 Hanqina Qorannichaa ........ 6
1.6. Ibsa Naannoo Qorannichaa ........ 6
1.6.1 Baay'ina uummataa ........ 7
1.6.2 Bal'ina lafaafi haala qilleensaa ........ 7
1.6.3 Iddoowwan Turizimii ........ 8
1.6.4 Haala Jireenya Uummatichaa ........ 8
1.6.4.1 Aadaafi Amantaa Hawaasichaa ........ 8
1.6.4.2 Mala Jireenya Uummatichaa ........ 9
**BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ........ 10**
2.1 Yaaxxina Qorannichaa ........ 10
2.2 Fakkoommii/Symbolism/ ........ 11
2.3 Duudhaa Hawaasaa ........ 12
2.3.1 Amantii ........ 14
2.3.2 Seenaa Amantii Waaqeffannaa ........ 15
2.3.3 Maalummaa Amantii Waaqeffannaa ........ 16
2.3.4 Amantii Waaqeffannaa Galmaa ........ 17
2.3.4.1 Waaqa ........ 18
2.3.4.2 Nama ........ 18
2.3.4.3 Qaalluu ........ 19

2.3.4.4 Ayyaana ........ 19
2.3.4.5 Safuu ........ 21
2.3.4.6 Cubbuu ........ 22
2.3.4.7 Dhugaa ........ 23
2.4 Jeekkarsa ........ 23
2.5 Eebba Amantii Waaqeffannaa ........ 24
2.6 Wantoota Aadaa ........ 25
2.7 Sakatta'a Barruu Walfakkii ........ 26
**BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA ........ 28**
3.1 Malleen Qorannichaa ........ 28
3.2 Madda Odeeffannoo ........ 29
3.3 Mala Iddatteessuu ........ 29
3.4 Mala Odeeffannoo Funaanuu ........ 29
3.4.1 Daawwannaa ........ 30
3.4.2 Afgaaffii ........ 30
3.4.3 Marii Garee ........ 32
3.5 Mala Odeeffannoo Qaaccessuu ........ 33
3.6 Naamusa Qorannoo ........ 33
**BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE ........ 34**
4.1 Adeemsa Raawwii Amantii Waaqeffannaa Galmaa ........ 34
4.1.1 Galma (Iddoo) Amantii Waaqeffannaa ........ 34
4.1.2 Ifaatii Walii Bahuu ........ 35
4.1.3 Eebba Amantaa waaqeffannaa Galmaa ........ 36
4.1.4 Sagantaa Walbaruu ........ 39
4.1.5 Gaaddisa Marii (Sagantaa Barnoota Amantii Waaqeffannaa) ........ 39
4.1.5.1 Waaqeffataan Akkamitti of ilaala. ........ 40
4.1.5.2 Jiruufi Waan jiraa ........ 41
4.1.5.3 Soddomman Uumaa Hambaa ........ 42
4.1.5.4 Waaqeffataan waaqa isaa akkamitti ilaala. ........ 43
4.1.5.5 Waaqeffataan Dhala Namaa Akkamitti Ilaala ........ 45
4.1.5.6 Saglan Eebbaa ........ 46
4.1.6 Kadhannaafi Galateeffannaa ........ 49

4.1.7 Jeekkarsa (Faaruu Amantaa Waaqeffannaa Galmaa) ............................................. 52
4.1.8 Baalcha ............................................................................................................ 56
4.2 Yoomessa Raawwii Amantaa Waaqeffannaa Galmaa ........................................................ 56
4.3 Akkaataa Kadhannaa Waaqeffattoota Galmaa .................................................................. 57
4.4 Horata Amantaa Waaqeffannaa Galmaa ........................................................................... 57
4.5 Faayidaa Amantaa Waaqeffannaa Galmaa ........................................................................ 58
4.5.1 Faayidaa Amantaan Waaqeffannaa Hawaasummaa Keessatti Qabu. ...................... 58
4.5.2 Faayidaa Amantaan Waaqeffannaa Siyaasa Keessatti Qabu. ................................. 59
4.5.3 Faayidaa Amantaan Waaqeffannaa Diinagdee Keessatti Qabu. .............................. 60
4.6 Wantoota AmantaaWaaqeffannaa Galmaa Irratti Gufuu ta'an .......................................... 61
4.6.1 Dhiibbaa Hawaasummaatiin ........................................................................................ 62
4.6.2 Dhiibbaa Siyaasaatiin ...................................................................................................... 63
4.6.3 Dhiibbaa Diinagdeetiin .................................................................................................. 64
4.7 Aasxaa mallattoo Hordoftoota Amantii Waaqeffannaa Galmaa ........................................ 64
4.7.1 Odaa ................................................................................................................................ 65
4.7.2 Kallacha ........................................................................................................................... 66
4.7.3 Bokkuu ............................................................................................................................. 66
4.7.4 Caaccuu ............................................................................................................................ 66
4.7.5 Coqorsa (Marga Jiidhaa) ................................................................................................. 66
4.8 Jijjiiramaafi Itti fufiinsa Amantii Waaqeffannaa Galmaa .................................................. 67
**BOQONNAA SHAN: GOOLABA, ARGANNOOFI YABOO ............................................. 68**
5.1 Goolaba ........................................................................................................................... 68
5.2 Argannoo .......................................................................................................................... 68
5.3. Yaboo .............................................................................................................................. 69
Wabiilee **........................................................................................................................ 72**
Dabalee A**...................................................................................................................... 74**
Dabalee B**...................................................................................................................... 75**
Dabalee C**...................................................................................................................... 76**
Dabalee D**...................................................................................................................... 79**

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1. Seenduubee Qorannichaa

Fookiloriin waan hawaasni dalagu, amanuufi yaaduuf bu’uura ta’ee kan argamuudha. Kanaaf, duudhaa, amantaa, safuu hawaasa tokkoo dhalootaa dhalootatti kan dabarsuudha. Kana ilaalchisee akka Oring (1999:135) Grimms wabeeffachuun ibsitutti fookiloriin duudhaa yeroo dheeraa hambaawwan beektotaa jiran irratti xiyyeeffachuun wantoota durii (anything old) ijaarsa durii, raagawwan seenaa durii, aartii durii, durdurii, sirba durii, barsiifata durii dabalata jechuun ibsiti. Kanaaf, fookiloriin bu’uura duudhaafi seenaa hawaasa fookilorichaa ibsa. Kun ammoo, adeemsa jiruufi jireenyaa keessa kan argamuudha. Kana jechuun, dhuftee miira aadaa, amantiifi barsiifata saba tokkoo baatee kan socha’uudha. Kanumatti dabaluun Oring (1999:136) yoo ibsitu, “… folklore as oral tradition and belief handed down from generation without the use of writing” jetti.

Fookiloriin duudhaafi amantaa baatee dhalootaa dhalootatti barreeffama tokko malee kan dabarsuudha. Kanaaf, fookiloriin faayidaa bal’aa qabu keessaa dhugeeffannoo hawaasa tokkootiif madda ragaa ta’ee tajaajila jechuun nidanda’ama. Hawaasni kamiyyuu fookilorii mataa isaa danda’e qaba jechuudha. Uummanni Oromoos akkuma hawaasa kamiyyuu fookilorii lakkaa’amee hin dhumne; kan mataasaa niqaba.

Akka Alamaayyoofi kaawwan (1998:38) ibsanitti, Uummanni kuush guddina qarooma aadaa keessatti ija mukaafi sanyii funaanurraa qonna yogguu eegale, adeemsa jiraachuurraa horii horsiisuu yogguu jalqabetti, kan roobee biqilchuufi guddisu bokkaafi aduun lamaanuu waaqarraa akka dhufe qalbeeffate. Kanarraa amantiifi falaasamni isaa akkasumas, warri amantaa gaggeessan uumaman. Kanumaan dhagaa muudaa (amantii waaqaa) dhaabuun kun galma amantii abbaa muudaa Oromoo fuulduraafi akkasumas, sidaamaa, walaayittaafi kkf hunda keessatti bal’inaan akka argamu ibsu.

Akka yaada kanarraa hubachuun danda’amutti uummanni Oromoo waan amanu tokkoof dhugeeffannoo qabatamaa irratti hundaa’uun kan waaqeffatu ta’uu isaafi gaggeessitoota amantaas fakkoommii adda addaa irratti hundaa’uun kan dhaabaniidha.

Uummanni Oromoo akkuma uummata kaanii aadaa, seenaafi duudhaa eenyummaa isaa ibsu kan wal irraa adda hinbaane qaba. Uummata kana biratti aadaan, amantiin, siyaasni, diinagdeefi

jireenyi hawaasummaa sabichaa walirraa adda hin ba'u waliin deema, waldeeggaree jiraata. (Dirribii, 2012:99).Wantootni kunniin waliin malee adda ba'anii hin deemne kun immoo afoolaan jiruufi jireenya uummatichaa ibsu.

Oromoon afoolatti fayyadamuudhaan seenaa dabarse, hawwii garaa qabu, quuqqaa keessoo isaafi waan kana fakkaatan ibsata. Afoolli hubannaa hawaasa tokkoofi ergaa isaan dabarsuu barbaadan osoo hin dhoksin ifatti kan mul'isuufi daawwitii hawaasni tokko ittiin ilaalamudha.(Georgesfi Jones, 1995:170).

Uummanni Oromoo uummata kuush keessaa tokko yoo ta'u uummata seenaa bara dheeraa qabuufi seenaa ofii bifa barreeffamaatiin osoo hin taane fookiloriitti fayyadamuun afaaniifi gochaan dhalootaa dhalootatti kan dabarsaa tureedha. Seenaafi aadaa isaa kanneen bifa durduriitiin, faaruudhaan, mammaaksaan, geerarsaan, sirbaan, eebbaan, jechamaafi afoola biroo afaan isaatti fayyadamuudhaan guyyaa har'aatiin gahe. Akkasumas, fookilorii qabatamoofi mul'atoo ta'an kanneen akka sirna gadaa, dhahaafi amantii waaqeffannaa qabatamaadhaan agarsiisaa bara kanaan gahuun isaa beekamaadha.

Sabni kun safuu kabajuufis ta'ee, cubbuu lagachuuf afoola lakkaa'ameefi himamee hin dhumne qabutti fayyadamuun gogeessa gadaa hunda keessatti wal gorfachaafi wal adabachaa kan tureefi yeroo ammaa kanattis itti fufee kan jiruudha. Duudhaawwan uummata Oromootiin kabajaman hundi kan namaa tolaniifi saboota biroof ilaalcha gaarii qabaniin afoolaan miidhaganii ayyaaneffataman keessaa tokko sirna waaqeffannaati. Sirni kuniifi kanneen sirnichaan walqabatan afoola uummatichaan deeggaramanii dhalootaa dhalootatti kan darbaa dhufaniidha.

Aadaafi duudhaa hawaasichi itti fayyadamu keessaa tokko amantii waaqeffannaa galmaa yoo ta'u, waaqeffannaan galmaa raawwii waa'ee amantii waaqeffannaa sirriitti beekuun waaqa tokkichatti amanuufi abboommii waaqaaf buluudha. Akkasumas, waaqeffannaan galmaa kan waaqa ittiin galateeffataniifi ittiin kadhataniidha. Kun immoo, kan darbeef galata waaqaa galchanii, kan dhufuuf waaqa kadhatanii amantaan jiraachuudha. Haa ta'u malee waa'een amantii waaqeffannaa galmaa kanaan dura wanti qoratamee taa'e hin mul'atu. Haaluma kanaan qorataan mata-duree "Adeemsa Raawwii Amantii Waaqeffannaa Galmaa Godina Shawaa Bahaa Aanaa Boosat," jedhu irratti qorannoo kana gaggeesseera.

## 1.1 Hima Rakkoo

Waaqeffannaan amantaa uumamaa, isa ganamaa kan uummata gurraachaati. Amantaan waaqeffannaa amantaa uummata Oromoo kuushiti. Oromoon yeroo waaqa isa uume kadhatu, gurraacha garaa garbaa, leemmoo garaa taliilaa, tokkicha maqaa dhibbaa, guddicha hiriyaa hin qabne, kan waan hunda beeku, kan waan hunda gochuu danda'u, kan bakka mara jiruufi kan hin duune jedha. Waaqeffataan bakkuma jirutti waaqa galateeffata yookiin kadhata. Waaqeffataan ganama yoo hirribaa ka'u, kan nagaan na bulchite nagaan na oolchi, galgala ammoo yoo rafu kan nagaan na oolchite nagaan na bulchi jedhee kan darbeef galateeffatee kan dhufuuf kadhata.

Waaqeffataan safuu eeggatee, waaqa ija jaalalaatiin ilaala. Waaqni yoo roobuu dide, yaa waaqi safuu keetti deebi'i jedhanii dhiirri kallacha qabatee, dubartiin siiqqeefi caaccuu qabattee, kormaafi dullacha qalanii waaqa kadhatu. Waaqeffataan seera uumamaa safuu beekee itti fayyadamee ittiin bula. Alagaa yookiin orma waliin nagaan jiraachuuf safuu eeguun, waan isaaf toleef immoo galata kenna; nikabajalleedha. Waaqeffataan tokko naamusa gaarii kan orma biratti fakkeenya ta'u agarsiisuudhaan, bakka gaariitti argamee, afaan tolee, waan aadaafi seera hawaasaa miidhagsu, waan safuu qabu hojjetee jiraata. Oromoon waaqaaf safuu qaba. Hin sobu, hin hamatu, sobaan hin kakatu, sobaan ragaa hin ba'u, dhugaa yoo arge ammoo sodaatee ragaa bahuu hin dhiisu. Kanaaf, Oromoon safuu cabsuun nagaa balleessee yookiin cubbuu hojjetee nama hin miiidhu.

Amantiin mala dhugeeffannaa dhalli namaa addunyaa kanarra jiraatu hundi ittiin uumaafi uumama isaa hubatu, ittiin buluufi ittiin jiraatudha. Akkuma uummata kamuu uummanni Oromoos amantii ganamaafi jalqabaa kan ittiin dhugaa uumaa dhugeeffatu, kan ittiin jiruufi jireenya isaa qajeelfatu kan ittiin akka fedhiifi seera waaqaatti gaaromee jiraatu kan mataasaa qaba; amantiin Oromoo ganamaafi jalqabaa kunis waaqeffannaadha. Waaqeffannaan amantii waaqa tokkicha jiruufi jireenya ofiitti aanfatanii ittiin qajeelfamaniidha. Waaqeffataa jechuun mataasaatinuu, waaqa aanfachuudha; waaqa caalchifachuudha; waaqa abdachuudha. Waaqa jireenya ofiitti aansuudha. Oromoon hunda caalaa kan ofitti aansu, kan ittiin of qajeelchu, waaqa; waaqa uumaa kan waa hunda uumetti bula.

Amantiin waaqeffannaa kan uummanni Oromoo waggoota dheeraaf ittiin jiraachaa tureefi bakka guddaa qabudha. Haa ta'u malee, dhiibbaa waggoota dheeraaf osoo walirraa hin citin hawaasa Oromoo aadaa isaafi afaan isaarra gahaa tureefi rakkoolee hawaasummaa, diinagdee, siyaasaafi

hammayyummaa waliin walqabateen amantiin kun dagatamaa dhufee jira. Amantii waaqeffannaa akkaataa barbaadamuun dhaloota irraa dhalootatti dabarsuun hafee, dagatamaa dhufuufi barreeffamaan jiraachuu dhabuun isaa mata duree kanarratti akkan qorannoo gaggeessuuf nakakaasee jira.

Akka Dirribi (2014:12) ibsutti, "Uummanni Oromoo aadaa, amantii, seenaa boonsaafi biyya badhaadhaa qaba. Aadaan Oromoo hir'ina qaba yoo jedhame, aadaa barreeffamaa dhabuu isaati." jedha. Kanaaf, aadaan kun sababoota garaa garaatiin hir'achaa yoo dhufellee, qoratamee barreeffamaan yoo taa'e dhaloota itti aanuuf hedduu gargaara jechuudha.

Xiyyeeffannaan qorannoo kanaas adeemsa amantaa waaqeffannaa galmaa keessatti maaltu akka raawwatamuufi akkamitti akka raawwatamu xiinxaluudha.Akka walii galaatti, qorannoon kun gaaffilee armaan gadii ka'umsa godhachuun kan gaggeeffameedha.

- Adeemsi raawwii amantaa waaqeffannaa maal maal qabata?
- Adeemsi raawwii amantaa waaqeffannaa galmaa yoomessa kam keessatti raawwatama?
- Hirmaattonni amantaa waaqeffannaa galmaa eenyu fa'a?
- Faayidaan amantaa waaqeffannaa maali?
- Amantaan waaqeffannaa galmaa akka hinguddanne maaltu taasise?
- Itti fufiinsi raawwii amantaa waaqeffannaa galmaa yeroo ammaa maal fakkaata?

## 1.2 Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoo gooroofi kaayyoo gooreetti kan qoodamu yoo ta'u, kunis haala armaan gadiitiin kaa'amee jira.

### 1.2.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa adeemsa raawwii amantaa waaqeffannaa galmaa kan Godina Shawaa Bahaa Aanaa Boosat xiinxaluudha.

### 1.2.2 Kaayyoo Gooree

- ✓ Akkaataa amantaan waaqeffannaa galma keessatti raawwatamu xiinxaluu.
- ✓ Yoomessa raawwii amantii waaqeffannaa galmaa ibsuu.
- ✓ Hirmaattota amantii waaqeffannaa galmaa ibsuu.
- ✓ Faayidaa amantiin waaqeffannaa galmaa qabu addeessuu.

- ✓ Guddina amantii waaqeffannaarratti wantoota dhiibbaa uuman ibsuu.
- ✓ Itti fufiinsa raawwii amantaa waaqeffannaa galmaa xiinxaluu.

## 1.3 Barbaachisummaa Qorannichaa

Afaan, aadaa, amantaafi seenaan uummata Oromoo baroota mootummaa darbanii keessatti sarbamaa, dhiitamaa, ukkaamamaa waan tureef, seenaa, aadaafi afaan uummata bal'aa kun sirriitti osoo hin qoratamin yeroo dheeraaf turuun isaa ni beekkama. Kanaafuu, fookilorii gosa adda addaa irratti qorannoo gaggeessuun afaan, aadaa, seenaafi duudhaa uummatichaa ifa baasuun baay'ee barbaachisaadha. Barbaachisummaan qorannichaa inni bu'uuraa adeemsa raawwii amantaa waaqeffannaa galmaa kan Godina Shawaa Bahaa Aanaa Boosat keessatti akkasumas akka saba Oromootti dagatamaa dhufeefi kanarraa kan ka'e baduu danda'a kan jedhu sodaa jiru hambisuuf kan barbaachiseedha. Kanaafuu, uummanni Oromoo adeemsa raawwii amantaa waaqeffannaa galmaa hubachuudhaan yookiin beekuun dhalootaa dhalootatti barreeffamaan dabarsuu qaba yaada jedhu0n qaba. Amantaan waaqeffannaa galmaa kana dura qoratamee barreeffamaan waan hin turreef, dhaloota itti aanuuf dabarsuurratti hin xiyyeeffatamne. Gara fuulduraatti qoratamee barreeffamaan dhalootaa dhalootatti dabarsuun barbaachisaa ta'ee argamee jira. Haaluma kanaan barbaachisummaan qorannoo kanaatis:

- Waa'ee adeemsa raawwii amantaa waaqeffannaa galmaa qaamni hubannoo qabuufi xiyyeeffannoo gaarii ta'e itti kennu xiqqaachaa waan dhufeef, barbaachisummaa amantaan waaqeffannaa galmaa; kun saba Oromoo (namoota) hunda biratti beekkamee ilaalcha gaarii akka itti kennan ni barsiisa.
- Amantaan waaqeffannaa duudhaa Oromoo keessatti iddoo olaanaa waan qabuuf kan dagatamaa ture; uummata Oromootiif ifatti baasuufi dhaloonni ammaa duudhaa saba isaa akka baruuf.
- Qorannoon kun hayyoota dhimma kanarratti gadi fageenyaan yookiin bal'inaan qorannoo gaggeessuu barbaadaniif ka'umsa ni ta'a.
- Firiin qorannoo kanaa uummata aanichaafi saba Oromoo hunda amantaa waaqeffannaa sirriitti nihubachiisa.
- Waajjira Aadaafi Turiziimii Aanaa Boosatiif jajjabina ta'uun haamilee itti horee isaan kakaasuun gosoota afoolaa kanneen biroo irratti akka qorannoo adda addaa gaggeessaniif bu'uura nita'a.

- Gama biraatiin qorannoon kun guddina ogbarruu Afaan Oromootiif gumaacha gochuu danda'a jedhamuun gaggeeffamee jira.

## 1.4 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo adeemsifamu firiin isaa bu'a qabeessa akka ta'uuf akkasumas, odeeffannoo ifa ta'e argachuuf mata-dureefi bakka inni irratti adeemsifame daangessuun barbaachisaadha. Qorannoon kun guutummaan guutuutti amantaa duudhaa Oromoo keessatti dhimmoota qoratamuu danda'u roga hundaan ilaalee osoo gaggeeffamee akkasumas bal'inaan galmoota amantii waaqeffannaa iddoo adda addaa jiru waliin walbira qabuun gabbatee osoo dhiyaatee barbaachisaa ture. Haa ta'u malee haala yeroo, baajataafi humna qorataatii ol waan ta'eef, qorannoon kun kan adeemsifame Godina Shawaa Bahaa Aanaa Boosat bakka jedhamu ta'ee, ganda Olancitii Galma hordoftoota amantii waaqeffannaa Boosat irratti kan daangeffameedha. Akaakuuwwan duudhaa hawaasa saba Oromoo biratti beekkamoo ta'an keessaa amantaan waaqeffannaa isa hangafaati. Qorannoon kun adeemsa raawwii amantii waaqeffannaa galmaa irratti qofa xiyyeeffata.


## 1.5 Hanqina Qorannichaa

Qorannoon tokko yommuu adeemsifamu wantootni gufuu ta'an baay'eedha. Haaluma kanaan qorannoo kana gaggeessuu keessatti hanqinoonni qorataa mudataniifi furmaata hanqinichaa barbaaduun qorannichi gaggeeffamee jira. Kunis, kitaabileen wabii waa'ee waaqeffannaa Galmaa ibsu jiraachuu dhabuusaa yoo ta'u, hanqina kanaaf immoo intarneetaafi maanguddoota beekkumsaafi muuxannoo akkasumas argaa-dhageettii waa'ee amantii waaqeffannaa qaban gaafachuun kan raawwatameedha. Dabalataanis, rakkoon maallaqaa qorataa waan mudateef, liqiifi maallaqa qabutti qusannoodhaan itti fayyadamuun qorannichi kan adeemsifameedha.

## 1.6. Ibsa Naannoo Qorannichaa

Aadaafi seenaa Saba tokkoo guddisuufis ta'ee beeksisuuf jalqaba irratti waa'een bakka itti argama uummatichaa beekkamuu qaba. Aanaan Boosat aanaalee Godina Shawaa Bahaa keessaa tooko taatee kallattii Bahaan Aanaa Fantaallee Dhihaan Aanaa Adaamaa ,Kaabaan Naannoo Amaaraa Aanaa Minjaar Shankooraa,kibbaan Godina Arsii Aanaalee afuriin (Aanaa Martii, Aanaa Martii Jajuu, Aanaa Sireefi Aanaa Doddotaatiin) daangeffamtee kan argamtuudha. Aanaan kun Finfinneerraa km 100fi magaalaa guddoo godinaa kan taate Adaamaa irraa immoo

km 20 fagaattee kan argamtuudha. Haalli lafa ishee sulula diriiraaafi qilleensi ishee gammoojjiidha.




**Suuraa 1. Kaartaa Aanaa Boosat agarsiisa (Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Boosat)**

### 1.6.1 Baay'ina uummataa

Baay'inni uummata Aaanaa Boosat akka ragaan lakkoofsa uummataa bara 2008 gaggeeffame agarsiisutti, dhiirri 89,048fi dubarri 85,512 waliigalaan 174,560 kan qabuudha. Kunneenis qonnaan bultoota, hojjettoota mootummaa, namoota hojii daldalaa adda addarratti bobba'an, barattoota, dargaggoota hojii barbaadan, daa'imman umriin isaanii barnootaaf hin qaqqabin, namoota hojii ogummaa adda addaarratti bobba'aniifi qaama miidhamtoota warreen ta'antu keessa jiraata. Aanaa Boosat keessa sabaafi sablammoota adda addaatu jiraata.

### 1.6.2 Bal'ina lafaafi haala qilleensaa

Aanaan Boosat bal'ina lafaa iskuweer km 1514.1 kan qabdu taatee, bal'ina lafaatiin aanaalee godichaa keessaa sadarkaa lammaffaa irratti argamti. Aanaan kun gara Kaabaan 8050' Laatituudii, gara Bahaatiin 39016'fi 39050' loongituudii irratti kan argamtu yoo taatu, dirra lafaa irraa meetira 1500 ol jettee argamti. Bal'ina lafaa kana keessaa lafa qonna bokkaafi jal'isiif oolu, lafa dheedichaaf oolu, lafa bosona micireen aguugamee jiruufi lafa faayidaa (tajaajila) hin

kennine of keessatti hammatti. Harki irra caalaan haala qilleensa Aanaa Boosat keessatti argamuu jireenya namaaf akkasumas, bineeldotaafi bineensotaaf mijataadha. Haalli qilleensa ishee ho'aafi badda daree yommuu ta'u, gammoojjiin 89%fi badda dareen immoo 11% qabatu. Aanaan kun gandoota baadiyaa soddommii sadii (33) fi magaalota shan (5) qabdi. Walumaagalatti, gandoota soddommii saddeet (38) kan qabduufi harki caalaan aanichaa gammoojjii kan ta'eedha.

### 1.6.3 Iddoowwan Turizimii

Aanaan Boosat bakkeewwan hawwata turizimiif oolan hedduu qabdi. Kanneen keessaa beekkamoon kan akka: aartuwwan Garrii, Xabala Doonii, Bosona Arbaatee, Bosona Buttaa Daalacha Gaadaa, Bosona Nyanfuroo, Bosona Gaara Boosat fa'a maqaa dhahuu dandeenya. Bakkeewwan Waaqeffannaa aadaa ulfoo ta'an kanneen akka: Siidaa Moomee, Boosat karra torbaa, Buttaa Badhaasoo Gooba Hiddiifi Qilxuu Balaaloo kaasuun nidanda'ama.

### 1.6.4 Haala Jireenya Uummatichaa

Uummanni Aanaa Boosat aadaa, seenaafi duudhaa mataasaatti amanee ittiin boonuufi wal kabajee ilaafi ilaameen kan walbulchuudha. Uummatichi gaddaafi gammachuu, bal'inaafi dhiphina waliin qooddatee kan jiraatudha.

#### 1.6.4.1 Aadaafi Amantaa Hawaasichaa

Akkuma uummata Oromoo godinaaleefi aanaalee Oromiyaa adda addaa keessa jiraatanii uummanni Oromoo Aanaa Boosatis aadaa miidhagaafi duudhaawwan aadaa uummatichaa calaqisiisan hedduu qaba. Kanneen keessaa aadaa walgargaarsaa yeroo daboo, yeroo gaddaafi gammachuu, aadaa fuudhaafi heerumaa, aadaa nyaataa, aadaa uffannaa akkasumas aadaa jaarsummaa(araaraa), aadaa keessummaa kabajuu, maanguddoota kabajuu, rakkataa gargaaruufi kanneen kana fakkaatan warreen gurguddoodha.

Uummanni Aanaa Boosat eenyummaa, aadaafi afaan isaatiin daran kan boonudha. Afaan aanaa Boosat keessatti bal'inaan dubbatamuufi beekkamu Afaan Oromoo yoo ta'u, Afaan Amaaraas darbee darbee nidubbatama. Aadaan hawaasa aanaa kanaa akkuma hawaasa Oromoo hundaa gosa heddu kan qabudha. Isaan keessaa beekkamoo aadaa nyaataa yoo ilaalle yeroo sirnaafi ayyaana waggaa akkasumas yeroo keessummaan dhufe gosoonni nyaataa dhiyaatan nijiru. Fakkeenyaaf: Caccabsaa, Cuukkoo, Qorii/marqaa/, Qincee, Daabboo, Maxinoo/qixxaa, Mulluu,

Akaayiifi kkf dha. Inni biraa immoo aadaa uffannaati. Akka fakkeenyaatti, Bullukkoo, Kofoo, Kittaa, Kallee, Wandaboo, Sabbata, Marxoofi kkf dha.

Duudhaaleefi sirnoonni aanaa kana keessatti hawaasni qabu heddudha. Isaan keessaa muraasni: Guddifachaa, Sirna Gumaa, Sirna Ateetee, Ayyaana Boorantichaa, Sirna Gadaa, Ayyaana Irreechaafi kkf dha. Aadaa fuudhaafi heerumaa ilaalchisuun gosoota fuudhaafi heeruma akka: Kadhannaa, Irra dhaabaa/ kallachaa/fi Waliin deemuun bultii ijaarratu. Aanaa Boosat keessa amantaa gurguddoo gosa afurtu jira. Isaanis: Ortodoksiin %30, Pirootestaantiin %20, Musliimni %28, Waaqeffataan %22 yommuu ta'u, uummanni kun amantaadhaan adda adda ta'us garaagarummaa isaan jidduu jiru kabajee duudhaafi safuu Oromoo ganamaa eeggatee waliin jiraata.

### 1.6.4.2 Mala Jireenya Uummatichaa

Malli jireenya uummata Aanaa Boosat harki caalaan qonnaafi loon horsiisuudha. Hojii qonnaatiin waggaa keessatti si'a tokko rooba gannaa eeggachuun gosoota midhaanii kanneen akka: xaafii, boloqqee, boqqoolloofi mishingaa oomishuun jiraatu. Aanaan kun qonna jal'isiis ni qabdi. Lagni Awaash inni akka biyyaatti tajaajila jal'isii olaanaa kennuun beekkamu aanaa kana qaxxaamuree waan darbuuf uummanni aanichaa qonna jal'isiif nifayyadamu. Jal'isii kanaanis, kuduraawwan akka raafuu maramaa, timaatima, qullubbii diimaa, qaaraa (corqaa), hundee diimaafi kan kana fakkaatan oomishuun nyaataafi madda galiif oolfatu. Akkasumas, muduraawwan akka paappayaa, maangoo, burtukaana, loomii, muuziifi kanneen biroo oomishuun ofirra darbanii gabaaf dhiyeessu.

Gama biraatiin uummanni Aanaa Boosat loon horsiisuun jiraatu. Haalli qilleensa ishee ho'aafi lafa gammoojjii waan ta'eef beeyladoota akka re'ee, gaalaafi horii gaanfaa horsiisaa jireenya isaanii ittiin gaggeeffatu.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

Sakatta’an barruu barreeffamoota beektota gara garaa kanaan dura barreeffaman rakkoo qoratamu faana kan wal simu madda ragaafi beekkumsaa ta’uudhaan amanamummaa qorannoo tokkoof qaama murteessaadha. Asirratti Yaadasaan (2008:49) barbaachisummaa sakatta’a barruu yoo ibsu, “Sakatta’iinsi kitaabileefi barruulee wabii qoratichi barreeffamoota, qorannoowwan, walumaagalatti tooftaa ragaafi odeeffannoo waa’ee dhimma qoratamuu kan irraa argatuufi itti fayyadamudha,” jechuun kaa’a. Yaada armaan olii kanarraa wanti hubachuu dandeenyu, sakatta’iinsi barruu kun qorannoo tokkoof ka’umsaafi ga’umsa kutaawwan biroo ta’uu isaati.

Haaluma kanaan madda ragaa hojii qorannoo kanaatiif bu’a qabeessa jechuun kan qorataan kutaa kana keessatti sakatta’ee kaa’e: Yaaxxina qorannichaaf mijatu, maalummaa fookilorii, faayidaa fookilorii, gosoota fookilorii, duudhaa hawaasaa, maalummaa amantii, seenaa amantii waaqeffannaa, maalummaa waaqeffannaa, utubaawwan amantii waaqeffannaa kanneen ta’an: waaqa, qaalluu, ayyaana, cubbuu, dhugaafi kkf sakatta’a barruu walfakkiiti.

## 2.1 Yaaxxina Qorannichaa

Qorannoo tokko gaggeessuuf, yaaxxina qorannoo sana deeggaru bu’uureffachuun murteessaadha. “Saxaxa gosa qorannoo keessatti yaadiddamni kallattiifi xurree qorannoo namatti agarsiisuufi ibsuuf gahee olaanaa qaba.” (Filee, 2021:51)

Yaaxxinaalee jiran keessaa qorannoon kun yaaxxina tajaajilaa (functional theory) bu’uureffata. Sababni isaas yaaxxinni kun afoola hawaasa tokkoo qorachuudhaan, aadaa, haala jiruufi jireenya isaaniifi sadarkaa qaroomina isaanii beekuuf gargaara. Yaada kana cimsuuf Ben-Amos, (1975:46) “ The functional approach to the categorization of oral literature actually as focused up on the relationships between form of verbal art and existing cultural and social need,” jechuun ibsa. Akka yaada kanaatti yaaxxinni tajaajilaa walitti dhufeenya hawaasaafi fedhii hawaasa jidduu jiru kan qoratudha.

Yaaxxina tajaajilaa ilaalchisee Fileen, (2021:79) irratti yoo ibsu,”Qorannoo beekumtaa (folklore) keessatti xiinxalli tajaajilaa kuni: barsiisuudhaaf, barmaatilee miidhaa qaban adda addaa baasanii fooyyessuudhaaf, aadaa jiru bayyanachiisuudhaafi beekumtaa hawaasaaf beekamtii kennuudhaaf gahee olaanaa akka qabu ibsa,”

Adeemsa sirnootaafi ayyaanota adda addaa, faayidaa isaa, gahee meeshaaleefi afoolli hawaasichaa sochii aadaa sana keessatti qaban, akkasumas hirmaannaa hawaasaafi fedhii hawaasichi sochii aadaa isaaf qabu qorachuu keessatti gahee olaanaa qaba. Yaaxxinni kun afoolli faayidaa maal hawaasaaf kenna? Akkasumas immoo gama gosoota afoolaafi wanta aadaan hojjiirra ooluu waan danda'uuf galma ga'iinsa qorannoo afoola tokkootiif isa filatamaadha. Qorataanis adeemsa raawwii amantii waaqeffannaa galmaa xiinxaluuf yaaxxinni kun waan tumsuuf dhimma itti bahee jira.

## 2.2 Fakkoommii/Symbolism/

Addunyaa kanarratti namoonni bara jireenya isaanii keessatti bu'aa bayii hedduu dabarsu. Bu'aa bayiin kun hundi isaa waan battalatti qabatamaan ifa ta'uu yeroo dhabu jira. Tokko tokko fageenyarraa kan ka'e, gariin immoo mul'ataa ta'uu dhabuun yaadaan qofa kan ibsamu yeroo ta'u jira. Kana malees, kanneen biroo hawwii waliin waan walqabataniif waan gaariitti michoomfamanii yookiin firoomanii itti fakkeeffamuun carraafi mul'ataan kan raagamu akka jiru hayyoonni ni addeessu. Hawaasni tokko waan darbeefi wanta har'a keessa jiru walbira qabuun kan gara fuulduraa hawwii qabu niraagata. Kana immoo fakkoomiin ibsa.

"A symbol is concrete or familiar object that is used in reference to or as an explanation of an abstruct idea or less familiar object or event. It is a particularly usefull means of conveying certain important truth or lessons about human life and the problem of existence". (Okpewho, 1992:101)

Fakkoomiin waan qabatamaa yookiin kan itti dhiyeenya wantichaan haala tokko yaada dhokataas ta'e waan mul'atu ittiin ibsachuuf akka wabiitti fakkenyaan kan gargaarudha; yaada jedhu ibsa. Fakkoommiin dhugaa bu'a qabeessa ta'an, waa'ee jireenya namaafi rakkoo hawaasummaa qabatamaan agarsiisuufi itti himuuf akka furmaata tokkootti kan addunyaan itti gargaaramaa jiru waliin walqabatee fakkaattiin isaa sammuu dhala namaatti waraabamee kan mul'atudha jechuun ibsee jira.

Haala kanaan addunyaan jecha afaaniifi waan itti yaadnee dubbannuun alatti kan itti gargaaraman baay'een isaanii hiika kallattii lamaan ibsamuu akka danda'an hayyuun kun addeessee jira."Symbolic interpretation theory" jedhu irratti, waan qabatamaafi waan dhokataa yookaan kan hin mul'anne jedha. Bu'uurri isa jalqabaa mallattoowwan kallattiin ilaalamuufi qaqqabamuu danda'an, meeshaalee gurguddoofi xixiqqaa meeshaalee aadaa hanga lafa bal'aatti

kanneen jiran hunda qabata. Haala kanaan hiika halluuwwan qaban, hiika raawwiiwwan qaban, hiika aasxawwan adda addaa qaban, hiika afoollan qaban, hiikni duudhaaleen qaban fa'a as keessatti ibsamu. Kanamalees, mallattoowwan wantoota kallattii biroon sirna garaa garaa keessatti raawwiin mul'atan illee ta'uu danda'u.

> *Symbols are also used ritual and divination, chants, which deal mostly spiritual matters and concepts.The issues involved are usually weight but, the people who chant. This text must reduce them to familiar objects to bring them closer to their understanding.The characters and events contain in them are fundamentally symbols illustrating various moral and philosophical issues relating to people. In many cases a specific message is given at the end of the story. (Okpewo, 1992:100)*

Mallattoowwan fakkoomiin ibsaman kallattii adda addaan mul'atu. Kunis adeemsa sirna waaqeffannaafi jeekkarsa keessatti hiikni gadifageenyaan itti kennama. Hubannoon dhimmichaa akka cimuuf mallattoowwaniifi yaada waan sana faana walqabatee jiru walqabsiisu. Mallattoowwan kunneen miira, ilaalcha, falaasamaafi wantoota hedduu jireenya hawaasaa wajjiin walqabatan hammachuu qabu.

## 2.3 Duudhaa Hawaasaa

Amala hawaasa gidduu bara dheeraan dura tureefi sabni irratti waliigaluun shaakalee fudhatedha. Duudhaan hawaasaa kun dhimmoota duudhaafi amantaa hawaasaatiin walqabata. Dhimmoota duudhaa hawaasaa keessaa muraasni: kabaja ayyaanaa, tapha, bashannana, qoricha aadaa, amantaafi kan kana fakkaatan warra gurguddoodha. Dorson, (1972:3) akka ibsetti, duudhaan hawaasaa wanta aadaatiin baay'ee kan walitti dhiyaatu, gochaafi ogummaa dhuunfaarra, xiyyeeffannoon isaa hariiroo gareerratti jedha.

Yaada kanarraa wanti hubatamu, duudhaan hawaasaa dhimmoota hawaasni dhugaadha jedhee fudhachuun itti fayyadamu kanneen akka: safuu eeggachuu, cubbuu lagachuu, milkii, abjuufi kan kana fakkaatan ijaan arges ta'ee, utuu hin argin kan hawaasni itti gargaaramuudha. Duudhaan hawaasaa kunis, kan hawaasicha waliin tureefi ammas kan jiru kanneen akka: waaqeffannaa, kabaja ayyaanaa, qoricha aadaa, tapha aadaafi kkf ta'uu danda'a. Yaaduma kana Nagaasoon, (1984:99) yoo ibsu, amantaan tokko tokko haala garaagaraafi sirna garaagaraan ifa. Sirnoonni kunneen: dhibaayyuu caffee, dhibaayyuu lagaa, dhibaayyuu maaramiifi dhibaayyuu ateetee ta'uu danda'a.

Duudhaan, hawaasa tokko isa biraarraa adda nibaasa. Meeshaalee hawaasni itti gargaaramuufi akkaataa ittiin raawwii isaa ni ibsa. Duudhaan namoota walitti fidee garee uuma. Gareewwan kunniin beekumsa waliin horatan gara dhaloota itti aanuutti ceesisuun irraa eeggama. Adeemsi akkasii kun immoo barsiifata keessatti ilaallama. Duudhaan hawaasaa amaleeffannaa, amantaalee, dhugeeffannoofi kanneen biroo of jalatti qabachuu mala. Isaan kunis adeemsawwan raawwii mataa mataasaani kan qaban ta'ee, yeroofi bakka qabu. Achi keessatti calaqqee ilaalcha dhuunfaatuu bal'inaan ibsamee kan gareen waamama. Amalli hurrubummaas yeroo itti mul'atu qaba. Kanaafuu, duudhaan hawaasaa adeemsa mataasaa keessatti kan abboomamuudha jechuu nidandeenya.

Dabalataanis, barsiifanni hawaasaa kan gareen saba tokkoo waliin qooddatu ta'uu isaa SiMs and Stephens, (2005:3) irratti ibsanuu jiru.

> *Tradition is simply the sharing of some thing of cultural significance from group member. Some thing that creates and confirms identify. The act of storytelling and the way thatstories and story telling come to be meaningful within in agroup all matter when talk about tradition.It is sense of continuity and of shared materials, customs, and verbal expressions that continues to be practiced with and among certain groups.*

Duudhaa Saba tokkoo keessatti kan gareen hawaasa tokkoo, garee kan biroof aadaa bu'a qabeessa ta'e ittiin waliif qoodaniidha. Innis eenyummaa saba sanaa ittiin cimsachuuf kan gargaaru ta'uu qaba. Haala seeneffamni tokko ittiin dhiyaatu keessatti dhaalchisaa hubatamuu akka danda'u kan agarsiisudha. Itti fufiinsa qabaatee, walqoodinsa wantoota adda addaa keessatti shaakalliin ibsa afaanii kan irratti mul'atuudha. Haalli kun yeroo xiinxalamu, barsiifanni mallattoo aadaa tokko ittiin kan waliif qoodaniidha.

Fookilorii Oromoo keessaa duudhaa hawaasaa ilaalchisee waan hedduu arganna. Fakkeenyaaf, amantiin Oromoon gaggeessu maal akka fakkaatu, duudhaafi safuun hawaasni kabajuufi dhalootaa dhalootatti akka darbu barbaadu, barsiifata hawaasaa bakka adda addaatti beekkaman, kabaja ayyaana adda addaa kan akka: irreechaa, ifaanoo (masqala), ateeteefi kan kana fakkaatan gooroo kana jalatti qoratamuu danda'u. Walummaagalatti, akkaataan sabni tokko itti amanatuufi sirna garaagaraa kabajatu duudhaa hawaasaa keessatti kan ramadamu ta'uu isaanii yaadota oliirraa hubachuun nidanda'ama.

### 2.3.1 Amantii

Maalummaa amantii hayyoonni karaa adda addaatiin hiika itti kennu. "Amantiin kan ittiin uummanni tokko uumaafi uumama: akkasumas, jireenya ilaalu, hubatu, abdii dhugeeffatee ittiin jiraatudha," Dirribii, (2016:370). Yaadni kun akka ibsutti, kan amanamu uumama osoo hin taane uumaa (waaqa) yoo ta'u, amantii jechuun immoo akka namoonni uumaa isaanii kana keessoo isaaniitti fudhatanii yookiin amananii kabajatan jechuudha.

Yaaduma kana fakkaatu Maammoon, (2009:253) irratti yoo ibsu, "Amantiin akka aadaafi ilaalcha saba keessaa burqitee calaqqisiiftu wanta mamsiisu miti. Waa'ee amantii tokkoo yoo dubbannu aadaaniifi ilaalchi saba amantiin sun keessaa baateetiin addaan baafnee ilaaluu hindandeenyu,"jedha. Kana jechuun kallattumaan aadaan hawaasa tokkoo amantii isaas akka of keessaa qabu yookaan immoo namni kan amanatu akka ilaalcha ofiisaafi aadaasaatti ta'uu nama hubachiisa.

"Amantaa jechuun wanta tokko dhugaadha yookaan sirriidha jedhanii sammuu ofii amansiisuudhaan ofitti fudhachuudha." Filee, (2021:133). Yaadni kun kan agarsiisu, amantaan dhugeeffannoo keenyaan kan nuti dhugaadha jennee fudhachuun amannu ta'uu isaa ibsa. Yaada kana kan deeggaru, Leellisaan, (2015:181) haala kanaan ibsee jira. "Amantaa namatu uume malee waaqaa miti. Kana jechuun uummanni tokko akka dhugeeffannoo isaatti uumaafi uumama ilaalee akkaataa itti jiraatuufi waan jiraa isaa ilaalee amantii tokko uumuun seera safuu waaqaa eeggatee jiraachuun daangaa ofii isaa tolfatee amala dansaa agarsiisaa kan deemuufi dhugeeffannoo ofii isaa kan qabudha."

Namoonni akkuma aadaa adda addaan qaban amantiis akka qaban Dirribii, (2012:42) yoo ibsu, "Addunyaa kana irra uummata biyya, qabeenya, afaan, aadaa, seenaafi amantii adda addaa qabu hedduutuu waliin jiraata. Uummata addunyaa keessaa tokko uummata Oromoodha. Oromoon akkuma uummata kanneen biroo amantii mataasaa kan qabudha. Innis amantaa waaqeffannaati." Jechuun addeessee jira. Gabaabumatti, yaada kanaafi kanneen oliirraa ifatti wanti jedhamu amantiin ilaalcha namni uumaasaaf qabu, hawaasni kamiyyuu kan adda isa godhu akkuma afaan dhuunfaan qabu kan ofiisaa kan qabu akka aadaa dhuunfaasaatti ammoo kan amanatu ta'uu hubanna.

### 2.3.2 Seenaa Amantii Waaqeffannaa

Madda amantaa waaqeffannaa ilaahisuun (Alamaayyoofi kanneen biroo, 1998).“Waaqeffannaan amantii Oromoo isa yayyabaati,” jedhu. Akka yaada kanaatti, amantiin waaqeffannaa osoo amantiin jabanaa yookiin ammayyummaa si’anaa biyya keessa hin seenin durumaanuu kan jiru ta’uu isaa ibsa.

Amantaan hawaasa waaqeffataa yookaan “waaqeffannaan” kan bara dheeraa dura hundeeffamee uummata Oromoofi kan biroo biratti beekamu ta’uu hayyoonni dhugaa ba’u. Raayyaa, (200:1) “Waaqeffannaan kan dhufe jecha Afaan Oromoo ‘waaqa’ jedhurraati. Waaqa jechuun uumaa dachiifi ruudaa, namaafi uumamaa kan namaa olitti argamu maddi amantii waaqeffannaa waaqa tokkicha, waaqeffannaan amantii dhugeeffannoo Oromoofi saboota Kuush kan jalqaba dachii kana dhufeedha.” Jechuun barreessee jira. Waraabbiin kun kan hubachiisu amantiin kun saba Oromoo qofaaf osoo hin taane, saboota hortee kuush ta’aniif durumaa qabee karaa isaan ittiin waaqa tokkichatti amanan ta’uu isaati. Waaqeffannaan amantii dhugeeffannaa Oromoofi saboota Kuush kan jalqaba dachii kana dhufee ammallee haala adda addaan osoo hin badin hamma yoonaa kan ga’edha.Madda amantii waaqeffannaa ilaalchisee Leelisaan,(2015:182) irratti (WADO,2006) waabeffachuun ibsee jira.

> *Amantiin waaqeffannaa amantii uumamaa isa ganamaa kan uummata gurraachaati. Amantii uummata angafa sanyii namaa bakka duraan sanyiin namaa itti argametti kan eegalame amantaa uummata Oromoo Kuushiiti. Akkuma sanyiin namaa jalqabaaf gaanfa Afrikaa Oromiyaa Kuush keessatti uumame, Amantiin waaqeffannaas asumatti uummata gurraacha sanyii namaaf hangafa ta’een amantii ormaa dura kan eegalamedha. Waaqeffannaan amantii namoota waaqa tokkichatti amananii bulan yoo ta’u, Waaqeffattoota jechuun immoo namoota amantii waaqeffannaa hordofaniidha.*

Haaluma kanaan Balaay, (2007:63) yemmuu ibsu, “Uummanni Oromoo uumaasaa’waaqa’ jedheetuu waama; amantii isaatiinis ‘waaqeffannaa’ jedha. Namni waaqaan bulu ammoo ‘waaqeffataa’ jedhama. Waaqeffataa jechuun nama waaqa tokkichatuu jira jedhee isatti bulu, isas amanu,” jechuun waa’ee waaqeffannaa ibsee jira.

Seenaa amantaa waaqeffannaa ilaalchisee Dirribii,(2011:38) yoo ibsa itti kennu, “Waaqeffannaa is the religion of the ancient black people which is orginated in the home land of early human race, which is believed ever to have lived in the horn of Africa. It is the religion of the Cushitic people (the Oromo) that means it emerged before any other religions” jechuun kaa’a.

Amantii waaqeffannaa kana yoo ilaalle turaa akka ta'e yaadni armaan olii kun nu hubachiisa. Itti dabalees amantaan kun kan uummata gurraacha Afrikaa akka ta'eefi amantii eenyuuyyuu dura kan ta'e amantaa kuush (Oromoo) ta'uu nu hubachiisa. Amantiin tokko bu'uura mataasaa akkuma qabu, amantaan waaqeffannaas bu'uura mataasaa akka qabu ibsuuf, Maammoon, (2009:70) irratti addeessee jira.

> *Sabni Oromoo Sirna Gadaafi Amantii waaqeffannaa afoolaan walii dabarsaa turuun isaa hindagatamu. Gara biraatiin bu'uurri amantii teenyaa haadhaafi abbaa (duudhaa) keenya malee kan biraa hin jiru. Nutis karaa haadhaafi abboota keenyaa kan waaqeffattummaa eeganii nutti dabarsaniin ala karaa biraa kan deemnu hinqabnu. Akkuma yaada bu'uura amantii birootti dabaluufi hir'isuun cubbuu ta'e, nutis wanta duudhaa keenyarraa arganne malee itti ida'uufi irraa hir'isuun yakka akka ta'e beekuun barbaachisaadha; jedha.*

Yaadni kun kan hubachiisu, sabni Oromoo amantiin Oromoo sirriifi maddi isaa beekkamu "waaqeffannaa" ta'uu isaa hubannee duudhaa isaan afaaniin dabarsaa asiin ga'an kanarraa maquun yookiin goruun seenaa dagachuu, eenyummaa ofii wallaaluufi aadaa dudhaa ganamaa gatuu akka ta'e ifatti kaa'a.

### 2.3.3 Maalummaa Amantii Waaqeffannaa

Amantiin Waaqeffannaa jedhamuun beekkamu kan namni tokko dhuunfaan uumee uummata Oromoo badhaase miti. Ilaalchi Oromoon uumaafi uumamaaf qabu kan uummanni Oromoo durii kaasee waloon qabaachaa har'a gaheedha. Maalummaa waaqeffannaa Fileen, (2021:91) yemmuu ibsu, "Amantiin Oromoo kunis Waaqeffannaa yommuu jedhamu, Waaqeffannaa jechuun Waaqa tokkotti amanuu, hojii waaqaa dhugeeffachuu jechuudha," jedha.

Waaqeffannaa jechuun, waan waaqa jiruufi jireenya ofiitti aanfachuudha; waaqa wajjiin hariiroo qabaachuudha; waaqaafi seera waaqaa amananii fudhachuun jiruufi jireenya ofii qajeelchuudha; waaqaatti amananii, hariiroo gaarii waaqa waliin qabaachuun, waan waaqni ajaje hunda dalaganii, waan inni irraa dhoowwe hundarraa dhoowwamanii jiraachuudha. Waaqeffannaan amantiidha; amantii waaqa tokkichatti amananii ittiin qajeelfamuuti. Waaqa waliin hariiroo tolfatanii dubbii waaqaa dhagayuun waaqeffannaa waan ta'eef; dhugaa kan jibbiinsi keessa hin jirre, kan diddaan dubbii waaqaa keessa hin jirre, kan jaalalaafi gaarummaan kan guutamedha. Waaqeffannaan waaqa tokkicha, kan maqaan dhibbaa, jiruufi jireenya ofiitti aanfachuudha; dhugaa waaqaa dhagahuufi ittiin buluudha.

### 2.3.4 Amantii Waaqeffannaa Galmaa

Amantiin waaqeffannaa akka amantiiwwan biroo waaqni iddoo murtaa'aa, bakka tokkoofi kallattii tokkotti qofa argama jedhee hindhugeeffatu. Kana malees, waaqni galma keessatti sirriitti namaaf dhaga'a, iddoo cubbuu irraa itti qulqulla'an galma keessatti qofaadha; waaqa yoo kadhatan kan namaaf dhaga'u, yoo galateeffatanis caalmaatti iddoo galmaatti naaf dhaga'a jedhanii waaqeffattoonni hin amanan. Fakkeenyaaf, amantiin kiristaanaafi musliimaa waaqni bataskaanaafi masjiida keessatti sirriitti namaaf dhaga'a jedhu. Borus akka gocha/hojii/ keenyaatti waaqni ilaalee murtii nutti laata jedhanii amanu. Waaqeffataan garuu, faallaa kanaa waaqni eessa iyyuu yoomuu nijira. Galgalas ganamaas, halkanis, guyyaas, kallattii afraniinuu nijira. Kanaaf, bakkuma jirutti waaqeffachuufi galateeffachuun ganama yoo hirribaa ka'aniifi galgalas yoo rafan nikadhatu.

Waaqeffattoonni nyaata duraafi boodas waaqayyoon nigalateeffatu. Balbala isaa irrattiifi ooyiruu isaa keessattis irreeffatee waaqa galateeffata. Yoo dukkana gannaa keessaa ifatti bahus, waaqa bacaqii gannaa keessaa birraa ifatti nu baaste jechuun irreessa qabatee malkaa bu'uun kan darbeef galata kan dhufuuf abdii nuuf godhi jedhu. Kana malees, mana mana isaa keessatti Fulbaana waaqa isaa nigalateeffata. Baatii Muddee yookiin Amajjiis mana mana isaa keessatti midhaan gahee gootaraa isaa keessatti galfate waaqni kan sifaa akka isaaf godhu irreessa, dhibaayyuufi dhangaa qopheessee dhibaafatee daddarbuun waaqa galateeffatu.

Baatii Waxabajjis waaqni awwaara bonaa keessa isa dabarsee lafaafi sanyii facaafatu waliin gahe, akka booruu gannaa nagaan isa baasu waaqa galateeffachuun abdii isaa irra godhata. Arfaasas irreessa gamtaan tulluutti bahanii waaqa galateeffachuun abdii irra godhatanii irreessa irreeffatanii waaqni bonaafi awwaara bubbee keessa nagaan isaan baasee rooba qulqulluu akka roobuufi sa'aa namaan uumama hundaa nagaa akka godhuufi isaan tiksu abdii waaqa irra godhatu. Waaqeffannaan galmaa garuu isa Oromoon iddoowwan akka: manatti, borootti, golatti, ooyiruutti, malkaatti, tulluutti, abdaariifi kan kana fakkaatanitti qofa; waaqeffatu osoo hintaane galma ijaarratee bakka tokkotti jamaan kan waaqa kadhatuufi galateeffatuudha.

Waaqeffattoonni gamtaan walgahanii torbanitti yeroo lama iddoo galmaatti argamuun waaqa kadhatu. Waaqeffannaan galmaa bifa sagantaatiin kan waaqeffatamu yoo ta'u, hordoftonni amantii waaqeffannaa miseensa horachuun galma tokko keessatti ijaaramanii waliin kan waaqeffataniidha. Waaqeffannaan galmaa akkuma waaqeffannaa mana nama dhuunfaa, oyiruu,

ujubaa, malkaa, tulluu, abdaariifi kkf osoo hin taane galma keessatti namoonni walitti dhufuun gamtaan kan waaqeffatamudha.

#### 2.3.4.1 Waaqa

Akka amantii waaqeffannaatti wanti jalqabaas, wanti dhumaas Waaqa tokkicha jedhama. Waaqa dura wanti ture tokkollee hin jiru; Waaqa boodas wanti dhufu hin jiru. Dhugaan fedhes waaqaan duuba hinjiru. Waaqaan duuba karaan nama hin dabarsu. Waaqa wanti caalu, wanti isaan dorgomu tokkollee hin jiru. Jechi uumaa jedhu waaqa jechuudha. Yaada kana Mulugeetaan (2017) yoo ibsu, "Uumaa is an Oromo term which in interchangeable way to represent creator and created. It is only waaqa who can create all things" jedha. Akka yaada kanaatti jechi 'uumaa' jedhu, 'waaqa' bakka bu'a. Waaqni addunyaa kanaafi waan addunyaa kanarra jiru hunda kan uumedha. Yaada kana ilaalchisuun Leellisaan (2015) akka armaan gadiitti ibseera.

> *Waaqni uumaa waan hundaati. Kan bara baraan jiraatu, jiraataa fulla'aa, dachiifi samii (ruuda) kan qooloo (ciicoo) uummanni marti keessa jiraatu kana kan uumeefi kan tiksee jiraachisu waaqa tokkicha. Wanti waaqa duuba jiraachuu danda'u tokkollee hin jiru. Uumama cufa kan eegu, kan tiksu, kan balleessuufi kan oolchuu danda'u isa qofa. Maddi uumaafi jiraachisaan isa duwwaadha. Wanti lubbuu qabuufi hinqabne cufti isaan uumaman; eebbaafi fedha isaa duwwaanis jiraatan. Kanaaf sabni ardii kana irra jiraatu marti jechaafi afaan adda addaa isaan uumaman. Tokkicha maqaa dhibbaa kan jedhameefis kanumaafi. Wanti hundi maqaa isaa waaqa irraa argata, jechuun ibse.*

Akka yaada armaan olii kanarra hubachuun danda'amutti, Oromoon waaqaaf safuufi safeeffannaa guddaa qaba. Waaqni dorgomaafi qixxee, jalqabaafi dhumas hin qabu. Waaqni abbaa uumama hundaafi tiksee waa maraa ta'uu agarsiisa.

#### 2.3.4.2 Nama

Utubaan waaqeffannaa inni biroon dhala namaati. Waaqeffannaan dhala namaaf kabaja addaa qaba. Waaqnis waan uume mara keessaa kan aangoo, beekumsaafi dandeettii badhaase dhala namaati. Addunyaa kan irrattis beekumsa kan qabuufi waaqaa gaditti addunyaa kana kan too'atuufi haala barbaadeen mijeeffatee jiraatu dhala namaati. "Dhalli namaa kabajamaadha; dhalli namaa birmadoodha; dhalli namaa walqixxeedha; dhalli namaa wayyoomaadha; dhalli namaa wayyuudha; dhalli namaa daaniyaadha; dhalli namaa bakka bu'aa waaqa walaabuun bulchuuf aangomedha." (Daaniyaa 2006). Waaqni waan hunda uume keessaa kan beekumsaafi dandeettii addaa kenneef dhala namaati. Dhalli namaa egeree dhalootaas ta'ee jireenya uumamaa kan walaabuu tolchuuf aangoo addaa qaba. Waaqeffannaa keessatti dhalli namaa ulfaataadha.

### 2.3.4.3 Qaalluu

Waayyuu utubaa waaqeffannaa ta’an keessaa tokko qaalluu yookiin qaallittiidha. Qaalluun waayyuu dhiiraa uumamaan ayyaana waaqaa, isa waan waaqaa hiikee ibsu, goonfateedha. Qaallittiin immoo, waayyuu nadhoo yookiin dubartii uumamaan ayyaana waaqaa, isa waan waaqaa hiikee ibsu, goonfattedha. Namoonni akkanaa, kanneen uumamaan fedhiifi seera waaqaa hiikuufi ibsuuf waaqaan muudamanii dhalatan ayyaantuudha. Qaalluun beekumsaafi hayyummaa waaqaa karaa dhalootaa qofaan argata; ittiin dhalata jechuudha. Yaada kana Fileen (2021:125) Asmerom wabeeffachuun yommuu ibsu, “Muudamni Qaalluu akka abbootii Gadaa filannoodhaan kan gaggeeffamu otoo hin taane waaqarraa kan kennamu, qacceedhaan dhaloota irraa dhalootatti kan darbu, eenyuyyuu irraa molquu kan hindandeenye” jechuun ibsee jira. Qaalluun nama beekaa, nama raajii waaqaa himu, namootaafi waaqa kan wal qunnamsiisu, rakkina uummataa waaqaan kan geessisu, ergaa waaqaa immoo kan ummatatti dhiyeessu, ibsu, hojii araaraa kan hojjetu, namoota walitti bu’an kan araarsu, akkasumas Sirna Gadaa keessattis ta’ee, sirnoota kanneen biroo keessatti kan eebbisu qaalluu jedhama. “Qallu is considered as religious father, designated to give blessing in ritual performances of Gada system.” (Mulugeta 2014: 165). Qaalluun amantii duudhaa Oromoofi Sirna Gadaa keessatti kan eebbisudha.

As irratti wanti hubatamuu qabu, qaalluun kan yeroo ammaa hawaasni adda addaa ‘qaallichaa’ jechuun waamu wajjiin tokko akka hin taaneefi amala isaaniitiinis ta’ee hojii isaaniitiin walfakkeenya kan hin qabneedha. Qaalluun wiirtuu amantii waaqeffannaati. Waaqeffannaa keessatti qaalluun jalqabaa innoodha.

### 2.3.4.4 Ayyaana

Ayyaana jechuun mil’uu, gaaddidduu, awaayiifi akka dhugeeffannoo waaqeffataatti akkasumas ayyaana jechuun carraa, milkiifi guyyaadha. Ayyaanni waan waaqaan ramadame tiksee namaafi uumama hundaati. Hiika ayyaanaa ilaalchisee, (Mulugeetaan 2014:64) irratti yoo ibsu, “Ayyana is refers to a divinity or spirit that serves as intermediary between human beings and waqa (God).” jechuun kaa’a. Yaadni kun kan agarsiisu, ayyaanni milkii yookiin awaayii dhala namaafi waaqa gidduutti walqunnamsiistuu ta’ee tajaajilu ta’uusaa ibsa.

Waaqeffannaan amantii dhala namaa gara waaqa tokkichaatti deebisee, waaqa tokkichaan qajeelchudha.Waaqeffattoonni amantii waaqeffannaa hordofanis, “Waaqa uumaa amanna; uumamaan isa kadhanna” jedhan. Kaayyoon amantii waaqeffannaa dhala namaa fedhiifi seera

waaqaan guutuudhaan jiruufi jireenya gaariifi qajeelaa walaabuun akka dhuunfatu taasisuudha. Akka amantii waaqeffannaatti ayyaanni akaakuu bal'aa qaba. Akaakuu ayyaanaa kanas iddoo sadiitti qoodanii ilaaluun nidanda'ama. Isaanis: Ayyaana waaqaa, ayyaana namaafi ayyaana uumamaati.

**Ayyaana Waaqaa:** Akka amantii waaqeffannaatti waaqni ayyaana ulfaataafi kabajamaa waa hunda ittiin qajeelchu qaba. Waaqni raajii mara kan hojjete mil'uu ayyaanani. Ayyaanni waaqaa kun waan walaabuu cufa si'a tokkotti sochoosuufi qajeelchuu ni danda'a. Waaqeffattoonnis ayyaanni waaqaa kun waan hunda altokkotti sirreessuu akka danda'u ni amanan. Kana immoo kadhannaa, eebbaafi galata mara irratti ni ibsan. (Daaniyaa, 2006). Walumaagalatti, waaqni waan hunda waan ittiin too'atu qaba. Humni kun immoo walaabuu dhuunfatee kan battalatti sochoosudha.humni kunis ayyaana waaqaa kan iddoo hunda jiru; kan jalqabas, dhumas hin qabne kan waan barbaade gochuuf dandeettii qabu; kan dandeettii isaa bira gahuun hin danda'amne; kan ijaan arguun hin danda'amneefi kan raajii hojjetudha .(Leellisaa, 2015).

**Ayyaana Namaa:** Waaqeffataan akka amanutti waaqni dhala namaa kan uume ayyaana mata-mataa wajjiin uume. Dhalli namaa marti matuma mataan ayyaana mataasaa niqaba. Waaqni yeroo nama uumus dhala namaa uumama biroo caalaa waan filateef ayyaana addaa kenneef. Ayyaanni kun bakka lamatti qoodama. Tokko, ayyaana namni marti wajjiin dhalatee ittiin jiraatudha. Namni cufti gaafa dhalatee kaasee ayyaana fulla'aa kan diroo darbu niqaba. Inni lammataa, ayyaana addaa kan namoota waaqni ayyaantuu akka ta'an filee muudeedha. Namoonni kunneen beekumsa addaafi humna addaan raajii waaqaa himuufi hiikuu kan danda'aniidha. Ayyaana ofii gabbifatanii jiraachuuf safuu waaqaafi lafaa eeggachuun cubbuu lagachuun dirqama waaqeffattoota amantii waaqeffannaati; jedhu. Yoo safuu eeggatanii cubuu hin laganne ayyaantummaan nibada yookiin nihir'ata. Kana jechuun namni ayyaana hin qabne eegduu waan hin qabneef balaan adda addaa isa muudata. Namni ayyaana qabu immoo yeroo hundumaa eegduu qaba waan ta'eef balaa kamiinuu hin miidhamu jedhama.

**Ayyaana Uumamaa:** Akka ilaalcha amantii waaqeffannaatti uumamni hundi ayyaana ittiin socha'u niqaba. Ayyaanni kun kan dhalootaafi uumamaan uumaarraa argameedha. Dhalli namaa ayyaana uumamaa ni safeeffata. Safuunis ayyaana uumamaa waan ta'eef, akka uumametti akka fulla'u nitaasisa. Waaqni uumama mara kan uume ayyaana mataasaanii wajjiniin ture jedhama. Ayyaanni kun immoo yoo safeeffatamuu baate hariiroon uumaafi uumama gidduu jiru nibada.

Kun immoo badii waan dhaluuf, hoodachuun dirqama dhala namaati. Fakkeenyaaf Oromoon malkaa, tulluu, muka jiidhaafi wkkf ni safeeffata. Akka ilaalcha waaqeffannaattis uumamni safeeffannaa niqaba. Ayyaanni kun waan cufti iddoo naqameef taa'ee, akka nagaafi tasgabbiin qajeelfamu taasisa. Seeronni yayyaboos ta'anii, seeronni shanan walaabuu baatee ayyaana uumamaa, kan wantoota hundaa akka dhufaatiisaatti eegee qajeelchudha. (Daaniyaa, 2006).

### 2.3.4.5 Safuu

Safuun ilaalcha Oromoon uumaafi uumamaaf qabuudha. Yaadni safuu jedhu yaada qabatama hin qabne jechuu miti. Akka ilaalcha Oromootti yaada gocha ilmi namaa raawwatu mara waliin kan walqabatu, daandii sirrii, kan karaa jireenya gaariitti nama geessuudha. Yaadakana fakkaatu Warqinaa Qalbeessaa (2005:9) Lambert Bartels, 1983 wabeeffachuudhaan ibsee jira.

> *Safuu is a moral concept that serves as the ethical basis for regulating practices in order to insure high standard of conducting appropriate to different situation. It helps individual to avoid morally wrong action. The safuu is what makes human different from other animals. Safuu help individuals relate natural laws and to base their activities on these laws. Safuu is mediating category between different things. There are safuu between mother and daughter, between father and son, between generation, between human and nature, between God and earth. Safuu regulate people's activities.*

Safuun duudhaa hawaasaa eeguudha. Kunis, hawaasa keessatti iddoo olaanaa kan qabu yoo ta'u, safuun ilma namaa bineensota biroo irraa adda kan taasisuudha. Safuufi safeeffannaan dhimmootaafi qaamota adda addaa gidduutti kan jiraatudha. Haaluma kanaan safuun haadhaafi intala gidduutti, abbaafi ilma gidduutti, namaafi uumama gidduutti, waaqaafi lafa gidduutti safuun jira. Walumaagalatti safuun jireenya namaa kan qajeelchuudha.

Maalummaa safuu ilaalchisee Fileen, (2021:134) irratti yemmuu ibsu, "Safuu jechuun akkaataa uummanni Oromoo jiruufi jireenya isaa ittiin gaggeessu, ittiin walto'atu, walkabaju, uumaafi uumama safeeffatudha," jedha. Safuun seera uumaafi uumamaa kan hariiroo waa hundaa of keessaa qabudha. Hariiroon uumaafi uumamaa, namaafi namaa, namaafi uumamaa marti safuun qajeelfama. Akka ilaalcha Oromootti safuun seera waltaasisaa uumaafi uumamaati.

Safuun kun cabnaan walitti dhufeenyiifi walqunnamtiin uumaafi uumama gidduutti nijeeqama. Jeeqamni kun immoo wantoota seeraan sirneeffaman diiga; dafee yoo furamuu baate immoo madda badii dhalootaa ta'a.

Dabalataanis, Biiroon Aaadaafi Turiyimii Oromiyaa, (2006:24) kitaaba “Moral, ethical and scientific Oromo wisdom of safuu about nature” jedhu bu’uureffachuun safuu akka armaan gadiitti ibsee jira.”Safuu is a moral category based on Oromo nations distance and respect for all things. The concept of safuu is not mererly an abstract category: it constisutes the ethical basis upon which all human action shoud be founded, it is that which direct on the right path; it show the way in which life can be best lived.”

Safuun ilaalcha uummanni Oromoo dhimmoota maraaf qabu kan agarsiisudha. Dhimma yaadan jiru qofa osoo hin taane gocha ilma namaa mara kan ilaallatuudha. Daandii jireenyaa sirrii, amala gaariitti nama qajeelchuufi kan ittiin jiraataniidha.

“Akkaataa ilaalcha waaqeffannaatti, akkaataan itti uummanni waldanda’anii, walkabajanii hanga danda’ametti bakka walii kennanii waliin jiraatan safuu jedhama.” (Dirribii, 2016:65). Akka yaada kanaatti safuun kan dhaalamu malee kan dhalatu yookiin kan jijjiiramu akka hin taanedha.

Safuun seera qananiiti, wanti waaqni uume cufti walkabajee wal qananiisee waliin jiraata. Abbaafi ilmi, haatiifi intalli, intalliifi abbaan, haatiifi ilmi, hangafnii quxusuun waliif safuu qabu. Safuu akka eegnu waaqatuu waliin nu uume malee qajeelchaafi gorsa namaan miti jedha amantiin waaqeffannaa. Safuun seera waaqaa lafaati.Safuun mirgaafi dirqama uummanni ittiin nagaadhaan waliin jiraatudha.” jechuun kaa’a. Waraabbiin kun kan ibsu, namni safuu ganamaa cabse cubbuu waan hojjeteef akka adabamu, safuu eeguunis dirqama uumamaa ta’uu isaati.

### 2.3.4.6 Cubbuu

Akka hubannoo waaqeffataatti cubbuu jechuun safuu cabsuudha. Safuu cabsuun nagaa balleessuudha. Safuu yoo cabsan nama miidha. Safuu yoo cabsuu baatan immoo cubbuun hin jiru. Yoo safuu cabsan cubbuu hojjetu, yoo cubbuu hojjetan immoo waaqni fuula nama irraa garagalfata. Yoo waaqni fuula nama irraa garagalfate ayyaana dhabu. Yoo ayyaana dhaban immoo tiksaa hin qaban. Gaafas immoo balaa garagaraatu nama irra gaha. Kanaafuu, safuu yoo egganne cubbuu hojjechuurraa ni fagaanna.

Dirribii, (2016:66) irratti cubbuu yoo ibsu, “Cubbuu jechuun safuu cabsuudha. Safuu cabsuun nagaa balleessee nama miidha. Hanga safuun cabee namni hin miidhamnetti cubbuun hin jiru. Safuun seera waaqaa lafaati.Safuun mirgaafi dirqama uummanni ittiin nagaadhaan waliin jiraatudha.” Jechuun kaa’a. Waraabbiin kun kan ibsu, namni safuu ganamaa cabse cubbuu waan hojjeteef akka adabamu, safuu eeguunis dirqama uumamaa ta’uu isaati.

#### 2.3.4.7 Dhugaa

Dhugaaan ergaa ijoo amantii waaqeffannaati. Leellisaan, (2015:185) irratti yoo ibsu,"Namni amantii waaqeffannaa qabu dhugaa barbaadee hin dhabu, kijibaanis hin dhaalamu" jedha. Yaadni kun amantii duudhaa Oromoo waaqeffannaa kan dhugaa Oromoo ganamaa bade ture. Amma ifa ba'uu isaaf fuuldurattis jiraachuu akka danda'u agarsiisa. Kanaafuu, amantii Oromoo ganamaa kan dhugaan madda walaabuu irraa Oromoof kennameefi kan dhugaafi dhugaadhaan kadhatamuudha. Dhugaa ilaalchisuun Geetaachoon (2006:62) yoo ibsu,

> *Dhugaa jechuun waan ijaan argan, gurraan dhaga'an tokko osoo hin dhoksin, hin jallisin, hin dabsin himanii mirkaneessuu jechuudha. "Dhugaan ni qallatti malee hin cittu," jedha Oromoon inni dhugaaf falmu. Waaqni immoo iddoo dhugaan jiru waan jiruuf dhuma irratti namicha dhugaaf dhaabbate sanaaf injifannoo goonfachiisa jedhee amana. Kanaaf hordoftoonni amantaa Oromoo ganamaa henna mammaakan illee akkana jedhu "dhugaan diirama huuqqatte, galgala gabbatti, dhiirri diirama gabbatte, galgala huuqqatti," dhugaaf mormu; dhugaaf du'u, seera uumaafi seera caffee (gumii) irratti hundaayanii haqaafi dhugaaf lolu.*

Kanarraas kan hubannu, dhugaan amantii waaqeffannaa keessattis ta'ee, uummata Oromoo biratti hangam akka bakka qabu nu hubachiisa. Hawaasa Oromoo birattis ta'ee waaqeffannaa keessatti dhugaafi waaqni akka hidhata qabanitti ilaala. Yaaduma armaan olii kana deeggaruun, Mulugeetaan, (2014:163) irratti ibsee jira. "The term 'dhuga' in Oromo refers to 'justice'or 'truth'which is considered as cardinal thematic issues of various social discourses. In other words, it is believed that 'dhuga' is equated with the son of 'waqa' (God). There is a discourse widely spoken in the community as "waaqni hunda irra dhugaa jaalata" which can be literally translated as "God loves justice or truth more than anything else," Akka yaada kanaatti dhugaan waaqa biratti kan jaalatamuufi haasawa hawaasaa keessattis dhugaan hiika bal'aa akka qabu agarsiisa. Dhugaa waaqatu jaalata waan ta'eef dhugaa eeganii jiraachuun dirqama jedha amantiin waaqeffannaa. Kana malees Oromoo "Dhugaan ilmoo waaqati" jedha. Dhugaa jallisuufi dhoksuun Oromoo biratti ulfaataadha. Namni dhugaa jallise, falatee keessaa hin bahu jedhanii waan dhugeeffataniif dhugaa dhokate baasun dirqama jedha waaqeffataan.

## 2.4 Jeekkarsa

Oromoon yoo waaqasaa kan kadhatuufi galateeffatu, akkasumas waaqeffannaa isaa dhugeeffatu bakka galmaattiifi iddoo irreechaatti walga'uun qofaa osoo hintaane, yeroo adda addaafi bakkeewwan adda addaattis nifaarsa. Sababni isaas, waaqayyoo yoomiyyuu, eessayyuu kan

jiraatu waan ta'eefidha. Kana jechuun waaqeffattoonni waaqni nidhufa; lafa bu'a; dhufaa jira; jedhee hin amanu. Waaqni eessayyuu, yoomiyyuu kan jiraatu, waan hedduu kan qabu akka ta'etti amana. Amantii waaqeffannaa keessattis faaruufi jeekkarsaan ibsata. Jeekkarsa yookiin faaruu waaqaa kanas jechoota mimmiidhagoofi ulfoo ta'aniin waaqa faarsa. Jeekkarsa yookiin faaruu waaqeffannaatiin gocha waaqni isaaf godheefi isaaf godhuuf jiru abdii irra kaa'achuun ibsata.

Jeekkarsaan waaqni halkaniifi guyyaa uumama isaa tiksuu, hundumaa danda'uu, hundaaf dhaabbachuu, lubbuqabeeyyii hundaaf wabii ta'uu, namni illee dogoggoree yoo balleesse tarkaanfiidhaaf ka hinjarjarre 'kan garaan fittaalaa' garaa bal'eessa ta'uu isaa ittiin ibsatu. Akkasumas, waaqni wantoota lubbuqabeeyyiif barbaachisoo ta'an, fakkeenyaaf midhaan biqilchuudhaan kanaanis beela balleessuudhaan jiruufi jireenya dhala namaafi uumama maraaf abdii ta'uu isaa ittiin kan ibsataniidha. Waaqni uumama isaa hundaa sadarkaadhaan, saalaan, sanyiin, bifaan, amalaan, gosaaniifi kkf adda osoo hinfo'in ija tokkoon kan ilaaluufi kan gargaarudha. Kanaafuu, jeekkarsi amantii waaqeffannaa hedduun isaanii yaadrimee armaan olii kana kallattii adda addaan waaqa kan ittiin faarsan ta'uu nuhubachiisa.

## 2.5 Eebba Amantii Waaqeffannaa

Duudhaa Oromoo keessatti waaqeffataas ta'ee qaamni hawaasa Oromoo hunduu sirna kamiifuu yoo walga'an bakka Oromoon walga'uun dhimma barbaade raawwatutti eebbaan jalqabanii eebbaan xumuru. Inni kun ammallee haaluma kanaan raawwatamaa jira. Eebba guula yookiin angafatu eebbisa; jamaan yookiin caqastootni immoo jalaa qabu. Ittiin waltajjiin banama; ittiinis cufama. Eebbi milkii waan ta'eef safeeffannaa Oromoo keessatti kan hundee jabeeffateedha.

> *Akka waaqeffannaatti waanti cufti eebbaan jalqabama; eebbaanis goolabama. Waaqni waan hunda kan uumuu eegale eebbaan ture; erga uumees booda eebbaan xumure. Eebbi beeliidhas; beleliidhas. Eebbi mallattoo milkii toluuti. Kanaaf waaqeffannaa keessatti eebbi kan iddoo guddaa qabaachuu danda'e. Eebba malee waanti dhugoomu hinjiru. Eebba kennuun haa ta'uu fudhachuun dirqama… Eebbi waan lama ofkeessaa qaba. Tokko beeliidha; beelii jechuun jalqaba waan hundaati. Akka kanaan eebba jechuun harka hiikkannaa ykn jalqaba waan milkii tolfachuufi qajeelchuudha. Waanti hojjatamuuf ykn dalagamuuf jedhu akka toluuf dursa eebbifatan. Kan biraa belel ta'a. Belel jechuun dhuma waan hundaati. Yeroo kana waanti yaadan milkaa'uu ykn toluu isaatiif kan eebbifatanii galateeffataniidha. (Daaniyaa, 2006:139)*

Akkuma waraabbii armaan olii irraa hubatamutti, eebba malee wanti hawaasaafi waaqeffataa Oromoo biratti raawwatamu hinjiru. Eebba hawaasaa gamtaan raawwatamu keessatti angafatu

yookiin guulatu eebbisa. Kan maatii keessatti ta'uufis akkuma duudhaafi barbaachisummaa isaatti hangafa qe'ee sanaatu eebbisa. Haalli eebbi kun itti raawwatus aadaafi safuu hawaasaa eeguun kan adeemsifamudha. Oromoon xinnaan akka guddatuuf, wallaalaan akka beekuuf, beekaan akka buluuf, deessuun akka oofkaltuuf, ateeteen akka qajeeltuuf, Deegan akka duroomuuf, akkasumas sirnoota gara garaa kan akka Gadaa, gaa'ela, waaqeffannaafi kkf keessatti ni eebbifata.

Egaa eebbi waaqeffannaafi kadhaa waaqaa keessatti iddoo guddaa qabaachuu isaa nihubanna. Adeemsi waaqa kadhachuu yookiin wal eebbisuu akkaataa duudhaa Oromootti nageenya yookiin hawwii gaarii biyyaafi maatii ofiif qaban argachuuf akkasumas imaanaa ofii yookiin biyya ofiif qaban bifa kadhaatiin waaqatti waliif dhaamuudha. Waleebbisuun waan namni tokkoofi biyyi tokko akka argatu hawwinuuf dhugoomsuuf kan eebbifamudha. Yeroo gara garaa iddoo adda addaatti kan eebbifamuudha. Ganamaafi galgala, bahaafi gala, akkasumas, jiruufi jireenya hawaasa mara keessatti waleebbisa. Oromoon dhimmoota adda addaaf ganama buna danfisuun bunni danfe osoo hindhugamin dura ni eebbifama. Oromoon kan balleesse ni abaara, kan tolche ni eebbisa, balleessuuf ni abaara; tolchuuf ni eebbisa. Oromoon abaaree balleessuu, eebbisee guddisuu qajeelchuu) akka danda'u waan amanuuf dhalasaaf, loonsaaf, lafasaafi namasaaf eebba hawwa. Oromoon yeroo seera baasu muka guddaa gaaddisa qabu jala taa'ee eebbisa. Boroo irratti, karra irratti, ooyiruu keessatti, caffeetti, malkaatti, tulluu irratti, odaa jalatti ni eebbisa. Waaqeffataan bakka dhaabbatee eebbise irra dhaabbatee hin abaaru.

## 2.6 Wantoota Aadaa

Namoonni fedhii meeshaafi xiinsammuu guuttachuufi dandeettii ogummaa agarsiisuuf jecha kan hojjetan wantoota ijaan mul'ataniifi harkaan qabamuu danda'aniidha. Wanti aadaa kan gurraan dhaga'amu yookiin kan afaaniin dubbatamurra kan ijaan ilaalamudha. Wanti aadaa kunis aadaa, amantaafi falaasama hawaasa tokkoo kan calaqqisiisudha. Namoota ilaalchaafi barsiifata tokko qabaniin dhaloota tokkorraa kan itti aanutti bifa ilaallamuufi harkaan qaqqabamuun qabeenya aadaa darbuu danda'udha. Ijaarsa manaa, dallaa, hojii harkaa, mimmiidhagsa meeshaafi manaa, faaya adda addaafi kkf gooroo kana jalatti ramadamu.

Glassie, (1999:291) "It is the transformation of natural resources to cultural art fact," jedha. Meeshaaleen aadaa qabeenya uumamaarraa akka dhufaniidha. Isaanis ibsituu ogummaa hawaasa tokkooti. Dhugummaan beeekkumsa saba sanaa ittiin madaalama. Hayyuun kun achuma

keessatti meeshaaleen aadaa isaan kam akka ta’aniifi barbaachisummaa isaan hawaasa isaaniif qaban ibseera. Beekumsi inni bu’uurri maqaa isaanii tarreessuu qofa osoo hin taane ergaafi tajaajila isaanii dursisiisuun ogummaa guddaadha. Meeshaaleen aadaa miidhagina biratti hiika mallattoo eenyummaa hawaasa tokkoo agarsiisu.

Meeshaaleen aadaa, aadaa uummataa keessatti kanneen ga’een isaanii akka meeshummaa qofatti hin taane, kan kabajaafi ulfina qaban ija aadaan ergaa garagaraa kan dabarsaniidha. Amantaa waaqeffannaa keessattis meeshaaleen aadaa kun ni tajaajilu. Waaqeffataan yeroo waaqa kadhatuufi ayyaaneffatu kan ittiin sirna isaa gaggeeffatuudha. (Dirribii, 2012:107). Isaan kunniin akka meeshaatti lakkaa’amanis tajaajilli isaan kennan kan meeshummaa qofa miti. Meeshaaleen aadaa safuufi kabaja kan qabaniifi fookilorii uummatichaa kan bu’uureffatan eenyummaa saba tokkoo mirkaneessuun haalaafi akkaataa jiruufi jireenya sabichaa kan ibsaniidha. (Jaarraafi kanneen biroo, 2000:158). Waa’ee meeshaalee aadaa garaagaraa faayamee waan ayyaaneffamuuf maalummaafi faayidaa meeshaalee sanaa adda baafachuun barbaachisaadha. Qorataan tokko meeshaalee aadaa kana beekuu kan barbaadu, hawaasni jiruu dabarse keessatti akkamitti mana akka ijaarratan, huccuu hojjetan, nyaata qopheeffatan, lafa qotan, meeshaalee adda addaa miidhagfataniifi kkf hubachuudhafi. Akkasumas, meeshaan aadaa hawaasa faana bara dheeraa ture kun bara qaroomaa keessatti immoo mallattoo akkamii akka hambiseef qunnamtii yookiin hariiroo isaan gidduu jirus hubachuutu irraa eeggama.

## 2.7 Sakatta’a Barruu Walfakkii

Kutaa kana jalatti qorannoowwan adda addaa kanneen amma dura hojjetaman kallattiinis ta’ee al kallattiidhaan qorannoo kanaan walitti dhufeenya qaban sakatta’uudha. Haaluma kanaan qorannoowwan kanaan dura qorataman kallattiin mata duree qoratichaarratti kan hojjetame yeroo barruun walfakkii sakatta’ametti hin argamne. Haa ta’u malee iddoo tokko tokkotti kan walitti dhufan ni jiru.

Jalqabarratti, Imaanaa Bayyanaa (2007) “Qaaccessa Qabiyyee Faaruu Amantii Duudhaa Oromoo” kan jedhu irratti hojjetee ture. Xiyyeeffannoon isaa qabiyyee jeekkarsi amantii waaqeffannaa qabu ilaaluudha. Qorannoo kana faana faayidaa jeekkarsi amantii waaqeffannaa kun hawaasaaf qaburratti walfakkaata. Garaagarummaan isaan qaban immoo, qorannoon kun dhimmoota adeemsa raawwii amantaa waaqeffannaa galmaa, yoomessa raawwii amantaa

waaqeffannaa galmaafi faayidaa amantii waaqeffannaan galmaa qabu ibsuun waan kaa'eef garaagara.

Itti aansuun immoo, Geetaachoo Hundee (2016), "Qaaccessa Faaruu Waaqeffannaa Jorgaa," jedhu irratti hojjetee jira. Xiyyeeffannoon isaa guddaan faaruuwwan sirna kana keessa jiru qaaccessuun qabiyyeetti ramaduudha. Walitti dhufeenyi qorannoo kana faana qabu, dhimma afoola amantaa waaqeffannaafi faayidaa keessatti argamu yoo ta'u, inni adeemsa raawwii amantaa waaqeffannaa galmaafi yoomessa adeemsa raawwii amantaa waaqeffannaa galmaa xiinxaluu dhiisuun isaa adda taasisa.

Dabalataanis, Nugusee Iddeessaa (2009), "Qaaccessa Sirna Waaqeffannaafi Fayyadama Afaanii Warra Kallachaallee: Godina Shawaa Lixaa Aanaa Daannoo," jedhu irratti qorannoo gaggeesseera. Qoratichi sirna waaqeffannaafi fayyadama afaanii warra kallachaallee irratti xiyyeeffachuun ibseera. Qorannoo kana wajjiin dhimmoota amantii waaqeffannatiin walqabatan tuttuquun isaa walfakkeessa. Sirna waaqeffannaa kallachaallee keessatti itti fayyadamni afaanii toora xiyyeeffannaa qoratichaati. Garaagarummaan qorannoo kana waliin qabu, dhimma amantii waaqeffannaa galmaafi yoomessa adeemsa raawwii amantii waaqeffannaa galmaa xiinxaluu dhabuun isaa adda adda taasisa.

Dhumarrattis, Tacaanee Alii (2011), "Xiinxala Haala Raawwii Duudhaalee Amantii Waaqeffannaa Godina Shawaa Bahaa Aanaa Warra Jaarsoo irratti xiyyeeffate," kan jedhu irratti hojjetee jira. Xiyyeeffannaan isaa ayyaana duudhaa Oromoo ateetee dubartootaafi irreecha birraa xiinxaluun ibsee jira. Qorannoo kana waliin dhimmoota amantii waaqeffannaan walqabatan tuquun isaa walfakkeessa. Addaaddummaan isaanii inni ayyaana ateeteefi irreecha birraa irratti yoo xiyyeeffatu, qorannoon kun immoo dhimmoota adeemsa raawwii amantaa waaqeffannaa galmaa, yoomessa raawwii amantaa waaqeffannaa galmaafi faayidaa amantiin waaqeffannaa galmaa qabu ibsuun waan kaa'eef garaagara.

# BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA

Boqonnaa kana jalatti kan dhiyaatu: Mala kam fayyadamuun akka qoratamu, madda odeeffannoo, mala iddattoon ittiin falatame, mala ragaan ittiin funaannameefi qaacceffametu sababa filatameef waliin dhiyaate.

## 3.1 Malleen Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu dursinee mata duree adda baafachuu, maaliif akka gaggeessinu, maalirratti akka xiyyeeffatuufi mala kamiin yoo fayyadamne kaayyoo barbaanne bira ga'uu akka dandeenyu adda baasuu gaafata. Haaluma kanaan qorannoon kun mata duree, "Adeemsa Raawwii Amantii Waaqeffannaa Galmaa Godina Shawaa Bahaa Aanaa Boosat," kan jedhu yoo ta'u, mala qorannoo akkamtaatti dhimma kan bahameedha. Sababni isaas akaakuun qorannoo kanaa mijataa akka ta'e Dastaa (2013) yoo ibsu, "Gosti qorannoo kanaa aadaa hawaasaa tokkorratti qorannoo gaggeessuun muuxannoo, ilaalcha, haala aadaa hawaasa sanaa addaan baafachuuf filatamaadha," jechuun kaa'a. Egaa aadaan waan hunda; jechuunis haalli nyaataa, amantiifi akkaataan ittiin kabajatan, haalli uffannaafi kan kana fakkaatan aadaa keessaa burqan jechuudha.

Addunyaa (2011:10) mala qorannoo akkamtaa bifa armaan gadii kanaan ibsa, "Qorannoon akkamtaa, gaaffiiwwan maaliif? Akkamitti? jedhaniif deebii deebisuuf carraaqa." jedha. Qorataanis qorannoo isaa "Dhimma Adeemsa Raawwii Amantii Waaqeffannaa Galmaa" gaggeessuuf mala mijataa kana filatee jira. Dabalataanis, Yaadasaan (2008:68) irratti mala qulqulleeffataa yoo ibsu, "Gosa qorannoo kan ragaalee ibsaafi oduudhaan dhiyaatani argachuuf ittiin sakatta'aniidha," jechuun kaa'ee jira. Innumti, (2008:69) amalli qorannoo kanaa ragaalee ibsaan dhiyeessee, ibsaanis akka xiinxalu hubachiisee jira. Waraabbiin kunis ragaa afaaniin deebiin kennamuufi jechaanis ibsamee gabaasni hojichaa dhiyaatuuf malli qulqulleeffataan (akkamtaan) filatamaa ta'uu isaati.

Addunyaa (2008, 10-11) "Akaakuun qorannoo kanaa dhimmoota qorannicha keessatti dhiyaatan mara jechaan ibsa. Qorattoonni haala jiruufi jireenya hawaasaarratti qorannoo gaggeessuu barbaadan, odeeffannoo kan funaannatan waan daawwatan, mari'atan, argan, dhaga'an, haala naannoofi jiruufi jireenya uummatichaa ilaalchisanii waan dubbisaniifi wkf irraati." jedha. Mala

qorannoon ittiin adeemsifamu adda baafachuun karaa ittiin hojjetan qofa osoo hintaane, mala ittiin odeeffannoon guuramuufi hiikamu hubachuufillee murteessaadha jechuun nidanda’ama.

## 3.2 Madda Odeeffannoo

Maddi ragaa qorannoo kanaa madda odeeffannoo jalqabaati. “Maddi ragaa tokkoffaan odeeffannoo od-himtoota irraa kallattiidhaan qaamaan bakka taatee tokkotti argamuudhaan tooftaa odeeffannoo ittiin walitti qabataniidha,” (Filee, 2021:69). Haaluma kanaan maddi ragaa qorannoo kanaa madda odeeffannoo jalqabaati. Innis qoratichi yeroo raawwiin amantaa waaqeffannaa galmaa gaggeeffamu gidduutti argamuun: sagantaa raawwii amantii waaqeffannaarratti hirmaachuun daawwachuudhaani. Akkasumas, amantoota (hordoftoota) amantii waaqeffannaarratti hubannoofi beekumsa waa’ee adeemsa raawwii waaqeffannaa galmaa niqabu jedhaman filachuun afgaaffii dhiyaateefi jira. Haaluma kanaan odeeffannoon daawwannaa, afgaaffiifi marii gareetiin funaanamee, hiikamee qaacceffame ibsi itti kennameera.

## 3.3 Mala Iddatteessuu

Qorannoon tokko yemmuu gaggeefamu dhimmamtoota hunda hirmaachisuun ni ulfaata. Kanaafuu, bakka buutota filachuun dirqama ta’a; tooftaa hojii isaas nimijeessa. Daangaan qorannoos kan barbaachise dhimmoota hunda walfaana qorachuun waan hindanda’amneef tooftaa iddattoo isa bu’a qabeessa filachuun barbaachisaadha. Maalli iddatteessuu dhimma itti ba’ame mala iddattoo miti carraa ta’ee gosa iddatteessuu miti carraa akkaayyoodha. Sababni tooftaa iddatteessuu kun filatameefis, akkaayyoon akaakuu iddatteessuu miti carraa kan qorataan beekumsa dhimmicha irratti qabu irraa ka’ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda’u kan murteeffatu waan ilaallatuufidha. Akkaayyoo kan jedhames akka kaayyoo qorannichaatti yookiin qoratichaatti odeeffataa filachuu waan ta’eefidha. (Addunyaa, 2011:67). Yaaduma kanarraa ka’uun qoratichi mala kanatti fayyadamuun qorannoo isaa kan gaggeesseefis kaayyoo isaa galmaan gahuufii kan danda’an namoota odeeffannoo barbaachisaa ta’e naaf kennuu danda’u jedhee yaade filatee jira.

## 3.4 Mala Odeeffannoo Funaanuu

Mata-duree kana jalatti malleen ragaa qorannoo kana ittiin funaannametu ibsame. Qorannoo akkamtaa gaggeessuuf malleen odeeffannoo funaanuuf baay’inaan dhimmi itti ba’amu nijiru. Addunyaan (2011:70) irratti yoo ibsu, “Funaansa odeeffannoo kanaatiif malleen gargaaraan

keessaa muraasni marii garee xiyyeeffatamaa, daawwannaa hirmaattootaa, afgaaffii, xiinxala dokimentii, yaadannoo dirreefi wkf fa'i," jechuun kaa'a. Haaluma kanaan qorataan malleen armaan gadditti dhimma ba'ee odeeffannoo qorannoo isaaf ta'u funaannatee jira. Isaanis: daawwannaa, afgaaffiifi marii gareeti.

### 3.4.1 Daawwannaa

Daawwannaan malleen odeeffannoo funaansaa keessaa tokko ta'ee karaa qorataan qaamaan bakka daawwatutti argamee odeeffannoo funaannatudha.Yaada kana Dastaan (2002:90) yoo ibsu, "Daawwannaan kan qorataan iddoo qorannicha gaggeessurratti argamuun qaama qorannoo irratti adeemsisu hordofuudha,"jedha.

Qindoominni daawwannaa qorannoo akkamtaa gaggeessuuf isa bu'uurati. Kanaafuu, qorataan aadaafi safuu hawaasaa kabajee waliin hirmaachuun shoora guddaa qaba. Adeemsa kanaan odeeffannoo funaannachuun jalqabaa hanga dhumaatti hordofuu barbaada. Yaaduma kana kan cimsu Sarantakos, (2005:234) yoo ibsu, "Observation provides information when other methods are effective, relatively less complicated and less time consuming and others collection of wide range of information," jedha. Kana jechuunis maloota biroorra, odeeffannoo qulqulluufi bal'aa ta'e argachuuf daawwannaan baay'ee kan barbaachisu ta'uu hubanna. Haaluma kanaan qoratichi, hojii qorannoo isaa fiixaan baasuuf amantii waaqeffannaa keessatti, "Adeemsa Raawwii Amantii Waaqeffannaa Galmaa Godina Shawaa Bahaa Aanaa Boosat" addaan baafachuuf daawwannaan kan gaggeeffameedha.

Qorannoo dhimma aadaa hawaasaa irratti xiyyeeffatu tokko gaggeessuuf daawwannaatti dhimma bahuun haalan mijaawaadha. Qoratichi yeroo dheeraaf iddoo Galma Waaqeffannaatti argamuun torbanitti si'a tokko guyyaa Dilbataa yookiin guyyaa Jimaataa hirmaachuun argaa-dhageettiin odeeffannoo funaannatee jira. Kanas, adeemsa raawwii amantii waaqeffannaa galma Boosat ji'a Eblaa 10/2013 irraa eegalee hanga waxabajjii 30/2013tti jiru daawwachuun kan funaannatedha. Daawwannaan qoratichi gaggeesse gosa daawwannaa jiran keessaa kan qorataan keessatti hirmaatu yoo ta'u, ta'iinsota jiran qooddachuun kan funaannatedha.

### 3.4.2 Afgaaffii

Afgaaffiin gosoota odeeffannoon qorannoo ittiin funaanaman keessaa tokko ta'ee, kan qorataafi odeeffannoo kennaan fuulaafi fuulatti wal arganii odeeffannoo ga'aafi qulqulluu waliif

kennaniidha. Qorataan mala afgaaffii fayyadamee qaama dhimmichi ilaallatu waliin fuulaa-fuulatti haasa'uun odeeffannoo qorannoo isaatiif barbaachisu argachuu danda'a.

Barbaachisummaa mala kanaa hayyuun Punch (1998:174-175) irratti yoo ibsu, "The interview is one of the main data collection tools in qualitative research. It is the very good way of assessing people's perceptions… of situations and constraction of reality. It is also one of the most powerful way we have of understanding others," jechuun addeessee jira

Akka yaada kanaatti malli afgaaffii qorannoo akkamtaa keessatti ilaalchaafi ejjennoo namoonni dhugaa ibsuurratti qaban qorachuuf baay'ee mijataa, akkasumas mala filatamaa ittiin keessoo yaada namootaa argataniidha; jennee lafa kaa'uu dandeenya. Afgaaffiin qoratichi dhimma itti bahes afgaaffii banaadha. Sababni akaakuun afgaaffii banaa itti filatames afgaaffiin ilaalcha keessa namaa jirutu addaan ba'a waan ta'eef yaada namichi kennurratti hundaa'uun kan ifa hintaane hubachaa deemuufidha. Dhimma kana Nunan (1992:45) yemmuu ibsu, "There are two ways of data collecting methods to collect information during interview using recording materials and note taking methods."jechuun akkaataa itti odeeffannoo afgaaffiin fudhatamuufi dalagaalee yeroo afgaaffii raawwataman ibsa.

Haaluma kanaan qorataanis qorannoo isaa keessatti yeroo garaa garaatti jechuun gaafa waaqeffatamu guyyaa Dilbataa torbee torbeen gara galmaa deddeebi'uun bakka Galma waaqeffannaa kanatti argamee namoota sirriitti waa'ee adeemsa raawwii amantii waaqeffannaa galmaa nibeeku jedhamanii filatamuun hirmaatan guyyaa 08/9/2013 hanga 24/10/2013 gidduutti dhiira 8fi dhalaa 4 walitti namoota 12 kan ta'an hirmaatanii jiru.

Od-kennitoonni hirmaatan hayyuu amantii waaqeffannaa galmaa, abbaa Gadaa, namoota amantii waaqeffannaa galmaa barsiisaniifi hordoftoota amantii waaqeffannaa fedhii irratti hundaa'anii hirmaatanii jiru. Gaaffilee dhiyaataniif dhimmoota adeemsa raawwii amantii waaqeffannaa galmaa keessatti raawwataman: Ifaatii walii bahuu, sagantaa eebbaa, sagantaa walbaruu, sagantaa jeekkarsaafi sagantaa barnoota amantii waaqeffannaafi sagantaa baalchaati. Akkasumas, yoomessi raawwii amantii waaqeffannaa galmaa yeroo hunda torbanitti guyyaa lama: Jimaataafi Dilbata. Hirmaattonni raawwii amantii waaqeffannaa galmaa hawaasa mara kan hammatuufi faayidaan amantiin waaqeffannaa galmaa siyaasa, hawaasummaafi diinagdee keessatti qabu inni guddaan hawaasni Oromoo nagaafi qananiin jiruufi jireenya isaa gaggeessaa aadaa, seenaa, eenyummaafi amantaa isaatiin akka buluuf kan gargaara. Karaa biraatiin wantoota

guddina amantii waaqeffannaa irratti dhiibbaa uumaniifi gufuu ta’an ilaalchisee gaaffiilee gaafatamaniin odeeffannoon argamee jira.

### 3.4.3 Marii Garee

Mariin garee mala odeeffannoo funaansaa baay’ee barbaachisaa ta’edha. Mariin garee odeeffannoowwan garagaraa namoota biroon kennaman mirkaneeffachuudhaaf namoota kallattii qorannoo sanaan hawaasa keessatti muuxannoofi beekumsa cimaa qaban jahaa hanga kudha lamaa yeroo adda addaa bakkeewwan adda addaatti walitti fiduun odeeffannoo irraa walitti qabachuudha. Yaaduma kana kan deeggaru**,** Yalewu Indaawwaqaa (2009) **“ቡድን ተኮር ውይይት የሚካሄደው በችግሩ ዙሪያ በቂ መረጃ ሊኖራቸው ይችላል ተብለው የሚታሰቡ ሰዎችን በመውሰድ በሚነሳው ጥያቄ ዙሪያ በቡድን በመሆን እየተወያዩ መረጃ እንዲሰጡ ለማድረግ ሲሆን ተሳታፊዎቹ ከስድስት እስከ አስራ ሁለት ሊደርሱ ይችላሉ።** ” Akka yaada armaan olii kanarraa hubannutti, mariin garee kan adeemsifamu namoota dhimma qorannichaarratti odeeffannoo gahaa niqabu jedhamee yaadame fudhachuun gaaffii dhiyaate irratti gareen mari’atanii odeeffannoo kan kennaniidha. Mariin garee kunis, namoota jaha (6) hanga namoota kudha lamaatti (12) hirmaachisuu akka danda’u nu hubachiisa.

Mariin garee malleen odeeffannoo qorannoof ta’u hawaasarraa ittiin walitti qabatan keessaa daran filtamaa ta’ee marii kana irratti namoonni yaada isaaniin walfalmanii, walmormanii yaada dabalataafi falmii waliif dhiyyeessanii yommuu wal amansiisan odeeffannoo irra caalaatti qabatamaa ta’e argachuuf filatamaadha. Kunis, waa’ee duudhaa hawaasa tokkoo namoota muuxannoofi beekumsa qaban irraa walitti qabachuun bakka tokkotti walitti fiduudhaan yaada walfakkaatu kan miseensonni marii garee hedduun irratti waliif galan galmeeffachuuf baay’ee barbaachisaadha.

Haaluma kanaan qaama odeeffannoo qorataaf kennu, gareedhaan mariisisuun odeeffannoo waa’ee adeemsa raawwii amantaa waaqeffannaa galmaa ilaalchisee argachuuf jecha mariin garee kan gaggeeffameedha. Marii gareetiin haala adeemsa raawwii amantaa waaqeffannaafi qabiyyeewwan isaa kan dagatan yookiin isa hafe walyaadachiisuun odeeffannoo qorannoo kanaaf mijataa ta’e haala gaariin argachuun danda’amee jira. Baay’inni namoota marii garee irratti hirmaatanis dhiira 3fi dhalaa 3 walitti namoota 6 yoo ta’u, qorataan gaaffii mariif ta’u dhiyeessuun odeeffannoo irraa fudhatee jira.

## 3.5 Mala Odeeffannoo Qaaccessuu

Odeeffannoo qaaccessuun yaada odeeffannoo kennitootarraa gaaffiidhaan yookiin daawwannaadhaan argame haala qabatama rakkina mul'ateetiin walitti fidanii dhiyeessuudha (Dastaa, 2002:141). Odeeffannoon qorannoo kanaa daawwannaa, afgaaffiifi marii gareetiin mala funaansa ragaa qorannoo akkamtaatiin waan funaannameef, qaaccessuun dura haala walfakkeenyaafi garaagarummaa isaaniitiin gareetti ramadamu. Haalli gareetti ramaduu isaas odeeffannoo waraabamu irra deddeebi'uun erga caqafamee booda gara barreeffamaatti jijjiiruun akkaataa inni waltumsutti walitti makuun ragaa argame hiikuufi waliigalli ergaa dabarsuu jechaan kan qaacceffameedha.

## 3.6 Naamusa Qorannoo

Adeemsa qorannoo gaggeessuu keessatti milkaa'ina qorannichaatiif naamusni qorataa irraa eeggamu baay'ee murteessaadha. Naamusni kunis kan of keessatti hammatu kanneen akka safuu hawaasaafi qorataa gidduu jiru adda baasuun beekuu, wantoota qaamni ragaa kennuu jaalatuufi inni jibbu adda baasuun beekuu, qaamota ragaa kennanniif galata galfachuu, ragaalee kennamanis icciitiin eeguufi kkf hubachuun baay'ee barbaachisaadha. Hariiroon hawaasummaa qorannoo sana waliin walitti dhufeenya hin qabne kanneen akka amantii ofii lallabuufi barsiisuu, amantiifi barsiifata hawaasichaa tuffachuun barbaachisaa miti. Icciitii hawaasichaa eeguun, safuufi duudhaalee, meeshaalee ulfoo hawaasichi bakka qorannoo sana keessatti itti fayyadamu kabajuun gaariidha. Akkasumas bakka qorannoon gaggeeffamutti miira siyaasaa calaqqisiisuun hin barbaachisu. Walumaagalatti, jiruufi jireenya hawaasa bakka qorannoon itti gaggeeffamuu kabajuun odeeffannoo barbaachisu yeroo barbaachisaa ta'e keessatti walitti qabachuuf, galma gahiinsa kaayyoo qorannoo tokkootiif gahee waan qabuuf naamusa hin barbaachifne irraa of eeguun murteessaadha. Haaluma kanaan qoratichis naamusa eegee, aadaafi safuu hawaasichaa kabajee, galateeffachuun qorannoo kana gaggeessee jira.

# BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE

## 4.1 Adeemsa Raawwii Amantii Waaqeffannaa Galmaa

Amantiin qaama aadaa akka ta'e haala uffannaa, haala nyaataa, meeshaalee aadaafi akkaataa kadhannaa waaqaaf godhamuutti eenyummaa hawaasa tokkoo akka ibsu hayyoonni saayinsii hawaasaa nidubbatu. Waaqeffannaan amantii ganamaa uummata Oromoo ta'ee, keessattuu hordoftoonni amantichaa waaqa tokkicha hunda uume jechuun amanu.Waaqeffataan yoo waaqa kadhatu: gurraacha garaa garbaa, tokkicha maqaa dhibbaa, leemmoo garaa taliilaa… jechuun kadhata.

Akka ilaalcha waaqeffataatti waaqni gurraacha yemmuu jedhu, bifni (halluun) isaa akkuma namatti yookiin wanta tokkoottiadda bahee kan beekamudha jechuu miti. "Gurraacha" yoo jedhuun, waaqa kana duuba isaa arguun hin danda'amu, keessa isaa ilaallee qorannee ati kana jechuun kan hin danda'amne ta'uusaa agarsiisa. "Manni waaqaa duubni nama hindabarsu." kan jedhaniifis kanuma ibsa. Waaqni iccitii ta'uusaafi sammuu namaa ol ta'uusaati. Bifa gurraachan kan fakkeeffameefis kanumaafidha. Haaluma kanaan waaqeffattoonni amantii waaqeffannaa adeemsa kamiin akka raawwatan yookiin waaqeffataan odeeffannoon mala funaansa ragaa daawwannaafi afgaaffiin walitti qabame bifa armaan gadiitiin qaacceffamee dhiyaateera.

### 4.1.1 Galma (Iddoo) Amantii Waaqeffannaa

Afgaaffii obbo Raggaasaa Jimaatiin 15/08/2013 Galmi amantaa waaqeffannaa hiika maal qaba? Jedhamee gaafatameef yoo ibsan, Manni yookiin iddoon waaqeffattoonni keessatti walgahanii waaqeffatan, Galma waaqeffannaa jedhama. Galmi waaqeffannaa ardaa kadhannaafi galateeffannaa waaqeffattootati. Galmi kadhannaafi galateeffannaa waaqeffatootaa kun bakka seerri waaqaa itti himamu, bakka dhugaa waaqaa itti walbarsiisaniidha. Akka amantaa waaqeffannaatti galmi iddoo ulfaataa waaqeffattootni keessatti walgahanii waaqa isaanii kadhataniifi waaqa isaan uume itti galateeffataniidha. Galmi bakka sagantaan amantii waaqeffannaa itti gaggeeffamuufi barnoonni amantaa waaqeffannaa itti barsiifamuudha. Walumaagalatti, galma jechuun bakka itti beekumsa hayyummaa waaqaa baratan, seera waaqaa wajjiin daran walitti dhiyaatan bakka ulfoodha.

Obbo Hirphoo Daadhii 15/08/2013 waa'ee adeemsa raawwii waaqeffannaa galmaa ilaalchisuun yaada armaan gaditti eerame kanneen ibsanii jiru. Akkaataa amantaa waaqeffannaatti, adeemsa

raawwii waaqeffannaa keessatti yemmuu waaqeffachuuf gara galmaa seenan kophee baafachuun miila dhiqatanii yookiin qulqulleeffatanii seenu. Sababni isaa immoo kopheen wantoota adda addaa faalaman qabatee argamuu waan maluuf kaawwatanii yoo seenan ulfina yookiin kabaja galma dhabsiisuufi foolii badaan namoota galma keessa jiran jeequu waan danda'uufidha. Kanaaf, waaqeffattootni gara galmaa yoo seenan kophee baafachuun miila qulqulleeffatanii galuun taa'anii waaqeffatu.

### 4.1.2 Ifaatii Walii Bahuu

Waaqeffattootni galma seenanii iddoo teessumaa erga qabataniin booda sagantaan waaqeffachuu barsiisota amantichaatiin ni eegalama. Jalqabarratti, sagantaan kan jaqabamu ifaatii walii bahuudhani.

Barsiisaa amantii waaqeffannaa galma Boosat obbo Eebbisaa Hayiluu 15/08/2013 Ifaatii walii bahuun maal akka ta'e hiika kennaniin, Ifaatii jechuun namoota dhuunfaa yookiin namoota garee gidduutti waldhabdeen (muffin) yoo uumame waliif dhiifama godhanii walitti araaramuun nagaa buusuu jechuudha. Akka ilaalcha amantaa waaqeffannaatti araarri waaqaa waa sadii of keessatti qabata. Isaanis: Araara sammuu keenya waliin yookiin ofiin araaramuu, namaan araaramuufi waaqa waliin araaramuudha.Ofiin araaramuun waldiddaa sammuu keenya keessatti raawwatamuun yoo ofitti aarre, yoo of jibbinu gara badiitti nu geessa waan ta'eef ofitti araaramuun of tasgabbeessuudha. Namaan araaramuun yoo nama waliin walitti buune yookiin wal dhabne waliif araaramuudha. Waaqaan araaramuun immoo safuu cabsuun cubbuu yoo hojjenneefi waan waaqni nuuf hin heyyamne yoo raawwanne akka dhiifama nuuf godhu araara gaafanna.Waaqeffattootni amantii waaqeffannaa Aanaa Boosat, Galma amantii Oolancitii ganama galma (iddoo) waaqeffannaatti walgahu. Hordoftoonni amantichaa akkuma walgahaniin osoo sagantaa waaqeffannaa hin eegalin dura yeroo hundumaayyuu ifaatii walii bahu. Ifaatiin araara. Hordoftoota amantichaa keessaa qaamni walitti bu'e yookiin wal lole yoo jiraate, kan muuffiifi haaloo walirraa qabu yoo kan jiraatu ta'e, osoo kadhannaa waaqaa hin eegalle ifaatii waliif bahu. Kunis, namoonni galma sana keessatti waaqeffatan araara waliif yoo hin buufne, waaqnillee namaaf hin araaramu yookiin hin dhagahu jedhee waan amanuuf durfamee araarri bu'uu qaba.

### 4.1.3 Eebba Amantaa waaqeffannaa Galmaa

Eebbaafi waaqeffannaa addaan baasuun rakkisaadha. Eebbi bakka garaa garaatti gargar fakkaachuu malus ergaan isaa tokkuma; araara nageenya, hormaata, jireenyaafi gaarummaa kan ibsuudha. Raawwii duudhaa amantii waaqeffannaa keessatti eebbi iddoo guddaa akka qabu, Mulugeetaan, 2014:86) irratti yoo ibsu, “Ritual of blessing is known as one of religious practices in the Oromo course of life. In other words, in Oromo belief system, blessing is the central matrix and aphorism of every ritual performance.” jedha. Kanaaf, eebbi jiruufi jireenya Oromoo keessattiis ta’ee, amantii waaqeffannaa keessatti gahee akka qabu hubanna.

Akka hordoftoota amantii waaqeffannaatti adeemsa raawwii waaqa kadhachuu keessatti ifaatii walii bahuutti aansee eebbatu gaggeeffama. Eebbi jiruufi jireenya hawaasaa keessatti kan nama tokkoof waaqa kadhachuu yookiin wanta gaarii ta’e waaqni akka kennuuf waliif hawwuu yookiin barbaaduudha. Eebbi nagaa tolaa, qajeelaa, milkii gaarii, soorummaa, badhaadhina, injifannoo, hormaataafi kan kana fakkaatan maqaa waaqaa waamanii namaaf hawwuufi kadhachuudha. Kanarraa ka’uun, eebbi sirna kamiyyuu keessatti osoo sirnichi hin jalqabin dura oofkaltii waaqaa argachuudhaaf jecha, kadhaa waaqaaf taasifamudha. Akka amantaa waaqeffannaatti, maalummaa eebbaa Maammoo Gadaa (2002:19) irratti ibsee jira.

> *Eebbi waaqeffataan sirna (seremonii) tokko godhuu duratti hoofaltii waaqaa argatuudhaaf kadhaa dhiyaatu jechuun nidanda’ama. Akka hordoftoota amantii waaqeffannaatti sirna kamiyyuu adeemsisuun duratti, hoofaltii waaqaa argachuudhaaf eebbaan calqabuun wanta baratamaadha. Malkaafi Tulluu dhaqee, kadhaa calqabuun dura eebbi kan dursu yoo ta’u, walga’iin kamiyyuu yoo godhamu, seerri fuudhaafi heerumaa, ayyaana adda addaa kabajuudhaaf calqaba ta’uu kan qabu eebba waaqaati jedha.*

Yaadni kunis kan agarsiisu, waaqeffattoonni wayita sirna tokko adeemsisan dursanii oofkaltii waaqaa argatuu akka qaban amanuudhaan wanta mara calqabuun duratti eebba dursuun yookiin eebbisuun waaqa kan kadhatan ta’uu isaa ibsa.

Waaqeffattoonni waan gaariifi hawwii qaban eebban waaqa kadhatu. Akkasumas, rakkoo isaan mudateef waaqni akka isaan baraaru kadhatu. Kadhaa isaanii keessattis kan dursa kennaniif nageenya, roobaafi fayyaadha. Waaqeffattoonni galma keessatti walga’anii waaqa hadhaafi abbaa yookiin ayyaana isaanii yaadachuufi kadhachuudhaan nagaafi quufa biyyaaf akka kennu waaqa kadhatu. Eebba kan eebbisu, waaqeffattoota galma jiran keessaa hangafa sabaati.

**Eebba yeroo raawwii waaqeffannaa Galma keessatti eebbifamu**.

Hayyee! Hayyee! Hayyee!

Waaqa uumaa, waaqa uumamaa,

Waaqa burqaa walaabuu

Waaqa sagaltama garbaa

Waaqa salgan Booranaa

Waaqa turban Baaarentummaa

Waaqa ciiccoo gurraattii

Gurraacha garaa garbaa, leemmoo garaa talilaa

Waaqa caffee tumaa

Waaqa shanan Gadaa

Nagaan nu oolchitee

Nagaan nu bulchi

Daafii galtee nu baasi

Irraa gora nu oolchi

Dogoggora nu oolchi

Uumaa kadhannaa nu haadhagahu

Waaqni hamaa nurraa haa qabu

Tolaa nutti haaqabu

Xinnaan haaguddatu

Guddaan haa bulu

Wallaalaan haabeeku

Beekaan haabulu

Kormi cirri haata’u

Rimaan haphee haata'u

Rooba nagaa haa roobu

Qilleensa hamaa nurraa haaqabu

Gadaan roobaa nagaa

Barri quufaa gabbina

(Gabbisi Waaq)

Eebbi kun maqaa waaqaa kallattii garaa garaan kaasee kan eegaluufi waan waaqni namaafi uumama isaa biroof gochuu malu hunda dhiheessuun ittiin wal eebbisu. Eebbi yeroo eegalamu Hayyee! Hayyee! Hayyee! jedhameeti. Jechi hayyee jedhu yeroo sadii jedhama. Hayyee! jechuun "Yaa waaq nudhagahii" jechuudha. Yaa Waaqi waan dansaafi waan badas kan gooteef waan hundaa situ beeka jechuudha. Jechi hayyee jedhu eeyyeen, tole, galatoomii jechuuf jalqaba hayyee jedhanii jalqabu. Jecha gocha waaqaa hunda amananii fudhachuudhaafi. Eebba armaan olii keessatti, waaqa uumaa jechuun waaqni kan wantoota hunda uume, abbaa uumama maraa ta'uu ibsa.

Waaqa Ciicoo Gurraattii jechuun waaqni waan hunda Ciicoo isaa keessatti rarraafate yookiin qabate kana mara arguufi beekuun waan hin danda'amneef icciitii waaqaa bira gahuun kan hin danda'amne ta'uu ibsuufidha. Gurraatiin wanti ciicoo waaqa gurraachaa keessa jiru mul'achuu akka hindandeenyetti kan fakkeeffamedha. Qabeenya yookiin olaantummaa waaqaa kana ibsuuf waaqa ciicoo gurraattii jedhee eebbisa.

Gurraacha Garaa Garbaa jechuun waan waaqni garaa isaa keessatti qabatee jiru lakkaa'uun, ijaan arguuniifi qabeenyi isaa hedduu ta'uu isaa ibsa. Gurraacha jechuun kan waan hedduu keessatti ilaaluun hin danda'amneef lakka'uun hindanda'amne dukkanaan walfakkeessanii ilaaluudha. Dukkana keessatti waa arguun hin danda'amu. Waan keessa jiru arguun kan hin danda'amne waliin walfakkeessuun, uumama waaqni uume ilaalanii hojii isaafi gocha isaatiif moggaasanii gurracha garaa garbaa jechuun eebbisu. Waaqni akka namaa garaa kan dhiphatu osoo hin taane badiidhaaf kan hin ariifanne, obsa guddaa kan qabu; garaa bal'eessadha. Waaqni kan dhalate akka guddatuuf, kan guddate akka buluuf, kan wallaale akka barsiisu, kan karaa irraa gore karaa gaariitti akka deebisu, barri kuni bara gaarii, bara quufaa akka ta'uuf kadhaa waaqa isaanii ittiin kadhatan ta'ee, waaqnis hunda beekaafi hunda danda'aa ta'uusaa ibsa.

Leemmoo garaa taliilaa jechuun waaqni gara-laafessa, qulqulluu, obsaafi uumama isaa hundaa kan jaalatuufi kan tiksu ta'uu isaa ibsuuf leemmoo garaa taliilaa jedhu. Leemmoon, fayyaalummaa, gara-laafummaafi arjummaa agarsiisa. Taliilli immoo qulqulluu, kan hin boorofneedha. Leemmoo garaa taliilaa yoo jedhamu, waaqni fayyaalessa qulqulluu uumama eeguufi jiraachisu ta'uu ibsa. Walumaagalatti, jechoonni waaqeffataan yookiin uummanni Oromoo waaqaafi gocha isaa ibsuuf jedhan kun uumama isaafi gocha isaa ilaaluun raajeffatanii kan dubbataniidha. Eebbi kun galma keessatti kan eebbifamu ta'ee, waaqeffattootni nageenyi, gammachuun, qananiin, quufniifi wanti tolaan akka isaaniif ta'u, hawwii qaban kan ittiin waaqa kadhataniidha.

### 4.1.4 Sagantaa Walbaruu

Adeemsa raawwii amantii waaqeffannaa galmaa keessatti sagantaa eebbatti aansuun sagantaa galmaan wal baruutu gaggeeffama. Akka qorataan od-kennitoota amantii waaqeffannaa galma Boosat obbo Buttaa Taaddasaafi obbo Hirphoo Daadhii gaafa 1/10/2014 irraa qulqulleeffatetti, sagantaan walbaruu namoonni haaraa gara galmaa yoo dhufan kanneen galma jiran waliin kan itti wal baraniidha. Namoonni kunneen waaqeffattoota galma biroorraa dhufan, namoota haaraa amantii waaqeffannaa hordofuuf dhufaniifi keessummoota dhimma addaaf gara galmaa dhufan ta'uu danda'a jedhu. Haaluma hawaasni Oromoo aadaa isaa keessatti yemmuu walitti dhufu nagaa walgaafachuun booda immoo walbaru yookiin wal qoratu sana, amantii waaqeffannaa galmaa keessattis osoo gara sagantaa waaqeffannaatti hin seenin jalqaba namoota wal hinbeekne kan galma keessa jiraniin walbaru. Sagantaa walbaruu kanaan waaqeffattoonni galma biraa irraa gara galma kanatti wayta dhufan waaqeffattoota galmaa faana walbaruun taa'u. Akkasumas, namoonni kana dura galma dhufanii hin beekne amantii waaqeffannaa fudhachuu yemmuu dhufan dursanii waaqeffattoota galmaatiin walbaru. Karaa biraatiin keessummoonni dhimma addaatiif galma yoo dhufan waaqeffattoota galmichaatiin walbaruun dhimma dhufaniif sana bahatu.

### 4.1.5 Gaaddisa Marii (Sagantaa Barnoota Amantii Waaqeffannaa)

Adeemsi kun kan barnoonni amantaa waaqeffannaa itti barsiifamudha. Kunis namoota beekumsa waa'ee amantii waaqeffannaa qabaniin kennama. Barnoonni kennamu immoo dhimmoota waaqeffannaa kan ilaallataniidha. Obbo Eebbisaa Hayiluu 15/09/2013 kaayyoo barnoota amantaa waaqeffannaa galmaa akka waliigalaatti yemmuu ibsan, wanti guddaan waaqeffannaa keessatti

kaayyoo amantaa waaqeffannaa beekuun ittiin jiruufi jireenya dhuunfaa isaas ta'ee kan gamtaa qajeelchuu danda'uudha. Waaqeffattoonni kaayyoo waaqeffannaa sirriitti erga hubatanii booda ittiin jiruufi jireenya dhuunfaafi gamtaa akka gaaromfatan nitaasisa.

Kaayyoo waaqeffannaa keessaa kanneen jajjaboon waaqeffattoonni wal barsiisaniif:

- Waaqa tokkichatti kan amanan.
- Beekumsa waaqaafi humna waaqaa qofatti kan amanan.
- Uumamni waaqaa hundi hiika qabeessa ta'uu kan amanan.
- Namni kamuu waaqeffataa/waaqeffattuu/ ta'uun dhalachuu kan amanan.
- Namni kamuu qulqulluu ta'ee dhalachuu kan amanan.
- Namni kamuu dibaabee waaqaa jalatti nageenyaafi fayyina isaaf hojjechuu akka qabu kan amanan.
- Waaqni wantoota uume/uumama/ mara keessaa gaarummaa ta'uu kan amanan.
- Waaqni daandii dhugaa namatti osoo hinmul'isin, akka nama hin adabne kan amanan.
- Waaqa cal'isanii amanuu qofaan dhiisuu osoo hin taane, beekumsa waaqeffannaa qorannaan gabbifachuu akka qaban kan amananiidha jedhu.

### 4.1.5.1 Waaqeffataan Akkamitti of ilaala.

Adeemsa Amantii Waaqeffannaa Galmaa sagantaa barnootaa keessatti "waaqeffataa ta'uun ofta'uudha; Ofta'uun seera uumaati' yoo jedhamu maal jechuudha? Gaaffii jedhu, Obbo Eebbisaan 15/10/2013 afgaaffii gaafatamaniif akkana jedhan. Waaqeffataa ta'uun ofta'uudha; Ofta'uun seera uumaati yoo jedhamu, uumamni hundi yeroo uumaman ofta'anii uumaman. Waaqni ofta'anii akka jiraataniif uume. Kana jechuun uumaan gaafa uumu ofisaan taasisee uume. Nama ta'ee kan uumame waaqatu nama taasisee uume. Farda ta'ee kan uumame waaqatu farda taasisee uume. Saree taate kan uumamte waaqatu saree godhee uume. Fardi nama ta'uu hin danda'u; namnis farda ta'uu hin danda'u. Sareenillee nama yookiin farda ta'uu hin dandeessu. Inni kun kan nutti agarsiisu, uumamni kamiyyuu ofta'ee kan uumameefi ofta'ee jiraachuu akka qabu mul'isa. Ofta'ee malee kan biraa yookiin orma ta'ee jiraachuu akka hindandeenyedha.

Ofta'uun dugda ofiin dhaabbachuudha; jedhu. Ofta'uun of nama taasisa; akkasumas, ofta'uun wal nama taasisa yookaan walii nama galcha. Namni walta'e/walii gale/ immoo waan ofii irratti abbaa ta'a. Biyya isaarratti, afaan isaarratti, aadaa isaarratti, eenyummaa isaarratti, duudhaa isaarratti, amantaa isaarrattiifi qabeenya isaa irratti abbaa ta'a.

Waaqni/uumaan/ akka uumamni cufti ofta'ee jiraatu godhee uume. Uumamni of ta'uu dhiisee gaafa kan biraa ta'ee jiraachuuf yaalu nimiidhama yookiin nirakkata. Balaafi rakkoo hin taaneef saaxilama. Kanarraa kan ka'e waaqeffattoonni ofta'anii waaqa tokkicha waaqeffatu. Uumamni jiruufi jireenya isaanii keessatti ofta'anii jiraachuu seera uumaati. Akka seera uumaatti ofta'anii jiraannan hin miidhaman. Sababni isaas ofta'uun seera uumaati; uumamni ofta'ee akka jiraatu immoo seera uumaatu hayyama.

Waaqeffattoonni akka seera uumaatti ofta'anii jiraatu. Waaqa beekuun, dursa ofta'anii argamaniiti; jedhu waaqeffattoonni. Dhalli namaa addunyaarra jiru kamiyyuu akka duudhaa saba ofiitti ofta'ee yoo jiraate waaqeffataadha. Akka ilaacha amantii waaqeffannaatti namni ofta'ee jiraate waan baay'ee argata. Kan ofta'ee hinjiraanne immoo waan baay'ee dhaba. Waaqeffattoonni gaafa ofta'anii jiraatan aadaasaa, afaansaa, seenaasaa, eenyummaasaa, safuufi safeeffannaasaa, dhugaasaa, amantaasaafi kkf argata. Yoo ofta'uu baate immoo kana maraa ni dhaba. Hunda caalaatti immoo ofdhabu. Jiruufi jireenya keessatti ilmi namaa hundi ofta'uun seera uumaati. Seera uumaatu yookiin waaqatu isaaf heyyama. Waaqni /uumaan/ uumamni akka ofta'ee jiraatuuf isa uume. Ofirraa goranii jiraachuun hin danda'amu. Seera uumaa miti. Waaqni uumamni kamiyyuu ofta'ee akka jiraatuuf isa uume malee ofirraa goree kan biraa/orma/ fakkaatee akka jiraatuuf miti. Walumaagalatti, waaqeffataa ta'uun ofta'uudha; ofta'uun immoo seera uumaati. Waaqeffattoonnis ofta'anii uumaa beekuun akka seera uumaatti jiraatu. Gorsaafi ajaja tokko malee waaqa/uumaa/ hojii isaa ilaalee itti amana, kadhata, galateeffata.

### 4.1.5.2 Jiruufi Waan jiraa

Jiruufi waan jiraa ilaalchisuun obbo Raggaasaa Jimaa gaafa 15/09/2014 yoo ibsu, Akka amantii waaqeffannaatti waaqeffataan jiruufi waan jiraa beeka yoo jadhamu; jiruun nama lubbuun jiru, kan jireenya gaggeeffatuudha. Waan jiraa jechuun immoo diinagdee yookiin qabeenya namni lubbuun jiru kun horatee ittiin jiraatudha. Waan jiraa/diinagdee/ caalaa jiruu/lubbuu/ caalchifata. Waan jiraa hojjettee/dalagattee/ itti dhufuu dandeessa. Jiruu/lubbuu/ garuu dalagattee argachuu hin dandeessu. Kanaaf, sabni Oromoo jiruufi waan jiraa addaan baasee beeka. Oromoon yoo nama gorsu, "Waan jiraaf jettee jiruu hindhabin," jedha.

Yaadni kun kan ibsu, Oromoon waan jiraa/diinagdee/ caalaa lubbuu mararfachuu isaati. Namni Oromoo biratti hin rakkatu, hin beela'u, hindheebotu, waan qaburraa hiree kenna. Arjummaan saba Oromoo kunis amantii duudhaa Oromoo kan ganamaa waaqeffannaa irraa madde fakkaata.

Oromoon qabeenyaaf jedhee lubbuu hin baasu, hin hatu, hin sobu, waan jiraaf jedhee badii hin dalagu. Waan jiraa caalaa jiruutu isa fayyada waan ta'eef akka ilaalcha isaatti lubbuuf bakka kenna. Qabeenya/diinagdee/ yoo dhaban, lammiin si gargaaree si hirpha. Yoo lubbuu dhabde garuu wanti martuu hin yaadamu. Waaqeffattoonni waan jiraaf jedhanii jiruu/lubbuu/ hin dhaban. Qabeenya qabaatee isa hin qabne kan hagabuu bulu biratti hin nyaatu. Diinagdee ofii caalaa lubbuu nama beela'ee sana mararfata. Kanaaf, kan beela'e, beela baasa; kan dheebote, dheebuu baasa; kan daare, daara baasa; kan rakkates rakkoo baasa; waan qabuun gargaaree of faana jiraachisa. Fakkeenyaaf, akka ilaalcha amantii waaqeffannaatti ollaan sa'a aannanii qabu tokko daa'ima ollaa kan maatiin sa'a aannanii hin qabne biratti daa'ima isaa qofa hin obaasu. Akkuma daa'ima isaa sanatti kan ollaafis kennee obaasa. Waan jiraa/annaniif/ jecha jiruu ollaa hin dhabu jedhee amana. Daa'imni koo aannan dhugee yoo guddatu, kan ollaa kiyyaa maaliif dhaba jedha. Kun immoo Oromoon jiruufi waan jiraa waan beekuuf diinagdee qaburra lubbuutu gatii olaanaa qaba jedhee yaada. Kanaaf, waan gaarii/ gaarummaa/ dalaga.

#### 4.1.5.3 Soddomman Uumaa Hambaa

Akka amantii waaqeffannaatti waaqeffataan soddomman uumaa hambaa beeka jechuun, od-kennaan Obbo Eebbisaan, 15/10/2013 ibsee jira.Waaqeffataan soddomman uumaa hambaa yoo jedhu, kudhan dhoksuu, kudhan obsuufi kudhan gorsuudha. Kudhan dhoksuu, obsuufi gorsuun immoo si'a kudhan qofa dhoksuu, obsuufi gorsuu miti. Jiruufi jireenya keessatti hanga lafarra turanitti dhoksuu, obsuufi gorsuudha.

##### 4.1.5.3.1 Kudhan dhoksuuu

Waaqeffattoonni waan bade yemmuu arganiifi dhagahan hin ariifatan. Jarjaranii murtoo hinfudhatan jedhama. Miidhaa qaqqabuu danda'u waan beekuuf badii raawwatame nidhoksa. Dhoksuun rakkoo uumamuu danda'u sana hambisuufi. Waaqeffataan waan badeef hindubbatu. Akka ilaalcha waaqeffattootaati ollaan waliin jiraatu tokko osoo loon kaloo yookiin midhaan walii nyaachisee, midhaan nyaatame sanaaf jarjaree hindubbatu; hinhimatus. Loon midhaan keessatti arge sana keessaa yaasuun callisa. Midhaan nyaatameef jedhee ariifachuun himachuu hindhaqu; nidhoksa. Ammas gaafa biraa loon sun deebi'anii osoo midhaan isaa jalaa nyaatanii badii qaqqabe dhoksuudhaan loon qe'ee warraa geeessee ijoolleetti hima. Kunis, midhaaniif jedhee ollaa isaa dhabuu hinbarbaadu. Dubbii ho'isee ollaa faana jiraatu dhabuu hinfedhu. Kanaaf, badii uumame dhoksuu irra filata. Akkaataa kanaan walii dhoksuun, walii obsuun

akkasumas wal gorsuun waliin jraaatu. Akka ilaalcha Oromootti qabeenyarra waliin jireenyi iddoo guddaa qabaachuusaa agarsiisa.

#### 4.1.5.3.2 Kudhan obsuu

Oromoon obsa qaba kan jedhamuuf soddomman uumaa hambaa kana waan beekuufi. Waaqeffataan waan badeef, rakkoo galeef jarjaree badii hin raawwatu. Kudhan obsuu filata. Jiruufi jireenya isaa keessatti rakkoolee mudatan obsaan bira darba. Kudhan kan obsuufis ofiif qofa osoo hin taane hawaasni biraas akka sababa kanaan hin miidhamneefidha. Obsaan tarkaanfata malee miiran hin hoogganamu. Kudhan obsuun akka ilaalcha hordoftoota amantii waaqeffannaatti badiifi miidhaa fuulduratti qaqqabuu malu tilmaamuudhaan obsa qabaachuun barbaachisaa akka ta’eefi kunis duudhaa hawaasa Oromoo ta’uu ibsa.

#### 4.1.5.3.3 Kudhan gorsuu

Kudhan gorsuun soddomman uumaa hambaa namni hammeenyaafi balleessaa akka hin raawwanneef jecha kan gorsuudha. Waaqeffataan nama badii isa irratti uume, kan daandii seera uumaa irraa jal’ate/gore/, kudhan dhoksee, kudhan obsee kudhan gorsa malee akkuma isaa innis waliin badii hin raawwatu. Wanti ati raawwachaa jirtu, si hinfayyadu; kan si fayyadu isa kana jechuun kudhan gorsa.

Akka amantii waaqeffannaatti, namni tokko osoo qabeenya namaa hatuun kan jiraatu ta’ee, akka ilaacha waaqeffataatti hinreebu, hinhidhu yookiin hin ajjeesu. Nama kana akka soddomman uumaa hambaatti kudhan dhoksee, kudhan obsee, kudhan immoo gorsa. Ariifachuun yookiin jarjaruun nama hannaan hawaasa rakkise kana miidhu. Yoo miidhe ofis maatii isaas miidhuu danda’a. Wanti ati raawwachaa jirtu kun sirrii miti, fayyaa osoo qabdu, humna osoo qabdu dalagattee nyaachuu osoo qabdu hatuun kee seera uumaa miti jedhee kudhan gorsuun karaatti deebisa. Walumaagalatti, soddomman uumaa hambaa jechuun kudhan dhoksuun, kudhan obsuufi kudhan gorsanii jiruufi jireenya gaggeeffachuudha.

### 4.1.5.4 Waaqeffataan waaqa isaa akkamitti ilaala.

Uumama bareedduu duuba ogeessa addaatu jira. Humni kun humna jabaafi addaa yoo ta’u, ogeessi kun ogeessi kun ogeessa jabaafi addaati. Waaqeffattoonni dhugaas humna kanaa ogeessa kana sirriitti beekan; humna isaas waaqa jedhan. Waaqa waan jedhaniif qaban: waaqni uumaadha; tolchaa walaabuuti; madda jireenyaati; jiraachisaa waa cufaati; baalchaadha;

fayyisaadha. Waaqni nama miti. Maaliif yoo jedhame, waaqni tolchaa walaabuuti. Waaqni muka miti; waaqni horiis miti.waaqni waafoo yookiin tolfamaa miti. Sababni, waaqni tolchaafi qajeelchaa walaabuuti; wantootni uumaman cufti humna addaafi hayyummaa addaa hin qaban. Waaqni tolchaadha; tiksaadha; fayyisaadha. (Daaniyaa, 2006).

Akka ilaalchaafi dhugeeffannoo waaqeffataatti waaqni bakka hundattuu ni argama. Waaqni eessayyuu, yoomiyyuu nijira. Galgalas, ganamas, halkanis, guyyaas, kallattii afraniinuu nijira; jedhee itti amana. Waaqni kallattii murtaa'e yookiin iddoo murtaa'e tokko qofatti argama osoo hin taane kallattii hundaanuu namarsee argama, jedhee amana.

Waaqeffataan waaqa isaa barbaacha morma hin dabsu yookiin ofirra hin garagalu. Fuullee isaatti kallattiidhuma maratti waaqni nijira jedhee dhugeeffata. Waaqaan marfamee akka jiraatu amana. Fakkeenyaaf, Hanqaaquu guutuusaa fudhannee yoo ilaalle, keessoon hanqaaquu inni keelloon sun waaqeffataa/waaqeffattuu/ yoo ta'u, kan naanna'ee/ haguugee/ argamu adiin sun immoo akka waaqatti fudhatama. Kanaafuu, waaqeffattaan waaqa isaatiin haguugamee bakka deemu maratti waaqni isa waliin jiraachuu is aatti amanata. Waaqeffattoonni waaqni hin dhalatu, hin dhalchu, hin dulloomu, hin du.u barabaraanuu nijiraata; jedhu. Waaqni lamas namas miti; adiis sadiis miti; tokkicha maqaa dhibbaa, kan waan hundaa beeku jedhanii dhugeeffatu.

“Waaqni adii miti “ jechuun waaqni isa ardiifi biyya biraatii gara Afrikaafi Oromootti dhufe yookaan Oromootan fudhatamee itti sagadamu,isa bifti isaa akka faranjii adii ta'ee fakkiidhaan ibsamu osoo hin taane, isa Oromoofi biyya Oromoo uumee badhaase, gurraacha garaa garbaa akka ta'e ibsa. “Waaqni sadiis miti” kan jedhu immoo kan addeessu, waaqni abbaafi ilma hinqabu; kan afuura qulqulluu; tokkicha maqaa dhibbaati. Kana jechuun hundaa isatu tolchee, bareechee, abboomee, eebbisee uumuuf dandeettiifi ga'umsa qaba malee ijaarsa garee sadii: abbaa, ilmaafi afuura qulqulluu akka hintaane ibsa. “Waaqni lamas, namas miti' kan jedhu immoo waaqni amala namaa hin qabu. Kana jechuun namni lama walfuudhee walirraa dhala godhatee waliin jiraata; dhiirri nidhalcha, dubartiin nideessi. Dhalli namaa nidhalata; niguddata; nidu'as. Waaqni garuu amala namni qabu kan akkasii waan hinqabneef namaan kan hinfakkeeffamneefi bakka hinbu'amne ta'uu isaa kan ibsuudha. Kanaaf, waaqni akka namaatti hin ilaalamu; amalaanis ta'ee bifaan nama waliin kan fakkeeffamuu miti.

Dabalataanis, waaqni hunda beekessa (omniscient) yoo jedhamu, beekaan waa hundaa waaqa qofa akka ta'eefi kan isarra beeku humni tokkollee akka hinjirre ibsa. Waaqni hunda galeessa

(omnipresent) jechuun waaqni iddoo/bakka/ murtaa'e tokko qofatti kan argamu osoo hintaane eessayyuu, yoomiyyuu iddoo hunda jiraachuu isaa agarsiisa. Waaqeffattoonni lafa deeman hundatti waaqni jiraachuu isaatti amanu. Waaqni humna qabeessa (omnipotent) jechuun immoo aangoon kan waaqaa ta'uufi ajjeessaan, fayyisaan isa qofa akka ta'e ibsa. Waaqa caalaa eenyuyyuu humna kan hinqabneefi abboommii waaqaatiin kan jiraataniidha. Humna waaqaa kan caalu hinjiru.

Akkaataa waaqeffattoonni waaqa isaanii itti hubatan ilaalchisuun (Mulugeetaan, 2014:62) yemmuu ibsu, "According to the practitioners of waqeffanna'waqa' (God) is a creator of human beings and all things in the universe. He is neither created nor distorted. He is eternal. He has a power to build whatever he needs. He can also destroy whatever he wants." Yaada armaan olii kanarraa wanti hubatamu, Waaqa jechuun uumaa (the creature) jechuudha. Isa waan hundaa gochuu danda'u, isa irree olaanaa qabu, isa hojii isaa malee isa arguun hindanda'amne, humna tokkicha jechuudha. Akka Oromoon ganamumaan jalqabee amanutti:

- Waaqni hindhalu; hindhalchu, uumaadha; abbaa uumamaati.
- Waaqni kan dur ture; kan ammas jiru, gara fuulduraattis bara baraan kan jiraatu.
- Waaqni dhumaafi jalqaba kan hin qabne.
- Seerri waaqaa, hojiin waaqaa, ajajni waaqaa barreeffamee dhumuu hin danda'u, iccitii hojii isaas qormaataan bira gahuun hindanda'amu.
- Waaqni danda'aadha; qulqulluudhas, gara laafessa; dheekkamaas miti.
- Waaqni gurraacha. Ijaan isa arguun hindanda'amu, garaan isaa bal'aafi leemmoo taliiladha.

### 4.1.5.5 Waaqeffataan Dhala Namaa Akkamitti Ilaala

Hordoftoonni amantii waaqeffannaa dhala namaa akkamitti hubatu? Afgaaffii jedhurratti obbo Raggaasaa Jimaa gaafa 15/09/2013 yaadota armaan gaditti eeraman kenneen ibseera.

Waaqeffattoonni akka amananitti, maddi dhala namaa tokkuma; sanyiin dhala namaa jalqabaas tokkuma; achirraa ka'ee baay'achaa dhufe jedhama. Waaqeffataan nama addunyaa kana irra jiru bakka shanitti qoodee hubata. Isaanis: Abbaa, Haadha, Obboleessa, Obboleettiifi Matuma isaati. Waaqeffattootni nama shananiifuu ilaalcha walqixa qabu jedhama. Nama adii, gurraacha, sooressa, hiyyeessa, dhiira, dubara, fira, orma/alagaa/fi kkf hunda ija tokkoon ilaala. Abbaa isaafi kan abbaa isaa fakkaatu ija abbaa isaa ittiin safuu kennuufiin ilaala. Haadha isaafi kan haadha

isaa fakkaatan cufa safuu haadha isaaf kennuun ilaala. Obboleessa isaafi kan obboleessa isaa fakkaatan hunda safuu obboleessa isaa qabuun ilaala. Obboleettiifi kan obboleettii isaa fakkaatu mara ija tokkoofi safuu obboleettii isaaf kennuun ilaala. Akkasumas, mataa isaafi kan isa fakkaatan cufa akka of ilaalutti isaanis ilaala. Kana jechuun waaqeffataan namni amantii kamuu haa hordofuu sanyii/qomoo/ kamiyyuu haa tahuu ilaalchaafi kabaja wal fakkaataa dhala namaaf qaba. Isaafi maatii isaa irratti, wanta ta'uun hin barbaachifne dhala namaa irrattis akka ta'u gonkumaa hin fedhu. Dhala namaa hundaa waaqatu walqixaafi bilisaan uume. Mirga dhala namaa tuquun haa hafuutii waan waaqni uume kamiyyuu itti bu'uun uummata Oromoofi waaqeffattoota biratti safuudha.

### 4.1.5.6 Saglan Eebbaa

Eebba jechuun milkiidhaan yookiin gammachuudhaan jiraachuu jechuudha. Amantii waaqeffannaa keessatti eebba fudhachuuf yookiin argachuuf nama tokkorraa maaltu akka eeggamu, barsiisaan amantii waaqeffannaa obbo Eebbisaa Hayiluufi aadde Dammee Roobaa gaafa 15/09/2013 odeeffannoo haala kanaan kennaniiru. Akka ilaalcha Oromoottis ta'ee, akka waaqeffattoota amantii waaqeffannaatti, namni tokko waa sagaliin eebba fudhachuu danda'a jedhama. Wantootni sagalan kunneen: Dachiifi samii, haadduufi haada, hiddiifi hidda, waangoofi waraabessa inni saglaffaan leencadha. Wantootni saglan kan ibsaman fakkoommiidhaan yoo ta'u, dachiif haadha, samiif abbaa, haadduuf obboleessa, haadaaf fira /aanaa/, hiddiif ollaa, hiddaaf soddaa, waangoof rakkataa /miskiina/, waraabessaaf ekeraafi leencaaf immoo beekaa /hayyuu/ biyyaatiin fakkeeffamanii /bakka bu'amanii/ kan ibsamaniidha.

#### 4.1.5.6.1 Eebba Haadhaa Fudhachuu

Aadde Dammee Roobaa gaafa 15/9/2013 eebba haadhaafi fudhachuun maal akka ta'e ibsiteerti. Saglan eebbaa keessaa inni duraa eebba haadhaa fudhachuu/argachuu/dha. Eebba fudhachuun haadha/deessee/ irraa ka'a. Kana jechuun ilmi haadha isaatiif gaafa ergameef, ajajameef, tumsa/gargaarsa/ taasisuuf, akkasumas waan haati isaa jetteen fudhatee kan raawwatu yookiin hojiirra oolchu yoo ta'e eebba haadharraa ni argata. Haati takka ilmoon ishee waan gaarii akka hojjetu, cimaa akka ta'uufi akka iddoo guddaa gahu hawwiiti. Ilmoonis eebba haadhaa fudhachuuf/argachuuf/ tolaa ta'uu akka qabu yaada od-kennitootaa irraa hubachuun nidanda'ama. Naamusa gaarii qabaatee/horatee/ haadhaaf qajeelee eebba haadhaa fudhata. Akka

ilaalcha amantii waaqeffannaatti eebba haadhaa yoo fudhatan yookiin yoo argatan jireenyaan ni milkaa'u jedhamee amanama.

### 4.1.5.6.2 Eebba Abbaa Fudhachuu

Inni lammaffaan saglan eebbaa, abbaadhaan eebbifamuudha. Eebba haadhaatti aansee eebbi abbaa barbaachisaadha jedhama. Eebbi abbaa akka ilaalcha amantii waaqeffannaatti milkaa'ina jiruufi jireenya namaatiif iddoo qaba. Abbaan ilmoo isaa gaafa gorsu, gaafa loluun akka ilmoon isaa bakka guddaa geessu fedha. Hojjetee yookiin baratee jireenya isaa akka fooyyeffatu barbaada. Yoo ajajaafi gorsa abbaasaa dhaga'uun qajeelaa ta'e; eebba abbaarraa nifudhata; jiruun isaas nitolti; jedhu hordoftoonni amantii waaqeffannaa. Faallaa kanaan gorsaafi yaada abbaa isaa cinaatti dhiisuun gara jal'inaa yoo gore; hin milkaa'u jedhamee itti amanama.

### 4.1.5.6.3 Eebba Obboleessaa Fudhachuu

Eebba obboleessaa fudhachuun akka ilaalcha amantii waaqeffannaatti iddoo qaba. Obboleessa irraa eebba fudhachuun milkiin /gammachuun/ jiraachuuf nitola jedhu. Obboleessa yoo gammachiisan yookiin yoo gargaaran, aboo baguma waliin dhalanne jedha. Jiruufi jireenya isaa keessattis nigammada. Tokko kan qabeenya qabu ta'ee inni biraa kan hin qabne yoo ta'e waan qaburraa qoodee kennuun eebba oboleessaa fudhata. Osoo qabuu yoo itti dabe garuu eebba oboleessa isaa dhaba. Kanaaf, akka amantii waaqeffannaatti obboleessa rakkate utubuun /deeggaruun/ kan nama gammachiisuufi kan irraa milkaa'aniidha jedhanii fudhatu.

### 4.1.5.6.4 Eebba Firaa Fudhachuu

Saglan eebbaa keessatti eebba firaa yookiin aanaa fudhachuun milkii guddaa akka ta'e waaqeffattoonni nidubbatu. Fira waliin dhalatan, jaalalaafi gammachuun yoo faana jiraatan eebba fudhatu jedhu. Fira gargaaruun, yeroo gaddaafi gammachuu bira dhaabbachuun eebba firaa fudhachuun barbaachisaafi milkiidha jedhama; waaqeffattoota amantii waaqeffannaa hordofan biratti. Kana malees yeroo hojiiwwan adda addaa fakkeenyaaf, daboo /jigii/fi daadoo waliif dhufanii dalagaa walgargaaruun eebbi firaa fudhatama. Gaafa kana firri walitti gammadee baguma fira walii taane jedha. Gammachuun immoo milkiifi toltuudha; waan ta'eef ni eebbifamu yaada jedhu qabu. Eebba firaa yoo dhaban nimiidhamu jedhama. Kanaafuu, firarraa eebba fudhachuun akka ilaalcha amantii waaqeffannaatti kan barbaadamuudha.

### 4.1.5.6.5 Eebba Ollaa Fudhachuu

Od-kennaan obbo Buttaa Taaddasaa gaafa 15/09/2013 eebbi ollaafi soddaa maal akka ta'an ibseera. Eebba ollaa jechuun ollaa waliin jiraataniin eebbifamuu jechuudha. Eebba ollaa fudhachuun nama tokkoof milkiifi gammachuudha. Hojii gaarii /tolaa/ dalaguun ollaan jaalatamuufi eebba fudhachuun akka waaqeffattoota amantii waaqeffannaatti bakka guddaa qaba; jedhu hordoftoonni amantichaa. Ollaan yoo nama ergate, yoo rakkoo na oolchi namaan jedhe cinaa dhaabbachuun eebba ollaa fudhatu. Ollaanis baguma ollaa walii taane jiraanne jedhee gammachuun wafaana jraata. Walumaagalatti, akka ilaalcha amantii waaqeffannaatti eebba ollaa fudhachuuf ollaa bira dhaabbachuun barbaachisaafi murteessaa ta'uu isaa ibsu.

### 4.1.5.6.6 Eebba Soddaa Fudhachuu

Akka ilaalcha amantii waaqeffannaattis ta'ee, akka aadaa Oromootti soddaan kabajamaadha. Soddaadhaaf kabaja guddaatu laatama. Soddaan ilmoo isaa guddisee namaaf kenna; nama ilmoo isaa kan jaalatu fuudhee namaaf kenneef immoo ulfinatu kennamaafi jedhu waaqeffattoonni. Oromoon yoo mammaaku "Soddaan sodaadha" jedha. Soddaatti yoo balleessan yookiin badii uuman hin milkaa'an jedhama. Eebba soddaa fudhachuuf soddaa kabajuu, deeggaruufi bira dhaabbachuutu barbaachisa jedhu. Soddaa faana gammachuufi walitti dhufeenya gaarii yoo qabaatan eebba soddaarraa fudhatu. Soddaan yoo gammade aboo baguma hidda taane jedha. Soddaan gammadee jennaan immoo namni sunillee nimilkaa'a; jiruun isaas ni tolti jedhu waaqeffattoonni.

### 4.1.5.6.7 Eebba Rakkataa Fudhachuu

Saglan eebbaa keessaa inni torbaffaan, eebba rakkataa yookiin miskiinaati. Kunis, rakkataa /miskiina/ gargaaruudhaan eebba fudhachuudha jedhu. Nama rakkataa jechuun kan dalagatee yookiin hojjetatee buluu hin dandeenye; kan dhukkubsatee fayyaa dhabe, kan qaama hir'ate, kan dalagachuu dadhabe, kan hirkoo hinqabne, maanguddoota humna hin qabneefi namoota rakkatan jechuudha. Akka amantii waaqeffannaatti namoota kanneen gargaaruun: yoo beela'an, beela baasuu, yoo dheebotan, dheebuu baasuu, yoo daaran, daara baasuu, yoo iddoo bulan dhaban, bulchuun eebba rakkataa irraa fudhachuuf gargaara jedhanii amanu. Rakkataan /miskiinni/ rakkoo bahe sun nigammadda. Gaafa gammadu aboo namaan na qixxeessitee jiraadhu, milkaa'i jedhee eebbisa. Namni rakkoo oolches ofitti gammada; nimilkaa'as jechuun ibsu.

### 4.1.5.6.8 Eebba Ekeraa Fudhachuu

Akka ilaalcha amantii waaqeffannaatti saglan eebbaa keessaa inni saddeettaffaan, eebba ekeraa jedhama. Eebbi ekeraa yaadannoo abbaa Oromoo kanneen lubbuun hinjirre, warra du'an irraa eebba fudhachuudha. Waaqeffattoonni amantii waaqeffannaa eebba ekeraa fudhachuuf yaadannoo warra du'anii darbaniif taasisuun eebbifamnee milkiifi gammachuudhaan jiruu gaggeeffanna jedhu. Namni tokko waan qaburraa, waan argaterraa yeroo nyaatuufi yeroo ayyaana ayyaaneffatu abbaa Oromoo kanneen lubbuun hin jirre yoo yaadate jireenyi isaa milkiifi qananii qaba jedhu hordoftoonni amantaa waaqeffannaa galma Oolancitii jiran. Waaqeffataan yoo soorata sooratu, 'Abbaa Oromoos haa ga'u,' jedhee soorata jedhu. Kunis, waaqeffattoonni jiruu isaanii keessatti ekeraa warraa yoo yaadatan eebba ekeraa akka fudhatan amanu. Kanaaf, eebbi ekeraa, amantii waaqeffannaa keessatti eebban guutamanii jiruu gaarii gaggeessuuf waan tolaa ta'uu isaa yaada kanarraa hubachuun nidanda'ama.

### 4.1.5.6.9 Eebba Beekaa Biyyaa Fudhachuu

Akka duudhaa amantii waaqeffannaa Oromootti, saglan eebbaa keessaa inni dhumaa eebba beekaa biyyaa fudhachuudha. Beekaan biyyaa nama waldhabe/wal-lole/, nama walitti mufate/aare/ walitti fidee araarsuun nagaafi qabbana buusa. Beekaan biyyaa yoo rakkoon galte hawaasa wajjiin ta'ee rakkoof furmaata kaa'a. Beekaan kan wallaale gorsee qajeelcha; kan dabe sirreessa. Gaafa gorsa beekaa kana didan gaarii hin ta'u jedhama. Waan beekaan jedhe fudhachuun tole jechuun immoo eebba beekaa akka argatan nama taasisa waan ta'eef beekaa biyyaa dhaga'uun saglan eebbaa keessaa isa tokkodha. Gorsaafi ajaja beekaa diduun garuu eebba/milkii/ jiruu nama dhabsiisa jedhama.

## 4.1.6 Kadhannaafi Galateeffannaa

Amantaa waaqeffannaa keessatti kadhaafi galata ilaalchisee, obbo Yaamii Hawaas gaafa 24/10/2013 yaada armaan gadii kana kenneera. Kadhannaan keessoo ofii ofiin dhiquudha; of-qulqulleessuudha; ayyaana ofii dammaqsuudha; sagalee waaqaa yaadaafi qalbii ofii keessa jiru kakaasudha. Waaqeffattoonni waaqa isaanii ganamaafi galgala mana isaatti akkasumas, iddoo waaqeffannaatti garaa qulqulluun ni kadhatu. Waaqeffattoonni ganama akka hirriibaa ka'aniin osoo waa hin nyaatin, afaan bule bishaan qulqulluun lulluuqqatanii waaqa tokkicha

kadhatan.Waaqeffattoonni waaqa isaanii guyyaatti si'a lama garaa qulqulluudhaan nikadhatu. Kunis, kamaa-kadhannaa ganamaafi kalaa- kadhannaa galgalaati.

Kamaa-kadhannaa Ganamaa: waaqeffattoonni ganama akka hirriibaa ka'aniin osoo waa hin ciniin yookiin osoo nyaata hin nyaatin dura, afaan bule bishaan qulqulluun lulluuqqatanii waaqa isaan uume kadhatu. Akka fakkeenyaatti kadhannaan ganamaa kan waloo kan armaan gadii kana fakkaata.

"Yaa waaq, gaarummaan kee akkam danuudha!

Mee gaarummaa kee danuu sana keessaa waan xiqqoo nutti irreeffadhu!

Halkan guutuu nagaan nu bulchitee

Guyyaa dheeraa nudura jiru nagaan mudaa tokko malee nu oolchi!

Nyaaphii akka waan waaqni dhihoo hinjirreetti yaaduu mala;

Ati garuu yaa waaq, naannoo keenya marsitee jirtaa gaachana nuuf ta'i!

Ati dahoo keenya;

Ati gaaddisa keenya;

Yaa waaqa tokkicha!

Nuti dadhabaadha, Ati humna nuuf ta'i! (Daaniyaa, 2006)

Akkuma waraabbii kanarraa hubannu, uummanni Oromoo kadhannaa waaqaatiin jiruu isaa mara dursa. Yeroo kadhannaa keessaa inni hangafni ganama akkuma ciisaa /hirriibaa/ ka'aniin waaqa ofii galateeffachuun kan dhufuuf immoo kadhannaa godhu. Kunis, waaqni nagaan nabulchite galanni siif haata'u, akkuma anaafi maatii koo nagaan bulchite nagaan nu oolchi jechuun kadhata. Akkasumas, yeroo harkaafi fuula dhiqatu waaqa isaa kadhachaa milkii gaariin oolmaa isaa keessatti akka isa qunnamuuf waaqa kadhata. Kana qofa osoo hin taane waaqeffattoonniifi hawaasni Oromoo ganama yeroo ciree nyaatuufi bunni danfu waaqa kadhachuun maatii isaafi biyya isaaf nagaafi araara isaa akka kennuuf kadhatu.

Kalaa-kadhannaa galgalaa: Waaqeffattoonni galgala akka waan hunda gumeeffatanii galfataniin waaqa guyyaa guutuu nagaan isaan oolche nigalateeffatu; halkan dheeraa isaan dura jirus akka nagaan isaan bulchu waaqa isaanii nikadhatu.

“Yaa waaq isa abbaa dhugaa,

Guyyaa guutuu nagaan nu oolchitee jirtaa, ulfina argadhu!

Ammas halkan gurraachatu nu dura jiraa, gaachana nuuf ta’i!

Yaa waaq kadhaa keenya nuuf dhaga’i;

Yeroo muddamne kan nu furu si malee hin jiru.

Dhugaan si biraa malee eessaayyuu hinargamu!

Atimmoo, dhugaa kee nutti agarsiisi;

Daandii qajeelaarra nu baasi,

Badii hamaa dukkanaan dahatee nutti deemu nurraa qabi;

Alaa- mana nu tiksi; halkan kana nagaan nu bulchi. (Daaniyaa, 2006)

Waaqeffataan galgala erga horiifi qabeenya isaa alaa gara manaatti galfateefi waan hunda sassaabbateen booda waaqa nagaan isa oolche galateeffata. Miseensonni maatii hundi manatti galanii irbaanniifi bunni dhiyaatee waaqa kdhachuun nyaatama. Kana malees yeroo hirriibaaf gara sireetti bahan, yaa waaq! Halkan gurraacha kana anaafi maatii koo, qe’ee koo, horii koo. Alaafi mana koo naaf tiksi jedhee kadhatu malee hinrafu.

Kadhannaan waan nutti hir’ateefi rakkoo nu mudateef waaqa kadhachuudhaan tumsa waaqaa barbaaduudha. Adeemsa raawwii amantaa waaqeffannaa galmaa sagantaa kadhannaa irratti dursee bunni nidhaabama yookiin niqophaa’a. Akkuma Oromoon mana mana isaatti buna dhaabatee waaqaan kan nagaan nu bulchite, nagaan nu oolchi jedhee kadhatu sanatti waaqeffattoonnis buna danfisanii waaqa kadhatu. Kadhannaarratti namni dhukkubsate yookiin rakkoon irra gahe yoo jiraate waaqa waliif nikadhatu. Akkasumas, maatiin waaqeffattoota yoo dhukkubsatan, yoo miidhaan adda addaa irra gaheefi rakkoo qabaatan waaqeffattoonni kadhannaa nitaasisuuf. Kana malees, guutuu biyya isaaniitiifi uummata isaanii maraaf kadhaa ni godhu. Biyyi nagaa ta’ee, uummanni bilisummaa qabaatee dhalli namaa marti akka bobba’ee galuuf nikadhatu.

Galatni immoo waaqa kadhatanii yoo irraa argatan yookiin milkaa’an waaqaaf galata galchuudha. Waaqeffattoonni galgala akka waan hunda gumeefatanii galfataniin waaqa guyyaa guutuu nagaan isaan oolche nigalateeffatu. Adeemsa raawwii amantaa waaqeffannaa galmaarratti

kadhannaafi galateeffannaan walfaana gaggeeffamu.Galma keessatti Waaqeffattoonni yemmuu waaqa galateeffatan waaqa faarsuun gaarummaa isaa himu.

### 4.1.7 Jeekkarsa (Faaruu Amantaa Waaqeffannaa Galmaa)

Adeemsa amantii waaqeffannaa galmaa keessatti, Jeekkarsi yookiin faaruun maali? Afgaaffii jedhuuf obbo Buttaa Taaddasaa gaafa 1/10/2013 maalummaa jeekkarsaa ibseera. Jeekkarsa jechuun faaruu waaqaaf farfamuudha. Adeemsa raawwii amantii waaqeffannaa keessatti jeekkarsi gidduu gidduutti nifaarfama. Jeekkarsi kan jalqabaafi kan goolabaa qaba. Uummanni Oromoo yemmuu waaqasaa kadhatu yookiin galata dhiyyeessuuf akkasumas, gochaa uumaa safeeffatu kan ittiin waaqa isaa jajuufi araarfatu keessaa faaruun amantaa waaqeffannaa yookiin jeekkarsi isa tokkoodha. Faaruun amantaa waaqeffannaa tariitii bakkaa bakkatti maqaa garaa garaa haa qabaatu malee akeekni isaa marti galata dhiyeessuu, jajachuu, kadhannaa fuulduraa akeekuufi kanneen biroo wantoota ulfina waaqaa ibsan ofkeessatti qabachuu danda'a. Faaruu amantaa ilaalchisuudhaan Misgaanuun qorattuu aadaa Afrikaa kan taate Finnegan (1977) wabeeffachuun yoo ibsu,

> *Aadaa uummata Oromoo keessatti walaloowwan faaruudhaan ibsaman keessaa inni tokko walaloo faaruu waaqaa ykn amantiiti. Haala keessatti waaqeffatamuufi gochawwan raagamtaatiin (methical actions) akkaataa ogeessonni amantii itti galateeffataniifi haala yeroo isaaniitti itti hurruubanidha. Sirboonni duudhaalee amantii Oromoo muraasnis caalmaatti waaqaaf (uumaaf) galata kan galchan hojii isaanii maraaf waaqni aagii (gaarii) isaaniif godhu kan ittiin ibsaniif waan waaqayyo isaaniif godhe hundaaf kan ittiin galata galchaniidha. (Misgaanuu, 2011:83).*

Akkuma qabatamaan hawaasa keessatti beekkamuttis ta'ee waraabbii armaan olirraa hubachuun danda'amutti 0romoon haala duudhaafi safuu isaa eegeen yeedaloo mataa isaa kenneefii waaqa isaa faarfata. Tarii kunis haalli yeedaloofi fayyadama jechootaa garaa gara haa ta'u malee ulfinaaf jajannaa waaqaa ibsuuf Oromoon bifa faaruutiin waaqa isaa ni eebbisa, nifaarsa, nikadhata, abdii fuulduraaf ofiifis ta'ee biyya abbaa isaaf qabu ittiin waaqayyotti ibsata. Kaayyoon faaruu waaqaa yookiin jeekkarsaa akka waaliigalaatti kabajaafi jaalala waaqaa agarsiisuuf yoo ta'u, dinqiifi gaarummaa inni hojjeteef immoo ittiin ajaa'ibsiifachuun akka hundumtuu beekuufi dhaga'u gochuudha.

Waaqeffattoonni galma keessatti yemmuu waaqeffatan sagantaa jeekkarsaatiin gocha waaqaa dinqisiifachaa waan waaqni isaaniif taasise, galateeffachaa, kan fuulduratti akka isaaniif taasisu abdii irraa qaban immoo kadhachaa jeekkaru. Adeemsa raawwii amantaa waaqeffannaa galmaa keessatti jeekkarsa kan baasu namoota achi keessaa hubannoofi beekumsa jeekkarsaa qabaniidha. Namni jeekkarsa baasu kun dhiira yookiin dubara ta'uu nidanda'a.

**Jeekkarsa Galma amantii waaqeffannaa keessatti jeekkaramu.**

**Afee: 1**

| **Kan jeekkaru** | **Hirmaattoota** |
|---|---|
| Yaa waaqi nagaan bultee | Bulle bultee |
| Siifuu nagumaan bullee | Siifuu nagumaan bullee |
| Yaa leemmiyyoo | Yaa leemmiyyoo |
| Kan urjii kumaa | |
| Kan waaman sumaa | Siifuu nagumaan bullee |
| Yaa leemmiyyoo | Yaa leemmiyyoo |
| Ceekaan baalumaa | |
| Beekan waaqumaa | Siifuu nagumaan bullee |
| Yaa leemmiyyoo | Yaa leemmiyyoo |

Jeekkarsi armaan olii kun adeemsa raawwii amantaa waaqeffannaa galmaa keessatti yemmuu waaqa kadhatan kan faarfamuudha. Kunis, waaqa nagaan isaan bulcheef galata galchuu, jajuu, abdachuufi kan kana fakkaataniif jeekkaru. Waaqaa olitti beekaan kan hin jirreefi jiraachisaan isa qofa akka ta'e ibsuuf jeekkaru. Akkasumas, yeroo rakkinaa, yeroo dhiphinaa, yeroo quufaa, yeroo beelaafi yeroo gammachuus ta'ee gaddaa waaqa kan waammataniifi waaqa caalaa kan namaaf dhaqabu akka hin jirre ibsuuf galata isaa jeekkarsaan ibsatu.

**Afee: 2**

Yaa waaqi jirra jirtaahee — Jirra jirtaahee

Siifuu nagumaan jirraa — Siifuu nagumaan jirraa

Kan hundaan irraa — Kan hundaan irraa

Kan urjiin kumaa

Kan waaman sumaa — Siifuu nagumaa jirraa

Yaa leemmiyyoo — Kan hundaan irraa

Ceekan baalumaa

Beekan waaqumaa — Siifuu nagumaan jirra

Yaa leemmiyyoo — Kan hundaan irraa

Jeekkarsa armaan olii kanarraa wanti hubatamu waaqni kan nama jiraachisu, kan nama eegu yookiin kan nama tiksu, uumama mara kan too'atu, hunda tiksaa ta'uu isaa ibsuufi jajuuf jeekkarama. Dhalli namaa jiruufi jireenya isaa keessatti nagaan jiraachuuf, jireenya qanoofi gammachuu qabu jiraachuuf waaqa kadhata. Kanas faaruu waaqaa yookiin jeekkarsaan yemmuu ibsatu, siifuu nagumaan jirra, kan hundaan irraa jechuun faarsa.

**Afee: 3**

Gurraacha leemmoo rooba taliilaa — Gurraacha leemmoo rooba taliilaa

Hiriyaa kiyyaa bareeda kiyyaa — Hiriyaa kiyyaa bareeda kiyyaa

Kan urjiin kumaa

Kan waaman sumaa — Gurraacha leemmoo rooba taliilaa

Yaa leemmiyyoo — Hiriyaa kiyyaa bareeda kiyyaa

Ceekaan baalumaa

Beekan waaqumaa — Gurraacha leemmoo rooba taliilaa

Yaa leemmiyyoo — Hiriyaa kiyyaa bareeda kiyyaa

Waaqni roobee lolaasee

Nadhii dhimmisee Gurraacha leemmoo rooba taliilaa

Yaa leemmiyyoo Hiriyaa kiyyaa bareeda kiyyaa

Jeekkarsi kun galma waaqeffannaa keessatti kan jeekkaramuufi gaarummaa waaqaa, abbaa uumama hundaa kan ta’e, waaqa tokkicha kadhachuu, galateeffachuufi ulfina isaa ibsuufi jajjachuuf kan jeekkaramuudha. Kunis wantoota lubbuu qabeeyyiif barbaachisoo ta’an, fakkeenyaaf, rooba roobsee midhaan biqilchuudhaan kanaanis beela balleessuufi quufa gochuun jiruufi jireenya dhala namaaf abdii ta’uu isaati. Waaqni roobee magarsuun uumama isaa hunda soora. Waaqni roobee jiisa. Hoongee /jeejee/ dhabamsiisa. Kanaaf, waaqeffattoonni jeekkarsaan waaqa yoo galateeffatan, waaqni roobee lolaasee nadhii dhimmisee jechuun faarsu.

**Afee: 4**

Gurraacha leemmoo rooba taliilaa Gurraacha leemmoo rooba taliilaa

Uummanni dhugaa hinbeeku simalee Uummanni dhugaa hinbeeku simalee

Kan urjiin kumaa

Kan waaman sumaa Gurraacha leemmoo rooba taliilaa

Yaa leemmiyyoo Uummanni dhugaa hinbeeku simalee

Ceekan baalumaa

Beekan waaqumaa Gurraacha leemmoo rooba taliilaa

Yaa leemmiyyoo Uummanni dhugaa hinbeeku simalee

Faaruuwwan (jeekkarsonni) amantaa waaqeffannaa armaan olii kunneen dhaamsi isaan qaban: waaqeffattoonni waaqa tokkicha kan amananiifi isa malee hiriyaa biraa kan qabne, waaqa ofitti aanfachuu isaanii, beekan waaqa malee akka hin jirre, kan isarra beekuu wanti tokkollee kan jirreefi ajjeessaan, fayyisaan isa qofa ta’uusaa kan agarsiisudha. Waaqa malee eenyullee dhugaa akka hin dubbanne, dhugaa akka hin beekne, uummanni hundi dhugaa kan hin beekneefi waaqni beekaa hundaa oliifi jabaa ta’uusaa ibsa. Dhugaa kan beeku waaqa qofa.Waaqni dhugaa jaalata. Dhalli namaa garuu kan dhugaa hin beekneefi dogoggora kan raawwatu akka ta’e waaqa kadhachuun ifaatii gaafatu.

### 4.1.8 Baalcha

Adeemsa raawwii amantaa waaqeffannaa galmaa keessaa baalchaan isa tokko. Maalummaafi barbaachisummaa sagantaa baalchaa ilaalchisuun obbo Eebbisaa Hayiluu gaafa 15/09/2013 bifa armaan gadii kanaan ibsaniiru.

Baalcha jechuun waan qaban irraa maallaqas ta'ee humna ofii ijaarsa galma amantii waaqeffannaatiif arjoomuu yookiin gumaachuudha. Adeemsi kun jeekkarsi goolabaa osoo hin adeemsifamin dura kan raawwatamudha. Sirna kanaan miseesonni Galma waaqeffannaa galmicha utubuuf jecha kennaa maallaqaa, yaadaa, humnaafi haala garaa garaatiin kan baalchamu yookiin kennamuudha. Baalchi kan kennamu fedhii waaqeffattoota galma keessa jiraniitiin malee dirqama hin qabu. Waaqeffataan yookiin waaqeffattuun galmatti argame/tte akka niyyaa isaatti waan qabu irraa hanga humna isaa kan arjoomudha. Kana jechuun akka qabeenyaafi fedha abbaatti murtaa'a jechuudha. Qabeenyi yookiin maallaqni baalchaan walitti qabamu kunis jabeenyaafi miidhagina amantii waaqeffannaatiif oola. Galmi ittiin ijaarama, ardaan-jalaa ittiin eeggama. Wantootni galma keessatti barbaachisan ittiin guutamu. Keessummaan ayyaana irratti argame ittiin keessumeeffamu. Kanaafuu, baalcha arjoomuun aadaafi amantaa waaqeffannaa bareechuufi guddisuuf gargaara.

Dhumarratti, adeemsi raawwii amantaa waaqeffannaa galmaa, akkuma yeroo jalqabamu eebbi taasifamee waaqeffannaan eegalametti, adeemsi raawwii waaqeffannaa sirna eebbaatiin goolabamee waaqeffattoonni gara mana isaaniitti galu. Eebba kanaan waaqeffattoonni hundi gufuun isin hin dhahin nagaan baatanii, waaqni nagaan mana keessanitti isin haa galchu jehuun eebba fudhatanii gargar bahu.

## 4.2 Yoomessa Raawwii Amantaa Waaqeffannaa Galmaa

Yaada armaan olii kana karaa adda addaatiin ibsee jira. Ganama moo galgala? Guyyoota torbanii keessaa guyyoota akkamii waaqeffatama? Kanneen jedhantu adda bahee taa'e.

Yaada kana od-himtoota obbo Hirphoo Daadhiifi obbo Eebbisaa Hayiluu irraa gaafa 08/9/2013 afgaffiidhaan qorataan akka qulqulleeffatetti, Amantaan waaqeffannaa torbanitti guyyaa lama Dilbata ganamaafi Jimaata galgala sagantaa dhaabbataadhaan kan raawwatamu yoo ta'u; galmi waaqeffannaa garuu guyyaa kamiyyuu waaqeffattootaaf banaa ta'uu ibsee jira. Waaqeffattootni guyyoota dhaabbataa kanaan alattis yeroo barbaadanitti iddoo galmaa deemuun waaqeffachuu

danda’u. Yaada kanarraa hubachuun akkuma danda’amutti raawwiin amantaa waaqeffannaa bifa sagantaatiin guyyoota lamaan kana jechuunis, guyyaa Dilbataafi Jimaataa qofa dhaabbidhaan sagantaan kan gaggeeffamu ta’ee, galmi waaqeffannaa guyyoota kamiyyuu kan hin cufamne ta’uu isaa yaada od-himtootaa irraa hubachuun nidanda’ama.

## 4.3 Akkaataa Kadhannaa Waaqeffattoota Galmaa

Haalli yookiin akkaataan kadhannaa waaqeffattoota amantaa waaqeffannaa galma keessatti itti waaqa kadhatan haaluma duudhaa Oromoo isa ganamaatiini. Waaqeffattootni daandii dhugaa qabatanii safuun aboomamu. Galma keessattis haala aadaa, seenaa, safuu, duudhaa, afaaniifi eenyummaa Oromoo eeguun walgahanii waaqa isaanii kadhatu. Waaqeffattootni afaan ofiitiin waaqa tokkicha kadhatu. Wantootni galma keessatti raawwataman kamiyyuu eenyummaa saba Oromoo calaqqisiisu. Waaqeffattootni kutaa galmaatti yemmuu olgalan kophee ofirraa mulquun miila qullaa seenu. Miila isaanii dhiqachuun afata qophaa’erra taa’anii kadhatu malee teessoon yookiin barcumaan galma keessatti hin heyyamamu. Kunis waaqeffattootni haala duudhaa ganamaatiin kan bulan ta’uu isaa agarsiisa.

Haala amantaa waaqeffannaa galmaa keessatti waaqeffattoonni waaqa tokkichatti amanuun garaa qulqulluudhaan seera waaqaaf abboomamee kadhata. Namni gara galma waaqeffannaatti dhugeeffachuuf adeemu tokko garaa malee hindeemu; galma keessattis garaa malee hin kadhatu; hinwaaqeffatu; cubbuu osoo yaaduu iddoo waaqa uumaa itti galateeffatan hin dhaqu.

Badii kanneen akasii wajjiin osoo jiru waaqa yoo kadhates, sobaan yookiin kijibaan yoo galateeffates waaqni isa hindhaga’u; waaqni isa hinfalu; nama akkasii waaqni gurra irraa qabata. Kanaaf, waaqeffattootni gara galmaa yemmuu deeman waan hundarraa of-qulqulleessuun waaqa uumaa kadhatanii galateeffatu.

## 4.4 Horata Amantaa Waaqeffannaa Galmaa

Hirmaattota raawwii amantaa waaqeffannaa galmaa irratti afgaffi dhiyaateef, od-kennitootni obbo Boruu Banteefi aadde Urgoo Badhaasoo gaafa 1/10/2013 bifa kanaan ibsu. Waaqeffannaan koorniyaas namas adda qoodee hin hirmaachisu. Dhiiraafi dubartiis walqixa hirmaachisa. Akkasumas, waaqeffachuu qofa osoo hin taane barsiisaa amantii waaqeffannaa ta’uufis mirga walqixa ta’e qabu. Beekumsaafi hubannoo waa’ee amantaa qabaannan namuu barsiisaa amantiifi hojii amantaa waaqeffannaa kamiyyuu keessatti hirmaachuu nidanda’a. Waaqeffannaan sabni

addunyaa kun hundinuu amantii duudhaafi aadaa kan mataasaa akka qabutti amana. Dhalli namaa hundumtuu yoo ofta’e amantaa waaqeffannaa hordofee jira jechuudha. Kanaafuu, amantaan waaqeffannaa ilma namaa hunda ni hirmaachisa. Akka ofta’anii jiraatanis nigorsa.

Gama biraatiin raawwiin amantaa waaqeffannaa galmaa haala amma jiruun yoo ilaalle; irra caalaan hirmaattota isaa dargaggoota baay’ata. Inni kun immoo sababoota adda addaa irraa kan maddedha. Jalqabarratti, dargaggoonni eenyummaa ofii baruufis ta’ee guddisuuf fedhii olaanaa waan qabaniifi. Kan biraa immoo dargaggoonni quuqama duudhaafi aadaa saba isaaniif qaban irraa kan ka’e amantaa waaqeffannaa galmaa irratti baay’inaan nihirmaatu. Walumaagalatti, hirmaaattotni amantaa waaqeffannaa galmaa dhiirotaafi dubartoota, daa’imman, dargaggoota, ga’eessotafi maanguddoota yoo ta’an kanneen keessaa dargaggoonni hirmaattota sadarkaa olaanaan qooda fudhataniidha.

## 4.5 Faayidaa Amantaa Waaqeffannaa Galmaa

Amantiin waaqeffannaa akka dhalli namaa kamuu ofta’ee uumaafi uumama beekuun seera waaqaatti bulu qajeelcha. Amantaan waaqeffannaa hordoftootni amantichaa kamuu dhimma amantichaa gad-fageenyaan sakatta’ee hubachuun akka amanu gorsa. Faayidaa amantaan waaqeffannaa qabu ilaalchisuun obbo Yaamii Hawaas gaafa 24/10/2013 ibsa bal’aa kenneera. Amantiin kun faayidaa baay’ee qaba. Faayidaaleen kunis roga adda addaan ilaallamuu danda’u.

### 4.5.1 Faayidaa Amantaan Waaqeffannaa Hawaasummaa Keessatti Qabu.

Oromoon uummata nagaafi araaraan hawaasummaa gaarii uumuun uummata biroofi saba isaa waliin jiraatudha. Sabni Oromoo ofii isaafi ormaaf nagaafi jaalalaan hawaasummaa cimaa uumee akka jiraataa ture Sirni Gadaa ragaa guddaadha. Akka ilaalcha amantii waaqeffannaatti dhimmi hawaasummaa dhimma nagaafi gammachuudhaan yaaddoo tokko malee ollaafi naannoo ofii waliin jiraataniidha. Dhalli namaa akka fedhii waaqaatti jiraatu tokko, gammachuu olaanaa argata. Jireenya akkasii keessa waljibbuun hin jiru; waldhiibuufi walqooduun hinjiru. Wiirtuun jireenya waaqeffattootaa namummaa, gamtummaa, gaarummaa, seerummaafi tokkummaadha. Namni namummaan nma caalu hin jiru. Namni hundi namummaan walqixa jedha waaqeffataan. Kanaaf akka amantii waaqeffannaatti dhimmi hawaasummaa dhimma ijoofi olaanaa jiruufi jireenya namtokkeefi hawaasaa ilaallatudha.

Gahee amantaan waaqeffannaa hawaasummaafi nagaan jiraachuu keessatti qabu salphaa miti. Waaqeffannaan akka namni jaalalaafi nagaan jiraatu barsiisa. Waaqni gaafa dhala namaa uumee kaasee akka jaalala, nagaafi eebbaan waliin jiraatuuf uume jedhee amana Oromoon. Amantiin kun Oromoonni aadaa waldhageeffachuufi walsafeeffachuun waa'ee eenyummaa isaanii, seenaa isaanii, aadaaa isaaniifi duudhaalee isaanii wal barsiisuun jaalalaan akka waliin jiraataniif gahee guddaa qaba. Akkasumas, isa dogoggoree daandii irraa maqe, karaatti deebisuuf, angafoota dhaggeeffachuu, waaqaaf abboomamuun karaa qajeelaarra akka jiraataniif gargaara. Waaqeffattoonni aadaa walgargaaruu, walbira dhaabbachuu, waljala yaa'uu waan qabaniif rakkoolee jiruufi jireenya keessatti isaan mudatan waliin qooddachuun waltumsu. Hawaasummaa cimaan uummata Oromoo keessatti akka dagaaguuf akkasumas, gara fuulduraatti akka cimuuf gaheen amantii waaqeffannaa salphaa akka hintaane yaada armaan olii iraa hubachuun nidanda'ama.

### 4.5.2 Faayidaa Amantaan Waaqeffannaa Siyaasa Keessatti Qabu.

Amantaan waaqeffannaa gama siyaasaatiin yoo ilaallame faayidaa guddaa qaba. Amantaan waaqeffannaa bu'uura waan hundaa akka ta'e beekkamaadha. Kanneen keessaa inni guddaan siyaasa Oromoo keessatti gaheen waaqeffannaan qabu salphaa akka hintaane Sirna Gadaatiin walqabsiisanii ilaaluun ni danda'ama. Kana jechuun hariiroon Sirni Gadaa Oromoofi amantiin waaqeffannaa qaban cimaa ta'uusaa hubanna. Yaada kana ilaalchisuun barruun amantii waaqeffannaa Daaniyaan (2006:372) akka itti aanutti kaa'eera.

> *Akka ilaalcha waaqeffannaatti wiirtuun siyaasa Oromoo Gadaadha. Gadaan bulchiinsa siyaasaa seeraafi heeraan utubameefi daanga'edha. Akkanaan bulchiinsi Oromoo seeraafi heeraan utubamee dhufe; akkanaanis adeemaa jira. Bulchiinsi Gadaa kunis bulchiinsa amantii waaqeffannaa kan hordofedha. Amantiin waaqeffannaa seeraafi fedhii waaqaan dhala namaafi uumama biroo bulcha; Gadaan immoo seera, heeraafi fedhii uummataan walbulcha; uumamas bulcha.*

Akkuma walii galaatti qaroomina sabni Oromoo ittiin beekamu keessaa inni guddaan Sirna Gadaati. Sirni Gadaa kun sirna bulchiinsa dimokiraasii uummata Oromoo yoo ta'u, hawaasummaan, siyaasaafi diinagdeen uummata Oromoo akka waliigalaatti kan keessatti ilaallamuu danda'uudha. Amantiin waaqeffannaa immoo hariiroo kallattiis ta'ee alkallattii sirna bulchiinsa Oromoo kana waliin waan qabuuf, gaheen amantii waaqeffannaa siyaasa Orommoo

dagaagsuu keessatti qabu laayyoo miti. Waaqeffannaan mataa isaatiin siyaasa. Sababni isaa falaasama guddaa uummanni Oromoo akka addunyaatti kalaqee ittiin beekameedha.

Amantii Oromoo eenyummaa saba Oromoo addunyaatti ibsuuf shoora olaanaa taphata. Sabni Oromoo aadaa isaa eeggatee eenyummaafi duudhaa isaatiin akka buluuf amantaan waaqeffannaa faayidaa qaba. Amantaan waaqeffannaa Afaan Oromootiin kan hojjetuufi kan barsiifamu waan ta'eef, afaanicha itti fufsiisuufi guddisuuf nigargaara. Gama biraatiin namni ofta'e waan isaa beeka; waan isaa tiksata waan ta'eef mirga ofii dabarsee hinlaatu. Ofitti amanamummaa namootaa cimsuurrattis faayidaa mataasaa niqaba.

### 4.5.3 Faayidaa Amantaan Waaqeffannaa Diinagdee Keessatti Qabu.

Diinagdee Oromoo cimsuufi guddisuu keessatti amantaan waaqeffannaa faayidaa olaanaa qaba. Akka duudhaa amantii Oromootti namni dhuunfaas ta'ee, biyyi akka diinagdee ofii qabaatee eebbaan itti jiraatu beekamaadha. Oromoon qaamaafi sammuu nagaa qabaannan diinagdeedhaan ofdanda'ee hirkattummaa tokko malee jiraachuu fedha. Yoo qaamaan hir'uu ta'ellee, firaafi aantee isaa irraa gargaarsa argatee akka ofdanda'u taasifama. Waaqeffannaan akka ilaalutti dhalli namaa jireenya walaabuuf diinagdee ta'u horachuu qaba. Namni hojjetee argachuu danda'u tokko harka maratee taa'uun, maxxantuu nama biroo ta'uun cubbuudha. Waaqeffattoonni hojjetanii yoo argatan waaqni nigammada. Waaqni namni martuu dhibaa'ummaa malee hojjetee akka bu'aa dadhabbiisaa argatu fedha. Waaqeffannaanis hojii gaarummaa mara nideeggara. Namni kamuu hojii diinagdee jireenya walaabuu ittiin qajeelfatu kabajee hojjechuu qaba. Waaqeffattoonni akka amananitti namni hojii gaarummaa dalagu, bu'aafi diinagdee gaarummaa argata.

Kanaafuu, akka amantii waaqeffannaatti, namni kamuu waan humni isaa danda'e hojjechuun jiruufi jireenya isaa mijeeffatee akka jiraatu jajjabeessuun waan argatanis haala akeeka waaqaan (akka waaqa gammachiisutti) akka jiraatantu barbaadama jechuudha. Dhugaa qabatamaa akka biyya kanaatti jiruu keessattis Oromoon hojjetee jiraachuu malee hangam yoo rakkateyyuu deemee hinkadhatu. Xinsammuu hawaasa Oromoo keessa hangam yoo rakkate hojii humnaa hojjetee jiraachuu malee hirkannaan hinjiraatu. "Yaa waaq nama kadhaa na hingodhin," jedha Oromoon yoo waaqa kadhatu. Nagaafi fayyaa naaf kenni jedhee waaqa kadhata make harka namaa ilaalee (kadhatee) jiraachuu hinbarbaadu.

Karaa biraatiin amantaan kun aadaafi duudhaa kan bu'uureffate waan ta'eef wantoota aadaa Oromoo ibsanitti dhimma baha. Kabaja ayyaanota adda addaa irratti wanti mul'atu waan aadaati. Kanneen akka uffata aadaa, meeshaalee ulfoo, meeshaalee faaya adda addaafi kan kana fakkaatan qabeenya Oromooti. Qabeenya aadaa kana walirraa bituufi walitti gurgurachuun aadaafi eenyummaa saba Oromoo tiksaa, diinagdee sabichaas cinaatti niguddisa.

## 4.6 Wantoota AmantaaWaaqeffannaa Galmaa Irratti Gufuu ta'an

Hawaasni Aanaa Boosat duudhaa amantii waaqeffanaa galmaa irratti ilaalcha adda addaa qabu. Ilaalchonni kunneenis gama adda addaatiin calaqqisiifamu. Ilaalcha hawaasni aanaa kanaa amantaa waaqeffannaa galmaatiif qaban ilaalchisee, Obbo Hiphoo Daadhii (25/07/2013) yoo ibsan, Amantiin waaqeffannaa osoo amantii uummata Oromoo jalqabaafi isa bu'uuraa ta'ee jiruu namoonni tokko tokko sababoota adda addaan ilaalcha hintaaneefi dogoggoraa amantaa waaqeffannaa galmaatiif kennu.

Yaadni isaan kennan akka waaliigalaatti haala armaan gadiitiin ibsamee jira. "Amantii waaqeffannaatiin, amantaa seexanaa jedhuun," jedha. Akka yaada kanaatti uummanni amantaa kana hordofan yeroo iddoo amantaa sana deeman seexana amanuuf deemu, seexana gabbaru jechuun quba itti qabu. Keessattuu yeroo jilaafi ayyaanota adda addaa waaqeffattootni iddoowwan ulfoo ta'anitti bahanii waaqa kadhatan yookiin kabajatan: seexana kadhatu, waaqa hin beekan waaqa dhiisanii Tulluufi malkaatti amanu jechuun ilaalcha dogoggoraa kennuuf. Kunis uummata waa'ee amantichaa hinbeekneefi uummata eenyummaa, duudhaa, safuufi aadaa saba isaanitti hin gammanneefi sabboonummaa saba isaanii hin qabneedha. Akka ilaalcha hordoftoota amantii waaqeffannaatti addunyaa kanarra wanti yookiin uumamni seexana jedhamu iyyuu hinjiru jedhama. Seexanni hojii badaa yookiin gadhee namoonni itti yaadunis ta'ee, osoo itti hinyaadin hojjetaniidha. Namoonni matuma isaaniitiin hojii hintaane dogoggora raawwachuun waan hinjirreen kun hojii seexanaati jedhu. Waaqeffataan seexana waan jedhamu hinbeeku. Waaqa faana jiraachuun gaarummaan guutamee jiruufi jireenyasaa gaggeeffata. Kanaafuu, amantiin waaqeffannaa amantii seexanaa osoo hintaane; amantii lafa tanaati.

Ammayyummaan yaada warra dhihaa ta'ee, yaada, ilaalcha, aadaafi falaasama hawaasa tokkoo gachisiisuun kan mataasaanii itti fe'uudha. Ammayyummaan qaama beekuufi hubateef saayinsii addunyaa dhugaa keessatti daandii waa hundaati. Haa ta'u malee, namoonni ammayyummaan kun isaanii hingalleefi hin hubanne dhiibbaa ammayyummaatiin duudhaan amantii waaqeffannaa

akka dagatamu godhaniiru. Namoota akkanaa biratti bal'inaan yeroo ammaa hawaasni amantaa waaqeffannaa irratti ilaalcha gadhee adda addaa akka qabaatu godheera. Ammayyummaan aadaa, safuu, duudhaafi amantaa qabdu dhiisi hinjedhu. Ammayyummaan kan jijjiiruu danda'u, mala jiruufi jireenya keenya ittiin gaggeeffannu malee ilaalchaafi dhugeeffannoo saba Oromoo dhiisuun kan saba biraa fudhachuu miti. Aadaa saba ofii gatanii kan saba biraa jala baduun ammayyummaa miti. Aadaafi duudhaa saba ofii tiksuun addunyaatti mul'isuutu ammayyummaadha. Akkuma beekkamu keessattuu dhaloota ammaa biratti akka waan gaariifi ammayyumaatti ilaaluun araada adda addaan qabaamuun aadaa, duudhaa, seenaa, afaan, safuufi eenyummaa saba isaa dhiisuun aadaa warra dhihaa caalchifatee amantaa waaqeffannaa akka cubbuu ta'etti abaara. Amantaa biyya alaarra gale ammayyummaan walqabsiisanii, amantaa waaqeffannaa immoo boodetti hafaa jedhaniinii jibbuun maqaa hin taane kanneen itti maxxansan warroota wallaalummaan liqimfamaniidha. Sababni isaas sammuu uummata doofummaan golgamanii kana keessa kan jiru kallattumaan ilaalcha mootota yeroo darbaniin kan jiijjiirramaniifi dhala isaanii irratti immoo dhiibbaa adda addaa uumuun amantaan waaqeffannaa akka jibbamu kanneen taasisaniidha. Ilaalcha hamaa kana warreen ilaalchuma sirna garbooffataa sana qabatanii deemantu calaqqisiisaa jira.

Amantaan waaqeffannaa amantaa saba Oromoofi calaqqisiistuu aadaa, duudhaa, eenyummaa, seenaa, afaaniifi ilaalcha sabichaati. Ilaachi saba Oromoo kun akka hinmul'anneef yeroo adda addaafi qaama adda addaatiin cunqursaafi dhiibbaan garaa garaa irra gahaa turuun kan yaadatamuudha. Dhiibbaa amantaa waaqeffannaarra gahaa tureen walqabatee afaan, aadaan, duudhaan, sirni bulchiinsaa, seenaafi eenyummaan saba Oromoo akka baduuf sirriitti irratti hojjetamaa turee jira. Amantaan kun saba Oromoorra darbee addunyaarratti akka bahee hin mul'anne wantoota gufuu ta'an keessaa hawaasummaan, siyaasniifi diinagdeen ijoodha. Akka Obbo Boruu Bantee 1/10/2013 wantoota gufuu amantaa waaqeffannaa ta'an ibsetti, dhiibbaan gama hawaasummaatii, siyaasatiiniifi diinagdeetiin irra qaqqabaa tureefi ammas itti jiru kanneen eeramaniidha. Yaadni isaan kennanis armaan gadditti kaa'amee jira.

### 4.6.1 Dhiibbaa Hawaasummaatiin

Jireenya hawaasummaa keessatti waldanda'uun aadaafi duudhaa walii kabajanii waliin jiraachuun baay'ee barbaachisaadha. Sabni Oromoo saba biraa waliin walitti makamuun jiraachuun isaa akka miidhaginaatti yookiin bareedinaatti kan ilaallamu malee miidha hin qabu.

Haa ta‘u malee, namoota ilaalcha walitti makamanii duudhaafi aadaa walii kabajuun wajjiin jiraachuutti hin amanneef waan badaadha. Ilaalchi namoota tokko tokkoo aadaafi duudhaa kee si gachisiisee kan ofiisaa namatti fe’uu barbaadu. Yeroo ammaa kana sababa addaa addaa kanneen akka bultii waliin ijaarrachuutiin sabni Oromoo saba biroo waliin walitti makamuun amantaa kanaaf ilaalchi gaariin akka hinjiraanne godheera. Sababni isaas warreen walitti dhufanii bultii ijaarratan kun saba Oromoofi saba adda addaa ta‘uu irraa kan ka‘e isaan keessaa namni tokko amantaa waaqeffannaa kanan kabaja yoo jedhe bultii isaanii diiguu ta‘a waan ta‘eef ilaalchuma warra cunqursootaa sana qabaachuun amantaan waaqeffannaa sirrii akka hintaane amanuudhaan fudhatu jechuudha. Dhala isaaniis ilaalchuma gadhee kana dhaalchisuun amantaan waaqeffannaa bara dhufee darbu akka balaleeffatamuufi jibbamu godhamaa turee; ammas itti fufiinsaan raawwatamaa jira.

### 4.6.2 Dhiibbaa Siyaasaatiin

Siyaasni biyya keenyaa baroota darbaniif sabaafi sablamoonni Itoophiyaa akka aadaa, amantaa, afaan, seenaafi eenyummaa isaaniitiin hin jiraanneef rakkoofi hacuuccan garaa garaa irra gahaa turee jira. Keessattuu hangafa sabaa kan ta’e saba Oromoo irratti dhiibbaa guddaan godhamaa turee jira. Ammas hammi isaa wal haacaalu malee dhiibbaan kun inuma jira. Uummanni Oromoo jaarraa baay’eef afaansaa, aadaasaa, eenyummaasaa, amantaasaa, seenaasaafi duudhaasaa eeggachuu turus dhiibbaa siyaatiin hir’achaa har’a gahuu danda’ee jira. Amantaan waaqeffannaa gaadi’amee hawaasa keessa dhokatee akka hafu kan taasise siyaasa biyyaati. Sababa amantaa waaqeffannaa hordofaniif namoonni baay’een dhiibbaa siyaasaatiin lubbuu isaanii itti dhabanii jiru. Hedduun isaanii immoo reebichaafi doorsisaan biyyaa godaananii jiru. Kanneen sababa ilaalcha amantaa waaqeffannaa qabaataniif jecha mana hidhaatti guuramanis nijiru. Yeroo ammaa kanallee dhiibbaa siyaasaatiin galmi amantaa waaqeffannaa iddoo tokko tokkotti cufamuutu mul’ata. Dhiibbaawwan siyaasa kunneen amantaa waaqeffannaatti gufuu ta’uun akka hin guddanne taasisanii jiru. Waaqeffattoonni/ hordoftootni iddoo galmaatti walgahuun yeroo waaqa kadhatan, qaamni biyya bulchu isin amantaa gaggeessitu osoo hin taane siyaasa gaggeessaa jirtu jadhamuun sodaachisoofi doorsisni irra gahaa jira. Kanaafuu, wantoota amantaan waqeffannaa akka hin guddanneefi hin babal’anne gochuun gufuu itti ta’an keessaa siyaasni isa hangafaati.

### 4.6.3 Dhiibbaa Diinagdeetiin

Amantaan kunakka hin guddanneef diinagdeenillee dhiibbaa mataasaa uumee jira. Diinagdee malee wanti tokko galma gahuuf ifaajeefi yeroo dheeraa namatti fudhata. Dhaabbanni diinagdeen hin utubamne jijjiirama fiduu hin danda'u. Hordoftootni isaa namoota amantaa waaqeffannaa maatii isaanii irraa dhalan, kanneen quuqama amantii waaqeffannaa qabaniifi kanneen duudhaa saba isaanii jaalataniin hordofamuudha. Namoonni kunneen immoo irra caalan isaanii dargaggoota waan ta'aniif maallaqa/horii/ horatanii hin qaban. Amantaa waaqeffannaa diinagdeedhaan utubuun hafee ofii isaaniifuu waan ittiin jireenya gaarii jiraataniin hin qaban. Karaa biraatiin abbootiin qabeenyaa sabaan Oromoo ta'anii ilaalcha amantaa waaqeffannaa kana deeggaruufi galmoota waaqeffannaa ijaaruuf kanneen fedha qaban muraasa. Isaan deeggaruuf fedhii qaban illee qaama biyya bulchu waan sodaataniif gargaaruu irraa of qusatu. Dabalataanis, namoonni baay'een ilaalcha hintaaneefi jibba amantaa waaqeffannaaf waan qabaniif deeggaruun hafee akka jiraatuyyuu hin barbaadan. Dhiibbaa diinagdee gama biraatiin ijaarsa galma waaqeffannaaf kan ta'u, iddoo galma itti ijaarratan bitachuu dadhabuudha. Hordoftoonni amantaa waaqeffannaa akkuma amantaalee kanneen biroo iddoo/lafa/ galma waaqeffannaa itti ijaarratan barbaadu. Qaamni biyya gaggeessu garuu iddoo galmaa kennuu irratti dhiibbaatu jira. Inni kun immoo amantaan waaqeffannaa akka hinbabal'anneef gufuu ta'ee jira. Walumaagalatti, amantaan waaqeffannaa diinagdee waan hin qabneef akka fedha isaatti deemuu hindandeenye.

## 4.7 Aasxaa mallattoo Hordoftoota Amantii Waaqeffannaa Galmaa

Amantaan waaqeffannaa aadaafi duudhaa uummata Oromoo kan ibsuudha. Kanaaf, amantaan waaqeffannaa mallattoolee hawaasa Oromoo ibsan bu'uureffachuun kan hundeeffameedha. Aasxaan amantii waaqeffannaa kunis mallattoollee calaqqisiistuu aadaafi duudhaa saba Oromoo kana of-irraa qabudha. Wantootni aasxaa amantaa waaqeffannaa irratti argaman kanneen akka: odaa, kallacha, caaccuu, bokkuu, coqorsa/marga jiidhaa/ fa'a. Meeshaaleen ulfoo akka kallacha, bokkuufi caaccuu amantaa waaqeffannaa waliin hidhatiinsa guddaa qabu.Falaasamni hawaasni Oromoo meeshaalee kanneenniif qabu; seenaa, duudhaa, aadaafi amantaa sabni Oromoo jiruufi jireenya keessatti ittiin jiraachaa ture ibsa.




**Suuraa 2.** Aasxaa Hordoftoota Amantii Waaqeffannaa agarsiisu (Galma waaqeffattoota Oolancitiirraa kan fudhatame)

### 4.7.1 Odaa

Odaan akka mallattoo araaraafi nagaatti ilaallama. Akkasumas, Odaan akka ilaalcha waaqeffannaatti saba Oromoofi waaqa walitti araarsa jedhamee amanama. Faayidaa amantiifi siyaasa Oromoo keessatti odaan mukoota jiran keessaa baay’ee kabajamaadha. Odaan akka madda nagaafi mallattoo eenyummaa tokkummaa saba Oromootti fudhatama. Aadaafi amantaa uummata Ormoo keessatti odaan kuka ulfoofi kabajamaadha. Odaan wanttoota baay’ee fakkeeffama. Odaan aannani jedhu. Yoo waan qara qbuun tuqan aannan baha. Aannan kunis Oromoon aannan dhugaa kan jiraatu, ormaafi keessummaa itti dhufeefis aannan kan kennu ta’uusaa ibsa. Odaan qoree of-irraa hin qabu. Kunimmoo sabni Oromoo hammeenya kan hin beekneefi nagaa kan barbaadu ta’uusaa agarsiisa. Akkasumas, bakka odaan jirutti maddi bishaanii hindhabamu. Kunis, Oromoon jiidhinsa qabaachuusaafi jiidhaa jaalachuu isaa agarsiisa. Kanaaf, waaqeffattootni amantaa waaqeffannaa odaa mallattoo taasifatan.

### 4.7.2 Kallacha

Kallachi ulfaa guddaa waaqeffattootni waaqaa gaditti safeeffatuufi sodaatudha. Waaqeffattootni kallacha fuuldura hin dhaabbatan, fuulduratti hin soban, fuuldurratti yoo kadhataman hin didan. Kallachi dhimma nagaafi araaraaf nibaha. Yeroo lolli gosa gidduutti hammaatu, yeroo namni wal ajjeesee gumaa baasan, kallacha bobbaasanii jennaan araarri nibu'a. Hongeen hammaates kallacha malkaafi tulluuti baasanii waaqa ittiin kadhatu. Walumaagalatti, akka ilaalcha waaqeffattootatti kallachi humna waaqaa waan ta'eef, kallachaan kadhatamnaan gonkumaa hin didu.

### 4.7.3 Bokkuu

Bokkuun mallattoo aangooti. Nikabajama malee akka kallachaa hinsodaatamu. Bokkuun walqixxummaa dhiiraafi dubartii kan ibsuudha. Bokkuun gara mataatii yookiin gubbaatiin mallattoo saala dhiiraa qaba. Gara jalaatiin immoo mallattoo saala dubaraa bakka bu'a. Kunis, akka ilaalcha amantii waaqeffannaatti walqixxummaa dhiiraafi dubaraa kan agarsiisuudha.

### 4.7.4 Caaccuu

Caaccuun ulfaa faaya dubartii Oromoo kan gogaa goromsaa irraa tolfameefi elelleen diramee kan tolfameedha. Elellaan qaama hormaata dubartii yommuu ibsu, hiikni isaas hawwiifi fedhii hormaatati; kana waan ta'eef dubartootan baatama; safeeffatama. Caaccuun eebbaf malee abaarsaaf hin bahu. Dubartootni caaccuu hidhatanii siiqqee qabatanii araara, nagaa, rooba, fayyaa, hormaataafi kkf nuu kenni jedhanii waaqa kadhatu. Kanaafuu, akka ilaalcha waaqeffattootatti, caaccuun mallattoo araarati. Haati caaccuu siiqqee waliin qabattee waraana gidduu yoo seente waraanni nidhaabbata.

### 4.7.5 Coqorsa (Marga Jiidhaa)

Akka amantaa waaqeffannaatti, coqorsi mallattoo ayyaana gaarii, nagaa, araara, jiidha, hawwiifi carraa gaariiti. "As stated earlier, 'Coqorsaa' a type of grass wich may not dry in the dry season and its root is long stretched on the ground. Hence, its greenness symbolizes prosperity on the one hand. On the other hand, its length is interpreted as a sign of continuity of generation," jechuun kaa'a. (Mulugeetaa, 2014:167)

Coqorsi akka gosa marga biraa hin gogu; waggaa guutuu gannaafi bona ni lalisa. Kanaaf, waaqeffattootni gaafa irreechaafi ayyaana duudhaa Oromoo adda addaa irratti coqorsa qabatanii akka coqorsa kanaatti bonaafi ganna nu jiisi, nuuf toli, lalisaa nu taasisi, jedhanii waaqa isaanii ittiin galateeffachuufi kadhachuun waaqeffatu.

## 4.8 Jijjiiramaafi Itti fufiinsa Amantii Waaqeffannaa Galmaa

Afgaaffii, Amantaan Waaqeffannaa galmaa nijira moo bade? Raawwiin amantaa waaqeffannaa galmaa yeroo ammaa kana sadarkaa maalirra jira? jedhuuf od-himtootni akkana jechuun dubbatu: Obbo Yaamii Hawaas 24/10/2013, Amantiin kun yeroo ammaa kana nuuf deebi'a jira. Sirnoota darban keessa sadarkaa badiinsaarra gahee kan ture yeroo ammaa garuu jijjiirama guddaa fidaa jira. Amantiin waaqeffannaa durallee nigaadi'ame malee hin banne. Gaafa dhugaan Oromoo, aadaan Oromoo, seenaan Oromoo, duudhaan Oromoofi safuun Oromoo gale; amantiiin waaqeffannaatis inuma deebi'ee gala. Waaqeffannaan ni dhokate malee hin banne; kan gaadi'ame waan dhalli namaa waaqeffannaa dhiisee waan dhibiin buluujalqabeefi. Waan dhibiitti, waafoo yoohiin waaqa tolfametti of kenneefi waan dhibii ofitti aanfatee jiraachuu waan mararfateefi. Yeroo kana aadaa maleen warra itti seente aadaan warraa harkaa baatee jirti.

Aadaa maleen amantii dur hin turre, kan aadaa oromoo ganamaa wajjiin hidhata hin qabne amantii alagaati. Kana jechuun gaafa amantiin alagaa jiruufi jireenya Oromoo keessa seenuu jalqabe sana amantiin waaqeffannaan immoo Oromoo dhiisee bahe. Yeroo ammaa garuu galatni kan waaqa tokkichaafi namoota barataniif haata'u malee amantaan waaqeffannaa deebi'ee nuuf galee jira. Hunda caalaa immoo dhaloonni boodaa sirriitti hubatanii guddisuuf kaka'anii jiru. Haala durii faana walbira qabnee yoo madaallu sadarkaan amma irra jiru fooyya'adha.

Obbo Hirkoo Abarraa 24/10/2013 yaaduma kana yemmuu ibsan, Waaqeffannaan warra amantii dhibii fudhatan dhiisee haa bahu malee, hin banne; warra waaqa ganamaan bulaniifi waaqa tokkicha ofitti aanfatan keessatti dhokate. Kanaaf, waaqeffataan maal taanan gaaadi'ame? Sababa ni qaba.Kunis, cubbuun waan lafa dhaaleef, qaroom-cubbuun waan lafa dhaaleef, waan jiruufi jireenya Oromoo dhuunfateefi. Qaroom-cubbuun waan ta'uu hin malle, garuu dhala namaatiin waan ta'ee argameedha. Amantiin waaqeffannaa galmaa ni jira malee hin banne. Yeroo ammaa kanas haala gaariidhaan galmoota iddoo adda addaatti ijaarrachuun babal'achuu irratti argama. Gara fuulduraattis kana caalaa daran cimaafi bal'achaa akka deemu shakkiin hin jiru.

# BOQONNAA SHAN: GOOLABA, ARGANNOOFI YABOO

## 5.1 Goolaba

Kaayyoon waliigala qorannoo kanaa adeemsa raawwii amantaa waaqeffannaa galmaa uummata Oromoo Godina Shawaa Bahaa Aanaa Boosat irratti xiyyeeffata. Qorannoo waa‘ee adeemsa raawwii amantaa waaqeffannaa galmaa jedhurratti adeemsa raawwii, haala raawwii isaa, hirmaattota isaa, yoomessa raawwii isaa, haala yookiin sadarkaa amma irra jiru, akkasumas eebbawwaniifi faaruwwan achi keessatti argaman ergaan isaanii sakatta‘amuun xiinxalamanii jiru. Dabalataanis, faayidaa raawwii amantaa galmaa kanaafi ilaalchi uummata bira jiru akkasumas, wantoota dhiibbaa irraan ga‘aniifi sadarkaa inni amma irra jiruufi gara fuulduraatti rakkoo qunnamuu danda‘u raagamuufi yaanni furmaataas kaa‘amanii jiru. Itti dabalees, yeroo ammaa kana wantoota amantaa waaqeffannaa galmaa duubatti harkisan, guddinniifi dagaaginni isaa qixa barbaadamuun akka hin deemne maaltu gufuu itti ta’e kan jedhamanis xiinxalamanii jiru. Qorannoo kana galmaan ga‘uuf malleen odeeffannoon ittiin sassaabaman afgaaffii, marii gareefi daawwannaatti fayyadamuun odeeffannoon funaanamee haala wal fakkaatuun walitti qindeeffamuun qaaccceffamee jira. Namoota waa‘ee raawwii amantaa waaqeffannaa beekan hirmaattotaafi maanguddoota (jaarsolii) tooftaa mala darbaa dabarsaafi akkayyootiin filataman irraa odeeffannoon funaanamee jira. Odeeffannoowwan funaanaman kunneenis qaaccessuun hiikni itti kennamee jira. Odeeffannoowwan od-kennitootarraa argamanii qaacceffaman bu‘uureffachuun argannoowwan armaan gadii argamanii jiru.

## 5.2 Argannoo

Adeemsa Raawwii Amantaa Waaqeffannaa Galmaa hawaasa Oromoo Godina Shawaa Bahaa Aanaa Boosat irratti xiyyeeffachuun ragaa qoratichi od-kennitoota isaarraa akkasumas maddeen adda addaa irraa walitti qabate boqonnaa arfaffaa jalatti erga xinxaalamee hiikni itti kennameen booda yaanni akka argannootti wanti qoratichaan bira gahame akka armaan gadiitti tarreeffamanii jiru.

- ✓ Adeemsi raawwii amantaa waaqeffannaa galmaa kan hawaasa Oromoo Godina Shawaa Bahaa Aanaa Boosat kun adeemsa mataa isaa niqaba.
- ✓ Hawaasa Oromoo Aanaa Boosat biratti adeemsi raawwii amantaa waaqeffannaa galmaa yeroofi safuu hawaasichaa eegee kan raawwatamuudha.

- ✓ Adeemsa amantaa waaqeffannaa galmaa aanaa Boosat keessatti qooda fudhattoonni/ hirmaattoonni baay'inaan dargaggoota ta'uu isaanii bira gahamee jira.
- ✓ Hawaasa Oromoo Boosat biratti sagantaan raawwii amantaa waaqeffannaa galmaa dhaabbataadhan torbanitti yeroo lama guyyaa Dilbaataa ganamaafi guyyaa Jimaataa galgala kan waaqeffatamu yookiin gaggeeffamuudha.
- ✓ Adeemsi raawwii amantaa waaqeffannaa galmaa Aanaa Boosat hawaasa Aanaa Boosatiif faayidaa gama siyaasa, diinagdeefi hawaasummaa cimsuutiin gahee akka qabu hubachuun danda'amee jira.
- ✓ Raawwiin amantaa waaqeffannaa galmaa akka baduuf dhiibbaan gara garaa irratti raawwatamaa turullee osoo hinbadin gaadi'amee Oromoota warra waaqa ganamaan bulaniifi waaqa tokkicha ofitti aanfatan keessa dhokatee har'a gahuu danda'ee jira.
- ✓ Raawwiin amantaa waaqeffannaa galmaa hawaasa Oromoo Godina Shawaa Bahaa Aanaa Boosat dagatamaa adeemuuf sababni dhiibbaa siyaasaa duraan biyyicha keessa tureefi babal'ina amantiifi ammayyummaa ta'uun isaa adda bahee jira.
- ✓ Hawaasa Oromoo Aanaa Boosat biratti adeemsi raawwii amantaa waaqeffannaa galmaa kun dhiibbaa siyaasaafi diingdeetiin akka hin guddanne ta'ee jira.
- ✓ Haalli adeemsa raawwii amantaa waaqeffannaa galmaa Aanaa Boosat yeroo ammaa kanatti sadarkaa guddina gaarii irra kan jiruufi abdii kan namatti horu ta'uu isaa qorannoon kun bira gahuu danda'ee jira.

## 5.3. Yaboo

Amantiin uummanni tokko kan ittiin uumaafi uumama, akkasumas jireenya ilaalu, hubatu, abdii dhugeeffatee ittiin kan jiraatudha. Amantiin tokko amantiidha jedhamee kan waamamuu danda'u yoo hordoftoota qabaatedha. Amantiin kan hordoftootni amantichaa jireenyaafi naannoo isaanii ilaalaniifi ittiin abboomaniidha. Akka seenaa irraa hubachuun danda'amutti angafni amantiiwwan hundaa amantii waaqeffannaati. Waaqeffannaan amantii waaqa tokkichatti amanuufi aanfachuuti. Hawaasni Oromoo Godina shawaa Bahaa Aanaa Boosat gama adeemsa raawwii amantaa waaqeffannaa galmaatiin eenyummaafi falaasama Uummata Oromoo gadi fageenyaan ibsan kana haala tolaafi hamaa keessattii osoo hin dagatin itti dhimmee rakkoofi gidiraan qaamolee adda addaarraa isa qunnamaa tureef osoo hinjilbiiffatin dhaloota ammaa kana biraan gaheera. Raawwiin amantaa waaqeffannaa galmaa aadaa, eenyummaa, seenaafi ilaalcha saba Oromoo ibsa waan ta'eef, isa kana kunuunsuun dhalootaaf dabarsuun barbaachisaadha.

Kanaafuu, adeemsa raawwii amantaa waaqeffannaa galmaa kana itti fufsiisuuf; hawaasa Oromoo Godina Shawaa Bahaa Aanaa Boosat eenyummaa isaanii kan ibsu, duudhaa amantaa waaqeffannaa sirriitti kunuunfachuuf carraaquu qabu. Namoota duudhaa amantaa waaqeffannaa kanaan beekkaman ilaalcha addaa isaaniif qabaachuun dhiifamee deeggarsi barbaachisu taasifamuufi qaba. Namoonni duudhaa amantaa waaqeffannaa kana beekan, namoota hinbeekne barsiisanii amantaa kanarratti hubannoo kan hinqabne hubatee itti fayyadamuun hawaasa bal'aa biraan gahuun, amantaa waaqeffannaa guddisuun barbaachisaadha.

Amantiin waaqeffannaa haala qabatama Godina shawaa Bahaa Aanaa Boosat kun eenyummaa, safuu, duudhaafi aadaa hawaasichaa baatee dhalootarraa dhalootatti waan dabarsuuf akka hinquucarreefi hinbadne sabni Oromoo kunuunfachuu qabu. Walumaagalatti,

- Amantiin kun adeemsa keessa sesseelachaa dhufus osoo hinbadin har'a gahee jira. Amantiin waaqeffannaa yeroo ammaa kana ifatti bahaa, hordoftoonni amantichaas /waaqeffattoonni/ ifaan waaqeffachuurratti argamu. Amantiin kun yeroodhaa gara yerootti babal'achaa akka deemu yoo barbaadame amanticha barsiisuufi hubannoo namootaa cimsuun dirqama ol'aanaa maatii amantichaa irraa eeggamudha.
- Dhimmootni amantii waaqeffannaa galmaa keessatti ijoo ta'aniifi dhugaan waa'ee waaqeffannaa ibsamee jira. Waaqeffannaa keessatti wanti duuchadhumatti fudhatanii ittiin qajeelfaman seera uumaati. Hordoftoonni amantichaa dhimma amantaa waaqeffannaa gadifageenyaan sakatta'uun hubatee akka amanu gorsa. Kanaafuu, Oromoonni aadaa waldhageeffachuufi walsafeeffachuu isaanitti fayyadamuun waa'ee amantii isaanii walbarsiisuu, isa dogoggore karaatti deebisuu, angafoota dhageeffachuu, waaqaaf abboomamuun karaa qajeelaa irra deemuu qabu.
- Maatiin yookiin waaqeffattootni amantii waaqeffannaa haala bu'uuraafi dhugaa amantichaa irratti hundaa'uun waa'ee waaqeffannaa barsiisuu, hubannoo uumuufi gumii waaqeffannaa hundeessuun, fiixaan bahiinsa isaaf waan irraa eeggamu hunda bahuufi ciminaan hojjechuu qabu.
- Hawaasni Oromoo Aanaa Boosat aadaafi duudhaa gaarii miidhagaa eenyummaa isaa calaqqisiisu kana itti fufsiisuuf deebisee lubbuu isaa itti horuuf ijoollee isaa dhalataa egeree, adeemsa raawwii amantaa waaqeffannaa galmaa kana akka beekaanii kunuunsan barsiisuufi dhaalchisuu qabu.

- Amantaan waaqeffannaa galmaa, duudhaa hawaasa Oromoo Aanaa Boosat kan ibsu ta'ee eenyummaa hawaasichaa ibsuuf illee gahee qaba. Kanaaf, namootni eenyummaa isaanii beekan akka jajjabeeffaman; kanneen hin beekne immoo akka baratanii hubannoo horataniif barsiifamuufi gorfamuu qabu.
- Duudhaalee hawaasa Oromoo keessaa amantaan waaqeffannaa galmaa isa tokkoodha. Duudhaa ganamaa kana Waajjirri Aadaafi Turizimii Aanaa Boosat xiyyeeffaannoo itti kennuun hordoftoota amantii waaqeffannaaf iddoo ijaarsa galmaa kennuufi wantoota barbaachisaniin cinaa dhaabbachuu qaba.
- Uummanni Oromoo eenyummaan, duudhaan, aadaan, afaaniifi seenaan isaa wantoota adda addaatiin akka jalaa hinliqimfamneefi guddifachuu akka danda'uuf, Waajjirri Aadaafi Turizimii Aanaa Boosat haala mijataa uumuun deeggaruu qaba.
- Walumaagalatti, dhaloonni amma jiru kun waa‘ee duudhaa kanaa dhaloota egereef bu‘aa gaarii buusuun kan abbootiin keenya utuu hin baratiin afoolaan asiin ga‘an kana gadifageenyaan qorachuun barreeffamaan kaa‘ee, barsiisuun dirqama isaa akka ta‘e beekee qorannoo adda addaa irratti gaggeessuun hawaasaaf ibsuu qaba.

# Wabiilee


Addunyaa Barkeessaa.(2014). Seemmoo Bu'uura barnootaa afaaniifi Afoola Oromoo: printed by Far East Trading plc.

Alamaayyoofi Kaawwan. (1998). Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa. Finfinnee: Mana Maxxansa Biraaninnaa Salaam.

Anderzejewki, B.W. (1985). Literature in Cushitic Languagees other than Somali in literature in African language. Cambrige University press.

Bascom, W.R. (1965). Four Functions of Folklore, in Dundes. A. (1996). The study of folklore. Berkeley: printice-Hall, Inc.

Ben-Amos, D. (1975). Folklore in African Society.

Dastaa Dassaalenyi. (2002). Bu'uura Qorannoo. Finfinnee dhaabbata maxxansa Boolee.

Dirribi Damissee. (2014). Seenaa Eenyummaa Oromoo. Finfinnee.

______________. (2016).Ilaalcha Oromoo.Barroo Aadaa, Seenaafi Amantaa Oromoo: Finfinnee. (Gulaala arfaffaa).

Dorson.R. (1972). Folklore and Folklife. (Edn). Chicago: University press.

Dundes, A. (1965). The Study of Folklore.Berkely: prentice-hall. Inc.

Filee Jaallataa. (2015). Beekumtaa Oromoo (Oromo Folklore): Keyline printing.

Finnegan .R. (1977).Oral Literature in Africa. Nairobi: Oxford University press.

Getaachoo Hundee. (2008). Xiinxala Qabiyyee Faaruu Waaqeffannaa Jorgaa.Yuunivarsiitii Wallaggaatti Waraqaa qorannoo Digrii lammaffaa (Kan hin maxxanfamin).

Gumii Waaqeffannaa Oromoo Norway. (6411). Yaayyaa: Amantiifi eenyummaa.

Imaanaa Bayyanaa. (2007). Qaaccessa Qabiyyee Faaruu Amantii Duudhaa Oromoo. Qorannoo Digrii lammaffaa (Kan hin maxxanfamin).

Lambert Bartles. (1983). Oromo Religion: Myths and Rite of the Western Oromo Ethiopia. Berlin Dietrich Reinner.

Leellisaa Zamaduu. (2015).Hubannoo Oromoof.Sirna Gadaa, Amantiifi Seenaa Oromoo. Finfinnee: Elleni P.P.PLC.

Maammoo Gadaa. (2009). Duudhaa. Oromiyaa: Finfinnee.

Mulugeta Negassa. (2014). Documentation and Analysis of Ritual Performances of 'Sera Gada' among the Karrayyu Oromo. Addis Ababa University PhD Dissertation.

Nugusee Iddeessaa. (2009). Qaaccessa sirna waaqeffannaafi Fayyadama Afaanii Warra kallachaallee: Godina Shawaa Lixaa Aanaa Daannoo. Yuunivarsiitii Addis Ababaatti Waraqaa qorannoo Digrii Lammaffaa (Kan hin maxxanfamin).

Nunan, D. (1992). Research Method in Language Learning. Cambridge: Cambridge University.

Okpewho, Isidore, (1992). Africa Oral Literature: Back ground, character and continuity Bloomington and Indiana polis: Indian University press.

Raayyaa Haroo. (2008). Waaqeffannaa.Finfinnee: Africa printing PLC.

Sarantakos, S. (2005). Social Research: Beljing Palgare Macmillan Ltd.

Tacaanee Alii. (2011). Xiinxala Haala Raawwii Duudhaalee Amantii Waaqeffannaa Godina Shawaa Bahaa Aanaa Warra Jaarsoo irratti xiyyeeffate. Qorannoo Digrii Lammaffaa (Kan hin maxxafamin).

Tafarii Nugusee. (2006). Development of Oromo Literature up to 1991 M.A. Thesis Addis Abeba University.

WDAO. (2006). Daaniyaa: Finfinnee, Oromiyaa. Commercial Printing Enter prise.

**ያለው እንዳወቅ** (2001) **የምርምር መሠረታዊ መርሆች እና አተገባበር።** **ሁለተኛ እትም አዲስ አበባ ፣ ንግድ ማተሚያ ደርጅት።**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**KOOLLEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA**

**JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO,**

**OGBARRUUFI FOOKILORII**

# Dabalee A

**Afgaaffii**

Kabajamtootaafi jaalatamtoota hirmaattota afgaaffii kanaa ani maqaan koo Nagawoo Isheetuu Badhaanee yoo jedhamu, mata duree qoranno "Adeemsa Raawwii Amantaa Waaqeffannaa Galmaa Godina Shawaa Bahaa Aanaa Boosat," jedhurratti qorannoo waanan hojjedhuuf yaadni isin naaf gumaachitan bu'uura ijaarsa hojii qorannoo kanaa waan ta'eef ibsa keessaniif bakka guddaa akka kennitan kabajaanan isin gaafadha. Heyyamamoo taatanii argamuu keessaniif immoo baay'ee galatoomaa! Itti aansee qorannoon kun dhiibbaa (rakkoo) tokkollee isin irraan kan hingeenye ta'uu isaa waadaa isiniif gala. Yaadaafi hubannoo qabdan shakkiifi sodaa tokko malee akka naaf gumaachitan jechaa, deebiin isin naaf kennitan dhimma qorannoo kana qofaaf kan oolu waan ta'eef amanamummaadhaan deebii sirrii akka naaf laattan kabajaanan isin gaafadha.

**A.** Odeeffannoo Dhuunfaa

Maqaa------------------------ Saala: Dhiira------ Dubara------ Umrii------ Ganda-------------
Guyyaa------------------ Gahee Hojii-------------------- Sadarkaa Barnootaa-------------------

**B. Afgaaffii Qophaa'e**

1. Raawwiin amantaa waaqeffannaa galmaa adeemsa niqabaa?
   Eeyyee moo miti? Eeyyee yoo jette, adeemsa isaarratti ibsa kenni.
2. Adeemsi raawwii amantaa waaqeffannaa galmaa yoom gaggeeffama?
   Galgala moo ganama? Torbee keessatti guyyoota meeqa raawwatama?
   Guyyaan yookiin guyyoonni sun hoo?
3. Hirmaattotni raawwii amantaa waaqeffannaa galmaa eenyu fa'a?
   Dhiira moo dubara? Jaarsota moo Dargaggoota?
4. Jiruufi jireenya hawaasaa keessatti faayidaan raawwiin amantaa waaqeffannaa galmaa qabu nijiraa? Yoo jiraate ibsi.
5. Akka aanaa Boosattitti ilaalchi hawaasni aanichaa amantaa waaqeffannaa galmaatiif qaban maali? Ilaalcha gaarii moo ilaalcha gadhee qabuuf? Ibsa kenni.
6. Wantootni guddina amantii waaqeffannaa irratti gufuu ta'an nijiruu? Yoo jiraate ibsi.
7. Raawwiin amantaa waaqeffannaa galmaa yeroo ammaa sadarkaa maalirra jira?
   Bade moo nijira? Ibsa kenni.
   Dhumarratti, asitti argamtanii yeroo keessan aarsaa gochuun gaaffii dhiyaateef deebii naaf kennuu keessaniif ulfaadhaa!

# Dabalee B

**Maqaa namoota odeeffannoon irraa funaanamee**

| T/L | Maqaa himaattotaa | Koorniyaa | Umrii | Ganda | Gahee hojii | Gosa odeeffannoo | Guyyaa |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Hirphoo Daadhii | Dhiira | 46 | Garrii | Barsiisaa amantii waaqeffannaa | • Amantii<br>• Waaqeffannaa<br>• Adeeemsa raawwiisaa | 08/09/2013 |
| 2 | Magarsaa Girmaa | Dhiira | 54 | Borcataa | Qote bulaa | Haala waaqeffaannaan irra jiru | 08/09/2013 |
| 3 | Eebbisaa Hayiluu | Dhiira | 48 | Olancitii | Hayyuu amantii waaqeffannaa | • Amantii<br>• Waaqeffannaa<br>• Adeemsa raawwiisaa | 15/09/2013 |
| 4 | Raggaasaa Jimaa | Dhiira | 62 | Olancitii | Qote bulaa | ▪ Waaqeffannaafi dhiibbaa irra gahe | 15/09/2013 |
| 5 | Boruu Bantee | Dhiira | 38 | Qaawwaa | Hojetaa mootummaa | • Gufuuwwan amantii waaqeffannaa | 1/10/2013 |
| 6 | Urgoo Badhaasoo | Dhalaa | 40 | Borcataa | Haadha Manaa | ▪ Safuu,cubbuufi dhugaa | 1/10/2013 |
| 7 | Dibaabee Lammaa | Dhalaa | 36 | Doonii | Haadha manaa | ▪ Waaqeffannaa<br>▪ Yoomessa isaa | 08/10/2013 |
| 8 | Caaltuu Miidhagsoo | Dhalaa | 20 | Oolancitii | Barattuu | Haala waaqeffaannaan irra jiru | 08/10/2013 |
| 9 | Yaamii Hawaas | Dhiira | 47 | Dhaddacha | Abbaa Gadaa | • Waaqeffannaafi<br>• faayidaasaa | 24/10/203 |
| 10 | Hirkoo Abarraa | Dhiira | 3o | Rukeecha | Hojetaa mootummaa | ▪ Waaqeffannaa<br>▪ Yoomessa isaa | 24/10/2013 |
| 11 | Dammmee Roobaa | Dhalaa | 56 | Daabee Solloqqee | Haadha manaa | • Duudhaa<br>• Waaqeffannaa | 18/8/2013 |
| 12 | Buttaa Taaddasaa | Dhiira | 48 | Qaawwa | Qote-bulaa | • Amantii<br>• Waaqa | 1/10/2013 |

# Dabalee C

**Odeeffannoowwan Afee yeroo raawwii waaqeffannaa galmaa argame**

**Afee 1:** Eebba yeroo raawwii amantaa waaqeffannaa Galma keessatti eebbifamu.

Hayyee! Hayyee! Hayyee!
Waaqa uumaa, waaqa uumamaa,
Waaqa burqaa walaabuu
Waaqa sagaltama garbaa
Waaqa salgan Booranaa
Waaqa turban Baaarentummaa
Waaqa ciiccoo gurraattii
Gurraacha garaa garbaa, leemmoo garaa talilaa
Waaqa caffee tumaa
Waaqa shanan Gadaa
Nagaan nu oolchitee
Nagaan nu bulchi
Daafii galtee nu baasi
Irraa gora nu oolchi
Dogoggora nu oolchi
Uumaa kadhannaa nu haadhagahu
Waaqni hamaa nurraa haa qabu
Tolaa nutti haaqabu
Xinnaan haaguddatu
Guddaan haa bulu
Wallaalaan haabeeku
Beekaan haabulu
Kormi cirri haata'u
Rimaan haphee haata'u
Rooba nagaa haa roobu
Qilleensa hamaa nurraa haaqabu

Gadaan roobaa nagaa

Barri quufaa gabbina

(Gabbisi Waaq)

**Afee 2:** Jeekkarsa Amantaa Waaqeffannaa Galmaa

| <u>Kan jeekkaru</u> | <u>Hirmaattoota</u> |
|---|---|
| Yaa waaqi nagaan bultee | Bulle bultee |
| Siifuu nagumaan bullee | Siifuu nagumaan bullee |
| Yaa leemmiyyoo | Yaa leemmiyyoo |
| Kan urjii kumaa | |
| Kan waaman sumaa | Siifuu nagumaan bullee |
| Yaa leemmiyyoo | Yaa leemmiyyoo |
| Ceekaan baalumaa | |
| Beekan waaqumaa | Siifuu nagumaan bullee |
| Yaa leemmiyyoo | Yaa leemmiyyoo |
| Waaqni roobee lolasee | |
| Nadhii dhimmisee | Siifuu nagumaan bullee |
| Yaa leemmiyyoo | Yaa leemmiyyoo |
| | |
| Yaa waaqi jirra jirtaahee | Jirra jirtaahee |
| Siifuu nagumaan jirraa | Siifuu nagumaan jirraa |
| Kan hundaan irraa | Kan hundaan irraa |
| Kan urjiin kumaa | |
| Kan waaman sumaa | Siifuu nagumaa jirraa |
| Yaa leemmiyyoo | Kan hundaan irraa |
| Ceekaan baalumaa | |
| Beekan waaqumaa | Siifuu nagumaan jirra |
| Yaa leemmiyyoo | Kan hundaan irraa |

**Afee: 3**

| | |
|---|---|
| Gurraacha leemmoo rooba taliilaa | Gurraacha leemmoo rooba taliilaa |
| Hiriyaa kiyyaa bareeda kiyyaa | Hiriyaa kiyyaa bareeda kiyyaa |

Kan urjiin kumaa
Kan waaman sumaa
Yaa leemmiyyoo
Ceekaan baalumaa
Beekan waaqumaa
Yaa leemmiyyoo
Waaqni roobee lolaasee
Nadhii dhimmisee
Yaa leemmiyyoo
Gurraacha leemmoo rooba taliilaa
Uummanni dhugaa hinbeeku simalee
Kan urjiin kumaa
Kan waaman sumaa
Yaa leemmiyyoo
Ceekan baalumaa
Beekan waaqumaa
Yaa Leemmiyyoo

Gurraacha leemmoo rooba taliilaa
Hiriyaa kiyyaa bareeda kiyyaa

Gurraacha leemmoo rooba taliilaa
Hiriyaa kiyyaa bareeda kiyyaa

Gurraacha leemmoo rooba taliilaa
Hiriyaa kiyyaa bareeda kiyyaa
Gurraacha leemmoo rooba taliilaa
Uummanni dhugaa hinbeeku simalee

Gurraacha leemmoo rooba taliilaa
Uummanni dhugaa hinbeeku simalee

Gurraacha leemmoo rooba taliilaa
Uummanni dhugaa hinbeeku simalee

# Dabalee D

## Suurawwan Od-kennitoota Qorannichaa



Suuraa Aadde Urgoo Badhaasoo

Iddoon: Galma waaqeffannaa Boosat

08/10/2014



Suuraa Aadde Dammee Roobaa

Iddoon: mana jireenya isheetti

18/08/2014



Suuraa obbo Yaamii Hawas

Iddoon: Qe’ee isaatti-24/10/2013



Suuraa obbo Raggaasaa Jimaa

Iddoon: Qe’ee isaatti- 15/09/2013





Suuraa obbo Buttaa Taaddasaa

Iddoon: Naannoo qe'ee isaatti

01/10/2013

Suuraa obbo Eebbisaa Hayiluu

Iddoon: Galma Boosatitti

15/09/2013





Suuraa obbo Hirkoo Abarraa, Boruu Banteefi Hirphoo Daadhii- Galma Boosatitti 8/9/2013

Suuraa obbo Magarsaa Girmaa Naannoo mana isaatti 24/10/2013




Galma Amantii Waaqeffannaa Boosat-Magaalaa Olancitii 15/8/2013




Barreeffama Iddoo Galma Boosat ibsu-Magaalaa Olancitii 15/8/2013

## Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uu, kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hindhiyaanne ta'uufi wabiilee qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadame hunda wabii keessa kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa Nagawo Isheetuu

Mallattoo ______________

Guyyaa ________________

Guyyaa ____________________